

Inistiitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa



QAJEELFAMA ADABBII ITIYOOPHIYAA

Moojulii Leenjii Hojii Irraa fi Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e

Qopheessitoonni: Obbo Milkii Makuriyaa
Obbo Xaafaa Dachaasaa

Gulaaltonni: Obbo Sulxaan Abdoo
Obbo Zawduu Mulugeetaa
Obbo Eliyaas Kaasaa

ILQSO, Adaamaa
Caamsaa, 2015

Baafata

SEENSA WALIIGALAA	1
BOQONNAA TOKKO	3
ADABBII AKKA WALIIGALAATTI.....	3
1.1. Maalummaa Adabbii	3
1.2. Kaayyoowwan Adabbii Yakkaa	5
1.3. Qajeeltoowwan Adabbii (Principles of Punishment)	8
1.4. Uwwisa Imaammataa fi Seeraa Kenniinsa Murtii Adabbii	11
BOQONNAA LAMA.....	14
ADABBII YAKKAA FI TARKAANFIIWWAN BIROO	14
2.1. Gosoota Adabbii Seera Yakkaa Itoophiyaa Jalatti Hammataman	15
2.1.1. Adabbii Ijoo	15
2.1.2. Adabbiilee Dabalataa.....	24
2.1.3. Tarkaanffiiwwan Biroo	27
BOQONNAA SADII.....	31
ADEEMSA MURTEESSA ADABBII YAKKOOTAA SADARKAA FI GULANTAAN BAHEEFI FI HINBAHINIIFII	31
1.1. Yaadrimeewwan Ijoo Murteessa Adabbii Keessatti Hubatamuu Qaban	31
1.2. Adeemsa Murteessa Adabbii Yakkoota Sadarkaa Fi Gulantaan Baheefi	32
1.2.1. Sadarkaa Yakkaa Baasuu	33
1.2.2. Gulantaa Ka’uumsa Adabbii Adda Baasuu	35
1.2.3. Hidhaa Salphaa Fi Hidhaa Cimaa Keessaa Filachuu	35
1.2.4. Adabbii Ka’uumsaa Murteessuu	36
1.2.5. Sababa Adabbii Cimsu Addaa Gargaaramuun Gulantaa Irra Gahu Murteessuu.....	37
1.2.6. Sababa Adabbii Cimsu Waliigalaa Gargaaramuun Adabbii Murteessuu	39
1.2.7. Sababa Adabbii Salphisu Waliigalaa Gargaaramuun Adabbii Murteessuu.....	40
1.2.8. Sababoota Addaa Adabbii Salphisaa Gargaaramuun Adabbii Salphisuu.....	41
1.3. Adeemsa Murteessa Adabbii Yakkoota Sadarkaa fi Gulantaan Hin Baaneefi.....	45
1.3.1. Adabbiin Hidhaa Salphaafi Cimaa Yeroo Jiraatu Keessaa Tokko Filachuu	45
1.3.2. Sadarkaa Yakkichaa Murteessuu.....	46
1.3.3. Adabbii Ka’uumsaa Murteessuu	47
1.3.4. Gulantaa Ka’uumsaa Yakkichaa Miiltoo Iffaa Irraa Adda Baasuu	48

1.3.5.	Sababoota Adabbii Cimsanii Fi Salphisan Fayyadamuu	48
1.4.	Adabbii Bu’uura Seera Yakkaa Keewwata 179 tiin Salphisuu	51
1.4.1.	Raawattoota Yakkaa Dargaggoota Waggaa 15 ol Waggaa 18 Gadi Ta’anii	53
1.4.2.	Yakki Sadarkaa Yaalii Irratti Hafuu	53
1.4.3.	Dhiisuu fi Gaabbuu, Kakaasuu fi Miiltummaa	54
1.4.4.	Chaappawwan, Tambeerota, Mallattoolee, Madaalotaafi Safartuulee Beekamoo Sobatti Jijjiiruu Baay’ee Salphaa Ta’e	56
1.4.5.	Yakkoota Kabajaa Tuquu Keessatti Jecha Kaasuufi Gaabbuu	57
1.5.	Adabbii Maallaqaa Murteessuu	61
1.6.	Qajeelfama Adabbiin Ala Bahuun Haala Adabbiin Itti Murtaa’u	66
1.7.	Dhagaha Yaada Adabbii	67
BOQONNAA AFUR		70
ADABBII YAKKOOTA DADDABALAMAA FI IRRA DEDDEEBII MURTEESSUU		70
4.1.	Adabbii Yakkoota Daddabalamaa	70
4.2.	Adabbii Yakka Irra Deddeebii Murteessuu	88
MADDAWWAN WABII		93

Gabaajee fi Kottoonfachiisaa

ILQSO	Inistitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa
DhIMMWF	Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa
DhIMMWO	Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
MMA	Mana Murtii Aanaa
MMO	Mana Murtii Ol'aanaa
MMWF	Mana Murtii Waliigala Federaalaa
MMWO	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
MMWODhB	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Bahaa
MMWODhGG	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa
MSDF	Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa
HMFDRI	Heera Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Ripaabiliika Itiyoophiyaa
RDFI	Ripaabiliika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa
A/Alangaa	Abbaa Alangaa
LG	Lakkoofsa Galmee
Fkn	Fakkeenya
Ykn	Yookiin
Kwt	Keewwata

SEENSA WALIIGALAA

Adabbiin yakkamtoota irratti murtaa’u bulchiinsa sirna haqa yakkaa biyya tokkoo keessatti bakka ol’aanaa kan qabu akka ta’e ni beekama. Sababni isaas kenniinsi murtii adabbii gahuumsa hin qabu yoo ta’e; qorannoon yakkaa gaggeeffamu, himannaan yakkaa dhiyaatuu fi falmiin gaggeeffamu bu’aa hin argamsiisu. Kun immoo nageenya hawaasaa, tasgabbii siyaasaa fi guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti miidhaa mataa isaa kan hordofsiisu dha. Kana malees, murtiin adabbii mirga lubbuun jiraachuu lammiilee, mirga bilisummaa dhuunfaa, mirga qabeenyaa fi kkf waliin kallattiin kan walqabatu waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo fi ofeeggannoo guddaa barbaadu dha.¹

Seerri yakkaa hanga adabbii murtaa’u ilaalchisee abbootii seeraatiif aangoo adabbii murteessuu bal’aa kan dhiisu dha. Kunis yakka walfakkaataa ta’ee fi haalli raawwii isaa walfakkaatuuf adabbiin garagaraa akka murtaa’u kan taasisu dha. Rakkoo sirrummaa fi walfakkeenya dhabuu kenniinsa murtii adabbii bifa kanaan dhufu hambisuu fi xiqqeessuun akka danda’amu seerri yakkaa Itoophiyaa bara 1996 bahe keewwata 88/4/ jalatti Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Qajeelfama Adabbii akka baasu aangesseera. Bu’uruma kanaan bara 2002 keessa qajeelfamni adabbii lak. 1/2002 bahee erga itti hojjetamaa tureen booda; rakkoolee raawwii keessatti mudachaa turan irraa kan ka’e bara 2006 keessa qajeelfama lak. 2/2006 tiin fooyya’ee ittiin hojjetamaa jira. Hanqinni hubannoo qajeelfamiichaan walqabatee ogeeyyii biratti mul’atu qajeelfamiichi karaa bu’aa qabeessa ta’een hojiirra ooluu akka hin dandeenye kan taasisu dha. Seerri kun haala bu’a-qabeessa ta’een hojiirra hin oolle yoo ta’e fayidaa argamsiisu irra miidhaan hordofsiisu caaluu waan danda’uuf, qajeelfamicha irratti hubannoo walfakkaataa uumuun barbaachisaadha. Moojuliin leenjii kunis yaada kana giddu-galeessa godhatee kan qophaa’e dha.

Bu’uuruma kanaan moojulichi boqonnaawwan afuritti qoodamuun dhiyaateera. Boqonnaan tokkoffaan ‘adabbii akka waliigalaatti’ kan ilaallatu dha. Kutaa kana jalatti maalummaa, kaayyoowwanii fi qajeeltoowwan adabbii yakkaa ijoo ta’an agarsiisuuf yaalameera. Kana malees, akka biyya keenyaatti seerota kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatan kanneen ijoo ta’an

¹ Principles of Effective State Sentencing and Corrections Policy, A Report of the NCSL Sentencing and Corrections Work Group, 2011. <http://www.ncsl.org/research/civil-and-criminal-justice/principles-of-sentencing-and-corrections-policy.aspx> kan ilaalame 04/06/2023.

ibsamaniiru. Boqonnaan lammaffaan ‘adabbiiwwan yakkaa fi tarkaanfiiwwan biroo’ seera yakkaa keenya keessatti ibsaman gabaabbinaan kan dhiyeessuuf yaaleedha.

Boqonnaa sadaffaa jalatti adeemsa murteessa adabbii yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheefi fi hin baaneefii xiinxaluuf yaaleera. Kutaa kana jalatti haala adabbiin ka’uumsaa itti bahu, haala sababoota adabbii cimsanii fi salphisani waliigalaa fi addaa gargaaramuun adabbiin itti shallagamu agarsiisuuf yaalameera. Kana malees, haala adabbiin maallaqaa itti murtaa’u, haala qajeelfama adabbiin ala bahuun adabbiin itti murtaa’uu fi dhagaha yaada adabbii ilaalchisee qabxiilee ijoo ta’an agarsiifamaniiru. Boqonnaa afraffaa jalatti haala adabbiin yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii itti murtaa’u dhiyaateera.

BOQONNAA TOKKO

ADABBII AKKA WALIIGALAATTI

Seensa

Kenniinsi murtii adabbii sirna haqa yakkaa keessatti sadarkaa murteessaa fi dhimma of-eggannoo olaanaatin ilaalamu qabu dha. Sababni isaas murtiin adabbii lubbuu, bilisummaa fi diinagdee namoota dhuunfaa akkasumas dantaa hawaasa bal'aa, mootummaa fi miidhamaa dhuunfaa waliin hidhata guddaa kan qabu dha. Murtiin adabbii kennamu yakkamaa fi hawaasicha kan barsiisu ta'uu qaba. Manneen murtiis yakka raawwatamee fi haala himatamaa ilaalcha keessa galchuun adabbiiwwan gara garaa seeraan tumaman keessaa kan irra caala bu'a-qabeessa ta'uu danda'u filachuun murteessuuf itti-gaafatamummaa qabu. Gama biraatin murtiin adabbii kennamu kaayyoo fi galma seera yakkaa dhugoomsuu kan danda'u; qajeeltoowwan seera yakkaatiin hogganamuun, adeemsa seeraan techifame hordofuun sirrummaa fi walfakkaatina haala qabuun kennamuu yoo danda'e dha.

Boqonnaa kana keessatti murtii adabbii kennuu keessatti seerotnii fi tumaaleen seeraa murteessoo ta'an ni ilaalamu. Akkasumas maalummaan, kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii maal akka ta'an ni ilaalamu.

Leenjifamtotni dhuma boqonnaa kanaa booda:

- ✓ Gahee adabbiin sirna bulchiinsa haqa yakkaa keessatti qabu ni hubatu; ni ibsu;
- ✓ Adabbiin murtaa'u kaayyoo seera yakkaa haala galmaan gahuu danda'uun akka kennamu gochuu keessatti gahee isaan irraa eggamu adda ni baafatu; jijjirama ilaalcha ni fidu;
- ✓ Qajeeltoowwan murteessi adabbii ittiin gaggeeffamuu qabu adda ni baafatu; hojiirra oolmaa isaatiifis ni qophaa'u.

1.1. Maalummaa Adabbii

Adabbii jecha jedhuuf hiikkoon garagaraa yeroo kennamu ni mul'ata. Hiikkoowwan kunis garaa garummaa kan horatan yaadiddamawwan adabbii garagaraa jiran bu'uureffachuun kan kenname waan ta'eefi dha. Hiikkoowwan jiran keessaa tokko *'punishment is the imposition of hardship in*

response to misconduct' kan jedhu dha.² Bu'uura hiikkoo kanaatiin namni tokko waan balleessaa hojjeteef gochaan waan isaaf barbaachisu dhoowwachuu akka adabbiitti kan lakkaa'amu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Hiikkoon adabbiif kuusaa jechootaa 'Blacks' Law'n kenname kan itti aanu fakkaata.

*Any pain, penalty, suffering, or confinement inflicted upon a person by the authority of the law and the judgment and sentence of a court, for some crime or offense committed by him, or for his omission of a duty enjoined by law.*³

Akka hiikkoo kanaatti adabbiin tarkaanfii namni yakka raawwate tokko qabiinsa mijataa hin taanee keessa akka darbuuf qaama aangoo qabun fudhatamu dha. Innis bilisummaa isaa daangessuun yookin kara biraatiin ta'uu akka danda'u kan hubatamu dha.

Hayyuun Hal Hart kan jedhamu immoo:⁴

"Punishment must involve pain or other consequence normally considered unpleasant. It must be for an offence against legal rules, it must be of an actual or supposed offender for his offence, and it must be imposed and administered by authority constituted by a legal system against which the offence committed" jechuudhaan hiikee jira.

Akka hiikkoo kana irraas hubatamutti adabbiin gochaa nama tarkaanfichi irratti fudhatamutti miirri gaarii hin taane akka itti dhagahamu taasisu dha. Tarkaanfiin kunis qaama sirna seeraatiin aangeffameen kan fudhatamuu fi nama yakka raawwachuun isaa mirkanaa'e irratti adabbii seera ifa ta'een ibsame murteessuu kan ilaallatu dha.

Hiikkoon olitti adabbiif gama lamaaniinuu kennaman walfakkaataa akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Seera biyya keenyaa keessatti 'adabbii'f hiikkoon ifatti kenname yoo jiraachuu baatellee, tumaalee seera yakkaa gara garaa irraa yaadrimeen walfakkaataan haammatamuu kan hubatamudha.

² The free dictionary, Toora intarneetii <http://legal-dictionary.thefreedictionary.com/punishment> irraa gaafa 04/06/2023 kan fudhatame.

³ Blacks' Law dictionary, 9th Edition. Toora intarneetii Black's Law Dictionary, 9th [9th edition] 978-0-314-19949-2, 0314199497, 978-0-314-19950-8 - DOKUMEN.PUB irraa gaafa 04/06/2023 fudhatame.

⁴ H. L. A. Hart with Mr. Bean and Prof Flew, Punishment: Meaning, Characteristics and Objects, Toora Intarneetii <https://thelegalquotient.com/criminal-laws/criminal-jurisprudence/punishment/1138/> irraa gaafa 01/06/2023 kan fudhatame.

1.2. Kaayyoowwan Adabbii Yakkaa

Kaayyoowwan adabbii gurguddoon afuri dha. Isaan kunis: haaloo bahuu (retribution), haaromsa yakkamaa (rehabilitation), jiilchuu fi irraa akka baratamu gochuu (deterrence), fi dandeettii yakka raawwachuu dhabsiisuu (incapacitation) jedhamu.

a. Haaloo Bahuu (Retribution)

Kaayyoon adabbii kun namootni seera cabsan adabamuun isaaniif mala yaada jedhu kan qabu dha. Kaayyooleen adabbii hafan sadan garuu hawaasa yakka irraa tiksuu galma jedhu kan qabani dha. Haaloo bahuun kaayyoo adabbii jabana dur beekamu yoo ta’u, innis ilaalcha “nama ija balleesse ija balleessuu, nama ilkaan cabse ammoo ilkaan cabsuu” jedhu irraa kan madde dha. Kaayyoon adabbii inni guuddaan yakkamaa irratti haloo bahuu yoo ta’uu baatees fedhii hawaasaa hanga ta’e guutuun sirna haqaa yakkaa biyya tokkoo keessatti dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu dha. Sababni isaas ‘hawaasni yakkaan miidhaame tokko akka ofii miidhaametti yakkamaanis miidhaamee arguuf fedhii guddaa qaba’ kan jedhu dha. Fedhiin hawaasni gama kanaan qabu guutamu kan danda’u yakka salphaa ta’eef adabbii salphaa yakka cimaa ta’eef ammoo adabbii cimaa seera yakka keessatti tumuudhaani. ‘Kun ta’uu baannan uummatni sirna haqa yakkaa biyya tokkoo irratti amantaa hin qabaatu’ yaada jedhu of duubaa kan qabu dha.⁵

b. Haaromsa Sirreeffamaa (Rehabilitation)

Haaromsa sirreeffamaa (rehabilitation) kan xiyyeeffatu amala yakkamtootaa fooyyessuudhaan fulduratti yakka akka hin raawwatne gargaaruu irratti dha. Kaayyoon adabbii kun ilaalchaa fi amala badaa yakkamaan qabu sirreessuu fi barsiisuudhaan jijjiirama amalaa akka fiduuf kan hojjetu dha. Kunis yakkamaan yakkaa akka jibbuu fi lammii gaarii akka ta’u gochuu irratti kan xiyyeeffatu dha. Kana jechuun yakkamaan yakka yoon raawwadhe nan adabama sodaa jedhuun osoo hin taane yakka raawwachuun dogongora jedhee akka yaadu amansiisuuf kan kaayyeffate dha.⁶

c. Jiilchuu fi Akeekkachiisuu (Deterrence)

⁵Legal Punishment and its Justification, available at Stanford Encyclopedia of Philosophy, 7th ed. 2004 A.L.A

⁶Benn and Peters, “The Utilitarian Case for Deterrence,” p. 417

Jiilchuu fi akeekkachiisuu kan jedhu namni kamiyyuu yakka raawwachuun dura adabbii isarra gahu herreeguudhaan akka of-qusatu akka galmaatti kan qabate dha. Kaayyoon adabbii kun yakkamaan yakka raawwachuu irraa kan of qusatu gochi inni raawwachuu yaade seeraan kan isa gaafachisu ta'uu yoo hubate dha yaadama jedhu kan hordofu dha. Dabalataanis namoota yakka raawwatanii adabaman hawaasatti agarsiisuudhaan namni kamiyyuu yommuu yakka raawwatee argamu mirga isaa kan dhabu ta'uu isaa akeekachisa dabarsuuni dha.⁷ Akka yaaddama kanaatti namootni yakka raawwachuu irraa kan ofqusatan adabbii akka sodaatan taasiisuuni dha. Kanaaf kaayyoon adabbii kun akeekkachiisa gosa lama kan of keessatti qabate dha. Isaanis: akeekkachiisa waliigalaa fi dhunfaati. Akeekkachiisni waliigalaa hawaasni akka waliigalaatti fakkaattotni yakkamaa immoo akka addaatti gochaa walfakkaataa yakka ta'e irraa akka ofqusatan ergaa kan dabarsu dha. Akeekkachiisni dhunfaa immoo yakkamaan gocha yakkaa tokkoon yommuu adabamu gocha raawwaterraa barumsa argachuun gara fuulduraatti yakka walfakkaataa biraa raawwachuu irraa akka of qusatu kan taasisudha.⁸

d. Dandeettii Yakka Raawwachuu Dhabsiisuu (Incapacitation)

Kaayyoon adabbii kun yakkamaan hidhamee akka turu gochuudhaan yakka biraa akka hin raawwanne carraa dhoowwachuu kan ilaallatu dha.⁹ Kaayyoon kun kan ilaallatu yakkamtoota hamoo fi rakkisoo ta'ani dha. Yakkamtootni bifa kanaa yakka irra deddeebii kan raawwatan waan ta'eef, yakka biraa raawwachuudhaaf carraa akka hin arganneef akkasumas nagaa fi tasgabbi hawaasichaatiif sodaa akka hin taane taasiisuuf adabbii hidhaatiin bilisummaa isaanii daangessuun akka falaatti kan fudhatamu dha.¹⁰

Deeggartootni yaada kanaa akka jedhanitti yakkamtootni balaafamoo ta'an yeroo dheeraaf to'annoo jala akka turan taasisuun gocha yakkaa raawwatanii osoo hin ta'iin yakka isaan gara fuulduraatti raawwachuu danda'an irraa hawaasa eeguuf faayidaa olaanaa qaba. Kanneen yaada faallaa qabanimmoo yakkamaan tokko yeroo adabamu balleessaa raawwate malee gara fulduratti yakka kan biraa raawwachuu danda'a yaada jedhu ilaalcha keessa galchuudhaan murtiin adabbii kennamu sirrii miti jedhu.

⁷Muller and Laufer, Criminal Justice, McGraw-Hill Companies, Incorporated, 2008, p. 347-348.

⁹Jenny E., What are the Objectives of Punishment? Available at, http://www.ehow.com/info_8714170_objectives-punishment.html, accessed on 09/08/2012).

⁹Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001: 1

¹⁰Ali Mohammad Ali, Problems Related with the Use of Compulsory Labour under Ethiopian Criminal Justice System, a conference paper prepared for the Justice of Organs of the Country, (1996 E.C), p. 9

Imaammatni yakkaa biyyoota hedduu kaayyoowwan adabbii kanneen bakka tokkotti kan qabatu yoo ta'ellee, yeroo irraa yerootti yookin biyya irraa biyyatti kaayyoolee adabbii isa tokkoof xiyyeeffannaa olaanaa kennuu fi isa kan biraa xiyyeeffannaa xiqqaa kennuun kan barama dha. Fakkeenyaaf, akka addunyaattillee yeroo ilaalamu bara 1900 dura kaayyooleen adabbii nageenya hawaasaa eeguu irratti xiyyeeffatan (utilitarian) olaantummaa qabu ture. Bara 1900-1970'tti immoo kaayyoon adabbii 'haaloo bahuu' jennuun xiyyeeffannoo olaanaa kan qabu ture. Bara 1970'ootaa as immoo kaayyoon adabbii dandeettii yakka raawwachuu dhabsiisuu (incapacitation) olaantummaa argateera.¹¹

Gaaffii Marii

- Kaayyoowwan adabbii armaan olitti ibsaman keessaa kanneen seera yakkaa keenya keessatti hin haammatamne yookiin akka kaayyoo adabbiitti kan fudhatamuu hin dandeenye ni jiraa? Yoo jiraate isaan kami? Seera rogummaa qabu ibsuun irratti mari'adhaa.

Kaayyoowwan adabbii olitti ilaalle kun yaadiddamoota barbaachisummaa adabbii irraa kan maddani dha. Isaanis bakka gurguddoo lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Yaadiddamni adabbii inni jalqabaa '*utilitarian and Consequentialist*' kan jedhamu yoo ta'u, innis adabbiin mataa isaatiin gaarii yoo ta'uu baatellee, bu'aan adabbii irraa argamu (utility or effects) barbaachisaa isa taasisa yaada jedhu qaba. Gama biraatiin adabbiin mataa isaatiin bu'aa osoo hin taane karaa bu'aan ittiin argamu dha. Kanaaf akka yaadiddama kanaatti haaloo bahuun kaayyoo adabbii ta'uu hin danda'u.¹²

Akka yaadiddamni adabbiin '*deontological or just deserts*' jedhutti immoo kaayyoon adabbii bu'aa gara fulduraatti argamu osoo hin taane gochaa dursee raawwatameen kan walqabatu dha. Kanaaf adabbiin kennamus ilaalcha keessa kan galchu: hanga miidhaa, yaada sammuu

¹¹ Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001:1

¹² Punishment may be justified because of its effects. The extrinsic or instrumental benefits of punishment may outweigh its intrinsic badness. The good consequences of punishment are usually said to be the promotion of utility through the reduction in crime because punishment has ability to limit future transgressions. (Professor Hubin, *The Utilitarian Theory of Punishment*, P1. Available at <http://www.studymode.com/essays/The-Utilitarian-Theory-Of-Punishment-904991.html>)

yakkaamaan qabuu fi haalota biroo yeroo badiin raawwatamu turan malee adabbii isa kamtu shakkamaa sirreessuuf gargaara kan jedhu miti.¹³

Hayyootni tokko tokko immoo adabbiin yakkaa kaayyoo kamiyyuu yoo qabaate, haqa lammiilee mirkaneessuu hin danda’u yaada jedhu qabu. Kanaaf, yaadni akka filannootti dhiyeessan furmaata hawaasni, miidhamaa fi yakkamaan bakka tokkotti dhufuun nama yakki irratti raawwatameef kennan (restorative justice) ta’uu qaba kan jedhu dha.¹⁴

1.3. Qajeeltoowwan Adabbii (Principles of Punishment)

Adabbiin yakkaa yeroo murtaa’u haala kaayyoo adabbii galmaan gahuuf dandeessisuun murtaa’uu qaba. Adabbiin murtaa’u kaayyoowwan olitti ibsaman galmaan gahuuf qajeeltoowwan bu’uuraa armaan gadiitiin gaggeeffamuu qaba.¹⁵ Qajeeltoowwan ijoon kunneen: seera-qabeessummaa (Legality); walqixxummaa (Equality); kabaja mirga namoomaa (Respect for human dignity); walfakkaachuu (Consistency); madaalawaa ta’uu (Proportionality), iftoomina (transparency) fi imaammata baasii mootummaatiin walsimuu (Policy of public expenditure) kanneen jedhan fa’a dha.¹⁶

a. Qajeeltoo Seera Qabeessummaa (Principle of Legality)

Qajeeltoon seera-qabeessummaa murtiin adabbii kennamu kamiyyuu seera jiru kan bu’uureffate ta’uu akka qabu kan teechisu dha. Kanaaf namni tokko yakkaan kan adabamu seera ittigaafatamummaa yakkaa hordofsiisuuf tumame keessatti dhorkaa taa’e kan darbe yoo ta’e qofa ta’a. Gostii fi hanga adabbii yakkamaa irratti darbus tumaa yakka inni darbeef adabbii teechifame qofa ta’a. Namni kammiyyuu gochoota seera yakkaa keessatti dhorkaman yookiin akka raawwataman tumaman keessaa tokko yoo cabsee argame, adabbiin isa irratti murtaa’uu qabu

¹³ When someone harms society by violating its rules, punishment can be justified by the simple claim that wrongdoing merits punishment, and the perpetrator should suffer in proportion to his or her wrongdoing. The punishment is an end in itself and morally justifiable regardless of its subsequent consequence for either the offender or society. (Kevin M. Carlsmith, *the roles of retribution and utility in determining punishment*, Department of Psychology, Colgate University, *journal of experimental Psychology*, 2005, p 437).

¹⁴ Mike C. Materni, Criminal Punishment and the Pursuit of Justice, 2 Br. J. Am. Leg. Studies (2013): 263.

¹⁵ Cox, E., *The Principles of Punishment*, London: Garland, 1877.

¹⁶ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution, Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:13.

yeroo inni yakka sana raawwatetti adabbii seeraan kaa'ameen ta'uu akka qabu qajeeltoon kun ni akeekaa.

Kana yeroo jennu garuu qajeeltoon kun manneen murtii tumaa seeraa hiikkoo barbaadutti hiikoo hin kennan jechuu miti. Ta'us, gochi himatamaan raawwate gocha yakkaa kan biraa yakkummaan isaa seeraan tumamee jiru faana kan walfakkaatudha jechuun manni murtii gocha yookiin gochuu dhabuu tokko yakka taasisee adabbii murteessuu akka hin dandeenye yookiin gosa adabbii seeraan tumameen ala bahee kan biraa seeraan hin hayyamamneef murteessuu hin danda'u. Akka biyya keenyaatti qajeeltoon kun tumaa SY keewwata 2 keessatti haammatameera.

Dabalataan adabbiin seera haaraa keessatti kaa'ame kan durii irra salphaa yoo ta'e, yakkamaaf jecha adabbiin seera isa haaraatiin kan raawwatamu ta'uu illee kan hammatuudha. Qajeeltoon kun HMRDFI, seera yakkaa biyya keenyaa fi waliigalteewwaan sadarka addunyaatti mallatteeffaman baay'ee keessatti beekamtii argaterra.¹⁷

Gaaffii Marii

- Dhimma tokko irratti shakkamaan seera yakkaa keewwata-556(2A) bira darbuun himatame balleessaa ta'uun isaa waan mirkanaa'eef adabbii qarshii dhibba shaniitiin adabameera. Miidhaamaan kun turtii booda kan du'e yommuu ta'u ka'uumsi du'a isaa miidhaa yakkamaan kun isa irra geessise akka ta'e ragaan barruu waan dhiyaateef abbaan alangaa himannaa biraa SY keewwata-540 jalatti yakkamaa kana irratti dhiyeesse. Manni murtii falmii bitaaf mirga irraa dhiyaate erga dhagahe booda himatamaa keewwata itti himatame jalatti balleessaa qaba jechuun adabbii hidhaa cimaa waggaa 10tiin akka adabamu murteesseera. Murtii himatamaa kana irratti SY keewwata 540 jalatti kenname qajeeltoo seera-qabeessummaa waliin akkamitti ilaaltu? Tumaalee heera mootummaa, seera yakkaa fi seera biro rogummaa qabu waliin ilaaluun irratti mari'adhaa.

b. Kabaja Ilma Namaa Eeguu (The Principle of Respect for Human Dignity)

Akkaataa qajeeltoo kanaatiin adabbiin yeroo murtaa'us ta'e yeroo raawwatamu haala gara jabeenyummaan guutameen yookiin bifa mirga namoomaa tuquun yookiin kabaja ilma namaa

¹⁷ UDHR Art-11, ICCPR Art. 15(2), ECHR Art-7(1) fi HMRDFI Art-22(1).

mulquun ta'uu akka hin qabne kan hubachiisu dha. Namni kamiyyuu qabiinsa yookiin adabbii hammeenyummaan guutame kan faallaa namuummaa ta'e yookiin kabaja isaa salphisu irraa eegamuuf mirga akka qabu tumaalee seera yakkaa fi heera mootummaa fi waliigalteewwan idil addunyaa Itiyoophiyaan mallatteessite keessatti tumamee jira.¹⁸ Bu'uura kanaanis adabbiiwwan akka reebichaa fi adabbii du'aa fa'aan fudhatama kan qaban miti.¹⁹

c. Qajeeltoo Madaalawummaa (Principles of Proportionality or Consistency)

Qajeeltoon kun yakkoota wal-fakkaata ta'aniif, namoota haala walfakkaatu (umurii, seenaa yakka fi kkf) qabanii fi haala walfakkaataa keessatti yakka raawwataniif adabbii walitti dhiyaatu murteessuu yaada jedhu kan qabu dha. Qajeeltoon kun irra caala raawwatiinsa kan argatu yakkamtoota waliin ta'uun yakka raawwataniifi dha.²⁰ Adabbiin murtaa'u yakka himatamaan balleessaa ittiin jedhame, hanga balaafamummaa amala dhuunfaa isaa, seenaa jireenyasaa duraanii, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasanii fi kaayyoo yakka ittiin raawwate, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa baruumsa isaa, akkasumas, haalawwan raawwii yakkichaa ilaalcha keessaa kan galche ta'uu akka qabu kan teechisu dha. Kunis adabbiin murtaa'u sababa malee olka'aa akka hin taane kan daangessu dha.²¹ Qajeeltoon kun adabbiin yakkamtoota deddeebi'aa fi amaleeffataa irratti darbus daran olka'aa ta'uu akka hin qabaanne ni akeeka.²²

d. Qajeeltoo Walqixxummaa

Qajeeltoon walqixxummaa adabbiin murtaa'u namoota gidduutti sabaan, sablammiidhaan, sadarkaa jireenya hawaasummaatiin, sanyiidhaan, bifaan, saalaan, afaaniin, amantiidhaan, ilaalcha siyaasaa fi sababoota kkf'iin garaagarummaa malee raawwatamuu akka qabu kan teechisu dha.²³ Qajeeltoon kun tumaalee heera mootummaa keewwata 25 fi SY keewwata 4 beekamtii kan argate dha.

e. Qajeeltoo Iftoominaa (Transparency)

¹⁸ HMRDFI, kwt 21.

¹⁹ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:17.

²⁰ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , 2009:19.

²¹ Tolasaa Damee fi Mul'isaa Ejjetaa, Qajeelfama Adabbii Itoophiyaa Fooya'ee Bahee Lakk-2/2006 Irratti Hundaa'uun Adabbii Murteessuu, Moojulii: 24.

²² Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution, 2009:20.

²³ SY kwt 4 fi HMRDFI kwt 25.

Qajeeltoon kun dhimma tokko dhaddacha ifaatti ilaaluu irraa jalqabee, murtii kennamuu fi adabbii murtaa’u sababa gahaadhaan deeggaruu fi kanas haala ifa ta’een ibsuu kan dabalatu dha.²⁴ Qajeeltoon iftoominaa abbootiin seeraa murtee adabbii yeroo kennan murtii kennamee fi kaayyoo isaa haala ifa ta’een akka dhiyeessan kan jedhu dha. Kunis tilmaamummaa adabbii fi itti gaafatamummaa mirkanneessuuf kan gargaaru dha. Kunis heera mootummaa keewwata 12/1/ jalatti yaada taa’e keessatti kan haammatamu dha.

1.4. Uwwisa Imaammataa fi Seeraa Kenniinsa Murtii Adabbii

a. Heera Mootummaa

Adabbiin yakkamaa tokko irratti murtaa’u qajeetoowwan Heera Mootummaa keessatti haammataman haala faallessuun murtaa’uu hin qabu. Fakkeenyaaf, murtiin adabbii kennamu iftoomina qabaachuu qaba. Sababni isaas heerichi hojiin mootummaa kamiyyuu iftoominaan akka raawwatamuu qabu Heerri Mootummaa RDFI keewwata 12 jalatti ni teechisa. Qajeeltoon kun manni murtii murtii adabbii yeroo kennu gosaa fi hanga adabbii yakkamaa irratti murta’u yeroo filatu, sababa adabbii cimsu yookin salphisu yeroo fudhatu yookin yeroo kufaa taasisu, kkf sababa gahaa ibsuuf dirqama qaba kan jedhu of keessatti kan qabatu dha. Kana malees, heerichi qajeeltoowwan biroo kanneen akka: itti gaafatamummaa, wal-qixxummaa, gochaa tokkoon yeroo tokko qofa gaafatamuu, kabaja ilma namaa eeguu kanneen jedhan of keessatti haammateera.²⁵ Kanaaf adabbiin murtaa’u namoota gidduutti sadarkaa jireenya hawaasummaatiin, gosaan, sabaan, sablammiidhaan, bifan, saalaan, afaaniin, amantiidhaan, ilaalcha siyaasaa yookiin kan birootiin, qabeenyaan, dhalootaan yookiin ejjennoo kan biraatiin garaagarummaa uumuu yookin looguu hin qabu. Kanamalees adabbiin mana murtiin murtaa’u kamiyyuu qabiinsa yookiin adabbii hammeenyummaan guutame kan ulfina namumma isaa salphisu ta’uu hin qabu.

b. Imaammata Bulchiinsa Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI

Imaamatni kun murtii adabbii ilaalchisee qabxiiwwan haammate keessaa tokko barbaachisummaa qajeelfama adabbii fi qabiyyeewwan qajeelfaamni bahu haammachuu qabu dha. Imaammatichi qabiyyeen qajeelfamichaa qajeeltoowwanii fi ulaagaalee adabbii irratti

²⁴ HMRDFI, kwt 20.

²⁵ HMRDFI, kwt 18, 22, 23, 25.

hundaa'uu akka qabu, haqummaa, iftoominaa fi tilmaamamummaa adabbii mirkanneessuuf kan gargaaruu danda'u ta'uu akka qabu kaa'era. Kana malees, qajeelfamichi amala nama yakka raawwatu, gosa adabbii haala yakka raawwatamee ilaalcha keessa galchuun murtaa'uu danda'uu fi faayidaa yakkamaa adabuudhaan argamuu danda'u ibsuu qaba. Kunis kanneen armaan gadii kan haammatu ta'uu danda'a:

- Amaloota yakka raawwatoota yakka balaaleffachuu;
- Raawwatootni yakka adabamanii yakka biraa raawwachuu irraa akka ofqusataniifi kanneen birootiifis barnoota akka ta'an gochuu;
- Barbaachisaa ta'ee yoo argame raawwatootni yakkaa hawaasa irraa hidhaadhaan akka adda bahan gochuu;
- Raawwatootni yakka akka haaromanii fi gochaa raawwataniif miira itti gaafatamummaa akka qabaatan gochuu;
- Namoota sababa yakkaatiin miidhaan irra gaheef haala beenyaan itti kaffalamu kanneen jedhani dha.

c. Seera Yakkaa

Seera yakkaa kutaa waliigalaa fi addaa keessatti tumaaleen kenniinsa murtii adabbii bitan hedduun haammatamaniiru. Kutaalee addaa keessatti tokkoon tokkoon yakkaatiif murtiin adabbii kennamu gosa akkamii fi hanga ta'uu qabu agarsiisuuf yaalameera. Kutaa waliigalaa seerichaa keessatti immoo kutaaleen sirna kenniinsaa fi haala shallaggii murtii adabbii agarsiisan haammatamaniiru. Isaan kana keessaa kutaaleen sadarkaa raawwii yakka yakkamtootaa (keewwata 26-41), sadarkaa itti-gaafatamummaa yakkaa (keewwata 48-56, 68-81), sababoota adabbii cimsanii fi salphisani (keewwata 82-86, 60-67, 179-188), gosoota adabbii fi haala raawwii isaanii (keewwata 87-156) caqasuun ni danda'ama. Kanamalees, seeerri yakka keewwata 88(4) jalatti sirrummaa murtii adabbii fi walfakkaatummaa isaa mirkanneessuufis ta'e to'achuuf kan dandeessisu qajeelfamni adabbii akka bahu ni teechisa. Qajeelfamicha akka baasus Mana Murtii Waliigala Federaalaa aangesseera.

d. Seera Deemsa Falmii Yakkaa

Tumaalee SDFY kenniinsa murtii adabbii keessatti rogummaa qaban keessaa inni ijoon gareen falmiitootaa yaada adabbii dhiyeessuudhaaf mirga qaban kutaa teechisu dha. Murtiin adabbii kan

kennamu gareen bitaa fi mirgaa sababoota adabbii cimsanii fi salphisan erga dhiyeessan booda akka ta'e SDFY keewwata 149 (5) teechiseera.

e. Qajeelfama Adabbii

Qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 hanqinaalee qajeelfamni adabbii lakk.1/2002 qabu fooyyessuun bara 2006 kan hojiirra oole dha. Qajeelfamichi kutaa 6'tti kan qoqqoodame dha. Qajeelfamichi yakkoota 36f (tumaaleen yakkaa lama erga qajeelfamichi bahe booda haqamaniiru) sadarkaa fi gulantaa baaseera. Isaanis: yakkoota mootummaa irratti raawwataman /keewwata 241, 257, 407/, sanadoota qarshii bakka bu'an irratti raawwataman /keewwata 356-362/, yakkoota lubbuu fi qaama namaa irratti raawwataman /keewwata 539-543, 555-560/, yakkoota bilisummaa namaa irratti raawwataman /keewwata 598/, yakkoota amala gaarii irratti raawwataman /620-628/, yakkoota qabeenya irratti raawwataman /keewwata 665 fi 669, 670-671, 692-693/ kanneen jedhani dha. Isaan kana keessaas yakkootni kaan isaanii seera biraatiin kan fooyya'an waan ta'aniif sadarkaan baheef kun haqameera jechuu dha. Fakeenyaaf yakka aangoo ofiitti seeraan ala fayyadamuu /keewwata 407/ labsii 881/2007n kan haqame yoo ta'u, yakki Itoophiyaanota seeraan ala godaansisuu /keewwata 598/ immoo labsii 909/2007'n boodarra immoo Labsii 1178/2020'n haqameera. Kana malees, qajeelfamichi yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef ilaalchisee manni murtii haala ittiin sadarkaa fi gulantaa ittiin baasuuf keewwata 19 jalatti teechiseera. Akkasumas sababootni adabbii cimsanii fi salphisan yeroo jiraatan haala adabbiin ittiin shallagamu (keewwata 21-25), duraa duubaa adabbiin ittiin murtaa'u, haala qajeelfamicha keessaa bahuun adabbiin ittiin murtaa'uu danda'u, haala tilmaama qabeenyaa fi yaadni adabbii ittiin dhiyaatu of keessatti haammateera.

Kana malees, qajeelfamni kun miiltoowwan lama: gabateewwan gulantaa adabbii hidhaa fi qarshii of keessatti qabateera. Miiltoon 1ffaan gabatee adabbii hidhaa ilaallatu gulantaalee 39'tti qoqqoodameera. Miiltoon 2ffaan immoo adabbii kan qarshii ilaallatu yoo ta'u gulantaa 23 kan of keessaa qabu dha. Tumaalee qajeelfama adabbii jiran boqonnaa itti aanu keessatti gadi fageenyaan kan ilaallu ta'a.

BOQONNAA LAMA

ADABBII YAKKAA FI TARKAANFIIWWAN BIROO

Seensa

Murtiin adabbii namoota yakka raawwatan irratti murtaa'u kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuuf dhimma murteessadha. Sababni isaa murtiin adabbii mirga lubbuun jiraachuu lammiilee, mirga bilisummaa dhuunfaa, mirga qabeenyaa lammiilee kan mulquu danda'u waan ta'eefi. Seerri Yakkaa gosa adabbii fi daangaa hanga adabbii kan ibsu yoo ta'u, haalotaa fi qajeeltoowwan seerri teechisu bu'uureffachuun gosaa fi hanga adabbii sirrii murteessuun aangoo abbootii seeraa dhimmicha ilaalaniiti.

Seera yakkaa Itoophiyaa jalatti kaayyoo seerichaa galmaan gahuudhaaf jecha yakkoota gara garaaf adabbii fi tarkaanfiiwwan biroo adda addaa tumamaniiru. Adabbii fi tarkaanfiiwwan biroon seera yakka Itoophiyaa jalatti kaa'aman sirna mata isaani qabaachuu isaani yoo beekamees, sababoota adda addaa irraa kan ka'ee haala seericha irra kaa'ameen hojii irra oolaa hin jiru. Kanaaf, adabbii fi tarkaanfiiwwan biroon gosoota yakkaa irratti hundaa'uun akkamitti akka qoqqoodaman fi murtiileen gama kanaan kennaman haala kamiin murtaa'uu akka qaban xiinxaluun xiyyeeffannaa boqonnaa kanaati.

Kaayyoo waliigalaa kana irratti hundaa'uudhaan leenjifamtoonni xumura boqonnaa kanaan booda:

- ✓ Maalummaa adabbii ijoo, dabalataa fi tarkaanfiiwwan biroo irratti hubannoo qaban ni guddifatu.
- ✓ Gosoota adabbii seericha keessatti haammataman irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- ✓ Adabbiileen kunneen haala kaayyoo seerichaa dhugoomsuu danda'anin akkamiin hojiirra ooluu akka qaban hubannoo ni cimsatu.
- ✓ Rakkoolee hiikkoo seeraa adabbiilee fi tarkaanfiiwwan biroo waliin walqabatee mul'atan ni hubatu.

2.1. Gosoota Adabbii Seera Yakkaa Itoophiyaa Jalatti Hammataman

Seerri yakkaa Itoophiyaa goosota adabbii kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu danda'aan jechuun beekkamtii kenneef yoo ilaallu adabbii ijoo, adabbii dabalataa fi tarkaanfilee biroo jechuun kan haammate ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kaayyoo moojulii kanaaf nutis goosota adabbii kanneen kophaa kophaatti haala armaan gadiitiin ilaalleera.

2.1.1. Adabbii Ijoo

Seera yakkaa Itiyoophiyaa keessatti adabbii ijoo jechuun kan tumamaan adabbii maallaqaa, adabbii hojii dirqamaa, adabbii bilisummaa dhabsiisuu (hidhaa) fi adabbii du'aati. Tokkoon tokkoo isaanii haala armaan gadiitiin bal'inaan kan ilaallu ta'a.

a) Adabbii Maallaqaa(Pecuniary penalties)

Adabbiiwwan hidhaan alaa yakkamaan deebi'ee hojii yakkaa akka hin raawwanne gargaaruu irratti hidhaa caala bu'a qabeessa dha jedhamee amanama.²⁶ Adabbii hidhaa bakka bu'uudhaan adabbiilee murtaa'u danda'an keessaa adabbiin maallaqaa isa tokko akka ta'e murtii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin kenname keessatti haala ifa ta'een kaa'ameera.²⁷ Adabbiin maallaqaa gosoota adda addaa qabaachuu danda'a.²⁸ Isaanis: adabbii qarshii (fine penalty), qabeenya dhaaluu, adabbii qabeenya yakkamaa qabuu fi beenyaa kanfalchiisuu ni dabalata.

Murtiin balleessummaa erga kennamee booda manneen murtii seera rogummaa qabu bu'uureeffachuun adabbii qarshii qofaa isaa yookiin hidhaa waliin akka dabalataatti murteessuu ni danda'u. Kana malees, qabeenya yakkamaan ittiin himatamee badii itti taasifameen walqabatee qabeenyi kallattiinis ta'e alkallattiin horatameeeraan ifatti yoo tumame kan dhaalamu ta'a.²⁹ Akkasumas, miidhamaan sababa yakkaatiin miidhaan irra gahe bakka turetti deebisuuf yookiin beenyaa kanfaluuf himatamaan akka dirqamu manni murtii galmee yakkaa keessatti

²⁶Global Prison Trends, 2015:34. Toora intarneetii <https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2015/04/PRIPrison-global-trends-report-LR.pdf> gaafa 4/6/2023 ilaalame.

²⁷ United Nations Standard Minimum Rules for non-custodial measures, Resolution No. 45/11

²⁸ SY kwt 90-102.

²⁹ SY kwt 98.

murtii kennuu ni danda'a.³⁰ Waa'ee adabbii maallaqa waliin walqabatee qabiyyee tumaa seera yakkaa haala armaan gadiitiin kan ilaallu ta'a.

i. Adabbii Qarshii(fine)

Adabbiin qarshii adabbii maallaqaa keessaa isaa tokko yoo ta'u, kan kaffalamus qarshiin ta'ee galiin isaa mootummaaf ta'a.³¹ Haata'u malee, yakkamaan namoota gocha isaatiin miidhamaniif beenyaa kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e adabbiin qarshii kun akka isaaniif kaffalamu manni murtii ajajuu ni danda'a.³² Manni murtii hanga adabbii murteessuun duratti, ulfaatina yakkichaa, hammeenyummaa yakkamaa, qabeenya yakkamaa, madda galii isaa, itti gaafatamummaa maatii bulchuuf qabu, hojii hojjetuu fi galii irraa argatu, umurii isaa fi haala fayyaa isaa yaada keessa galchuu qaba.³³

Murtiin adabbiin qarshii nama uumamaa fi jaarmiyaa namummaa seeraa qabu gidduutti yakka wal fakkaatu raawwatanii yoo argamanillee adabbiin isaan irratti murtaa'u garaagara dha. Kunis, akka qajeeltootti yakkamaan nama uumamaa yoo ta'e adabbiin qarshii kennamu qarshii kudhan hanga qarshii kuma kudhanii yoo ta'uu, yakkamaan jaarmiyaa namummaa seeraa qabu yoo ta'e garuu, adabbiin kun qarshii dhibba tokko irraa hanga qarshii kuma dhibba shanii gahuu ni danda'a.³⁴ Kana malees, yakkamaan jaarmiyaa namummaa seeraa qabu yoo ta'e, balleessaa raawwateef adabbiin tumame hidhaa qofa yoo ta'e, akkaataa sadarkaa isaa eeggateen gara adabbii maallaqaatti kan jijjiiramu ta'uu fi gocha raawwatameef adabbiin tumamee jiru kan maallaqaa qofa yoo ta'e dachaa shaniin baay'ifamuu akka qabu tumamee jira.³⁵

Dabalataan, adabbiilee ijoo keessaa adabbii hidhaa salphaa adabbii qarshiitiin jijjiiree murtessuu akka dandaa'uf Manni Murtii seerichaan aangeefameera. Kunis kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin qarshii fi adabbii hidhaa salphaa filannoodhaan kan kaa'aman yoo ta'e, manni murtii adabbiwwaan kaa'aman keessaa isa kamtu haala yakkamaa fi cimina yakka raawwatamee irratti hundaa'uun yakkamaa barsiisuu akkasumaas kaayyoo adabbii galmaan gahuu danda'a isa jedhu tilmaama keessaa galchuun lamaan keessa isa tokko murteessuu qaba. Darbees, manni murtii

³⁰SY kwt 102

³¹SY kwt 90(1)

³²SY kwt 102(1)

³³SY kwt 90(2)

³⁴SY kwt 90(1)

³⁵SY kwt 90(4)

adabbii lachuu bakka tokkotti murteessuun kaayyoo adabbii seera yakkaa galmaan gahuudhaaf barbaachisaa dha jedhe kan itti amanu yoo ta’e, adabbii lachuu walfaanaa murteessuu ni danda’a.³⁶ Kana malees, yakkamaan adabbii qarshii irratti murtaa’e raawwachuu yoo hin dandeenye, adabbiin kun gara adabbii hojii humnaatti ni jijjiiramaa.³⁷

Haala raawwii adabbii qarshii ilaalchisee Seera yakkaa keewwata 93 fi 94 jalatti tumamee argama. Akka qajeeltootti adabbiin qarshii battalumatti dhaddacha irratti kaffalamuu qaba. Haala addaatiin garuu yakkamaan adabbii maallaqaa battalatti kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta’e, manni murtii wabii namaa yookiin kan biraa waamsisuun yeroo ji’a tokkoo hanga ji’a jaha gahu kennuufii danda’a. Haalli jireenya yakkamtichaa mana murtii kan amansiise yoo ta’e immoo himatamaan kanfaltii kana jala jalaan (installment) akka raawwatu yeroo turtii waggaa sadi hin caalle kennuufi ni danda’a. Himatamaan yoo wabii dhabe yookiin fedhii wabii fidachuu yoo dhabe manni murtii qabeenyi isaa akka gurguramu ajajuu akka danda’u keewwata 94(3) jalatti tumameera.

Dhimma kanaan waliin wal-qabatee qorannoo ILQSON bara 2009 mata duree “Adabbii Dhimmoota Yakkaa: Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul’atan” jedhu irraa akka hubatamutti yakkamaan adabbii qarshii battalatti yeroo hin kanfalle ajajni manneen murtiitiin kennamu walfakkeenya kan hin qabne ta’uu adda baheera. Kunis, yakkamtootni adabbii maallaqaa kanfalu dadhaban yeroo hedduu to’annaa jalaa gadi dhiifamuun gama waajjira galiitiin hordofamanii akka raawwatan kan ajajamu yoo ta’u, gama biraatiin immoo adeemsi yeroo hedduu hordofamu yakkamaan adabbii qarshii itti murtaa’e hanga kanfalutti mana sirreessaa yookiin to’annaa poolisii jala akka turu kan jedhu ajajuun kan jiru ta’uu argisiisa. Kana malees, darbee darbee yakkamaan wabii gahaa kan dhiyeeffatu yoo ta’e to’annaa jalaa akka bahu ajajuu fi qabeenyi himatamaa gurguramee akka raawwatamu ajajuun kan mul’atu ta’uus qorannichi adda baaseera. Haa ta’u malee, adeemsi kun tumaalee seera yakkaa waliin yoo ilaallamu bu’uura seeraa kan hin qabnee fi mirga himatamaas kan dhiibuudha. Sababni isaas yakkamaan adabbiin qarshii itti murtaa’e hanga kanfalutti mana sirreessaa haa turu yeroo jedhamu bu’uura Seera yakkaa keewwata 94(3) fi 98(3)’tiin qabeenyi yakkamaa gurguramee adabbiin maallaqaa akka

³⁶SY kwt 91

³⁷SY kwt 95

kanfalamu yeroo taasifamu gosoota qabeenya gurguruun hin hayyamamnee fi hanga maallaqaa ittiin jireenya maatiif dhiifamuun ol kan adeemu dha. Kanaaf haalli adabbiin maallaqaa ittiin raawwachiifamaa jiru kaayyoo seerichaa galmaan gahuuf kan hin fayyadne ta'uu bira darbee rakkoo hawaasummaa bal'aadhaaf saaxiluu danda'a.

Adabbiin hidhaa fi maallaqaa yeroo yakkamaatti murtaa'u, yeroo tokko tokko yakkamaan adabbii hidhaa yoo xumure yookiin koroora yookiin dhiifama yoo argate, adabbii maallaqaa yoo kanfalu baatellee ni gadhiifama. Yeroo kaan immoo mirgootni kun kan eegaman yakkamtoota adabbii maallaqaa isaanii raawwataniif qofa dha. Mirga yakkamtootaa bifa kanaan kan daangessu immoo bakka tokko tokkotti manneen sirreessaa yoo ta'an bakka tokko tokkotti immoo manneen murtiiti. Hojimaatni inni lammataa manneen murtii keessa jiru, himatamaan adabbiin qarshii erga itti murtaa'e booda kanfalticha battalatti raawwachuu yoo dadhabe waajjirri galii hordofee akka raawwachiisu ajajuudhaan himatamaan to'annaa jala yoo jiraate akka gadi dhiifamu ajajuu dha. Dhimmoota hedduu bifa kanaan keessaummaa'an keessatti manneen murtii waajjirri galii adabbii qarshii haa raawwachiisu jedhanii ajajuun galmee cufu. Yeroo tokko tokko immoo bu'aa isaa galmee kanaan akka walqabsiisu jechuun ni ajaju. Haa t'u malee, manni murtii ajaja bifa kanaan kenne raawwatamuu isaa haalli ittiin mirkaneessu waan hin jirreef adabbichi raawwatamuu akka hin dandeenye taasisuu danda'a. Darbee darbee manneen murtii keessaa qabatamni jiru immoo yakkamaan adabbii qarshii kan kanfalu yoo ta'e yookiin wabii gahaa kan dhiyeeffatu yoo ta'e to'annaa jalaa akka bahu jechuun ajajuun ni jira. Ajajni bifaa kanaan kennamu yakkamaan wabii dhiyeeffachuu yoo dadhabe yookiin fedhii yoo dhabe to'annaa jala akka turu kan dirqisiisu dha. Adeemsi kun yeroo baay'ee yakkamaan wabii akka waamu yookiin jala jalaan akka kanfalu taasifamee fedhii qabaachuu dhabuu isaa osoo mirkaneeffatiin tarkaanfii fudhatamu waan ta'eef deeggarsa seeraa kan qabu miti. Kunis, yakkamaan kanfaluuf yookiin wabii qabsiisuuf fedhii hin qabu yoo ta'e manni murtii filannoo sadaffaa seeraan teechifame fayyadamee qabeenyi yakkamtichaa akka gurguramu ajajuu danda'a. Dhuma irratti haala olitti ibsameen adabbii qarshii murtaa'e raawwachiisuun kan hin danda'amne yoo ta'e, manni murtii bu'uura Seera yakkaa keewwata 95'tiin adabbii qarshii sana gara adabbii hojii dirqiitti jijjiiruun adabuu danda'a. Qabxiin biraa bakka kanatti ka'uu qabu, manneen murtii adabbii maallaqaa akka raawwachiisan qaamolee garagaraa aangoo hin qabne yeroon ajajan ni mul'ata. Manneen murtii tokko tokko adabbii maallaqaa ofiserootni mana murtii akka raawwachiisan ajajuun galmee kan cufan yoo ta'u, manneen murtii tokko tokko immoo adabbii maallaqaa akka

raawwachiisu manneen sirreessaa yeroon ajajan ni jira. Manneen sirreessaa tokko tokkos kanarraa ka'uun, adabbiin hidhaa fi maallaqaa walirratti yeroo murtaa'u yakkamaan hidhaa xumuree sababa adabbii maallaqaa hin kanfalleef mirga karoora yookiin dhiifamaan bahuu akka dhabu yeroon taasisan ni jira.³⁸

ii. Qabeenya Dhaaluu

Qabeenyi yakkamaa kallattidhaanis ta'e alkallattiin gocha yakkaatiin horate guutummaan yookiin walakkaan dhaalamuu danda'a. Qabeenyi bifa adabbiitiin mana murtiitiin akka dhaalamu taasifamu qabeenya yakkamaan karaa seeraa qabeessa ta'een argate dabalachuu ni danda'a.³⁹ Qabeenya gocha yakkaa waliin walitti hidhamiinsa qabu dhaaluun kaayyoon isaa yakkamtootni yeroo kamiyyuu taanaan bu'aa yakkaa isaanii irraa fayyadamtoota akka hin taane taasisuufi. Adabbiin kun kan murtaa'u seericha keessatti haala ifa ta'een yoo kaa'ame qofa dha.⁴⁰ Qabeenyi himatamaa sababa yakkaatiin kan dhaalamu karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Inni duraa, tumaan himatamaan jalatti itti himatame qabeenyi sababa yakkichaatiin qabame akka dhaalamu ifatti kan ajaju yeroo ta'u dha. Inni biraa, qabeenyi himatamaan kara kallattiis ta'e alkallattiitiin yakka balleessaa jalatti jedhameen walqabatee hore akka dhaalamu manni murtii ajajuu qaba. Namni tokko yakka akka raawwatu kakaasuuf yookiin yakka waan raawwateef akka gatiitti maallaqni kennameef yookiin yakka yeroo raawwatu akka itti gargaaramu qabeenyi fudhate akka dhaalamu ajajamuu qaba. Qorannoon taasifame akka agarsiisutti yakkoota garagaraa raawwatamaniin walqabatee qabeenyi bu'uura seeraatiin dhaalamuu qabu yeroon akka dhaalamu murtaa'u kan jiru ta'ullee, yeroon osoo hin dhaalamiin kan hafu kan caalu akka ta'e dha.

iii. Beenyya (Compensation or a Restitution order)

Adabbiin bifa kanaa qabeenya miidhamaa yakkaa deebisuu yookiin baasii miidhamaan sababa yakka isaratti raawwatameen baase kanfalu akkasumas mirga dhabe akka deebisee argatu taasisuu kan dabalatu dha. Adabbiin beenyya yakkoota sasalphaadhaaf kophaa isaa kan

³⁸ Milkii Makuriyaa, Adabbii Dhimmoota Yakkaa - Rakkoollee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul'atan, Qorannoo ILQSO (2009), F 81

³⁹ SY kwt 98

⁴⁰ Fakkeenyaaf, qabeenya dhaaluun kun namoota yakka malaanmaltummaa raawwatan irratti raawwatamuu akka danda'u labsii lakk.881/2007 kewt. 4(3) irraa hubachuu dandeenya.

murtaa'uu danda'u yoo ta'u, yakka cimaadhaaf garuu adabbii biraa waliin akka dabalataatti kan murtaa'u dha. Manni murtii adabbii bifa kanaa kan murteessu badiiwwan murtaa'aniif qofa yoo ta'u, innis yakka qaama namaa fi qabeenya irratti raawwatamuun kan walqabatu dha. Hangi beenyaa murtaa'uus hanga miidhaa miidhaamaa waliin kan walgitu (actual loss to the victim) ta'uu qaba. Gosti adabbii kun falmiin dura akka qaama falmii dhagaha yakkaa idileetti yookiin akka adabbiitti raawwatamuu danda'a. Kunis itti-gaafatmummaa yakkamaa guutuu taasisuu keessatti gahee olaanaa ni taphata.⁴¹

Seera Yakkaa RDFI keewwata 101 jalatti miidhamaan dhuunfaa gocha yakkaatiin miidhaan olaanaan irra gahe himatamaan beenyaa akka isaa kanfalu yookiin bakka dura turetti akka isa deebisu himannaa siivilii galmee yakkaa waliin walirratti dhiyeeffachuu akka danda'u ni teechisa. Manni murtiis himatamaan beenyaa kana akka kanfalu murteessuu danda'a. Himatamaan beenyaa kana kanfaluu hin danda'u yoo ta'e, manni murtii qabeenya himatamaa qabamee jiru yookiin maallaqa wabummaa inni qabsiise irraa, adabbii maallaqaa isarratti murtaa'e keessaa, qabeenya isarraa dhaalamu yookiin hojii humnaa himatamaan hojjete irraa galii argamu keessaa beenyaan miidhamaa dhuunfaatiif akka raawwatamu manni murtii ajajuu danda'a. SDFY keewwata 154-159 irraa akka hubatamu miidhamaan yakkaa hanga beenyaa isaaf malu caqasuun mana murtii dhimma yakkaa ilaaluuf kan dhiyeessuu qabu yoo ta'u, kanfaltii abbaa seerummaa hin gaafatamu. Ragaa bitaa mirgaan dhiyaatu irrattis dabalataan dhiyeeffachuu ni danda'a. Manni murtichaa gaaffii beenyaa miidhamaan yakkaa dhiyeessu bu'uura Seera yakkaa keewwata 155 tiin fudhachuu dhiisuu danda'a. Kunis ta'uu kan danda'u himannaan beenyaa dhiyaatu dhimmi yakkaa sun yeroo gabaabaa keessatti akka hin xumuramne kan taasisu yoo godhe, hanga maallaqa beenyaa gaafatamee aangoo mana murtichaa ol kan ta'u yoo ta'e, kkf dha. Gama biraatiin, himatamaan yakkaan bilisa yoo bahe manni murtii himannaa beenyaa dhiyaate hin murteessu.

Haa ta'u malee, qabatamaan miidhamaa dhuunfaatiif beenyaan akka kanfalamu yookiin bakka dura turetti deebisuuf murtiin kennamu hin jiru jechuun ni danda'ama.⁴²

iv. Qabeenyaa Yakkamaa qabuu

⁴¹ Milkii Makuriyaa, Adabbii Dhimmoota Yakkaa - Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul'atan, Qorannoo ILQSO (2009), F-30.

⁴² Milkii Makuriyaa, Adabbii Dhimmoota Yakkaa - Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul'atan, Qorannoo ILQSO (2009), F-84.

Adabbiin kun kan ajajamu yakkamaan sababa sirna heeraa mootummaa ykn tasgabbii biyya keessaa fi alaa irratti jeequmsa raawwateen ykn gocha miidha dhaqqabsiisu danda’u raawwateef jecha bakka inni hin jirretti yeroo dhimmi isaa ilaalamee balleessaa ta’uun isaa mirkanaa’u dha.⁴³ Kana jechuun qabeenyi yakkamaa kan qabamu dhimmi isaa bakka yakkamaan hin jirretti kan ilaalame yoo ta’ee fi gochi yakkamaan raawwate kunis sirna heeraa irratti kan raawwatamee yoo ta’e qofa dha.

b) Adabbii Hojii Dirqamaa

Manni murtii haalota adda addaa irratti hunda’uun adabbii hojii dirqii murteessuu ni danda’a. Kunis, jalqabuma akka adabbii sadarkaa duraatti bu’uura seera yakkaa kewt. 103-104 jalatti tumamee murteessu danda’a. Bu’uura kanaan manni murtii adabbii kan murteessu yakkichi cimina kan hin qabne yoo ta’ee fi adabbiin inni hordofsiisus adabbii hidhaa salphaa ji’a jaha hin caalle kan adabsiisu yoo ta’ee dha. Adabbii kana murteessuun dura manni murtii wantootni qulqulleeffachuu qabu yakkamtichi hojii hojjechuu kan danda’u ta’uu, amallii yakkamtichaa hawaasaaf balaafamaa kan hin taane fi haala bilisummaan dhuunfaa yakkamtichaa hin daangessineen ta’uu qaba. Adabbiin kun guyyaa tokkoo hanga ji’a jahaa gahuu danda’a.⁴⁴ Gama biraatiin, seera yakkaa keenya keessatti haalli adabbiin hojii dirqii itti murtaa’uu danda’u adabbii qarshiirraa gara adabbii hojii dirqamaatti jijjiirudhaani.⁴⁵ Kana malees, adabbiin hojii dirqii bakka hidhaa salphaa bu’uudhaan murtaa’uu ni danda’a.⁴⁶

Dabalataan, manni murtii bu’uura seera yakkaa keewwata 179 tiin adabbii hidhaa salphaa gara adabbii hojii dirqamaatti jijjiiruu kan danda’u ta’uu tumameera. Manni murtii adabbii bifa kanaan jijjiiruun salphisuu kan danda’u seeraan ifatti kan tumame yoo ta’eefii akkasumaas manni murtii adabbii salphisuun barbaachisaa ta’uu kan itti amane yoo ta’e qofaadha. Haa ta’u malee, yeroo tokko tokko tumaa seera kanaa sirnaan hubachuu irraa kan ka’e himatamtoonni adabbiin hidhaa salphaa irraa gara hojii dirqamaatti akka salphatuuf akka mirgaatti yoo gaafatan ni mul’ata.

⁴³ SY kwt 99

⁴⁴ SY kwt 103

⁴⁵ SY kwt 96

⁴⁶ SY kwt 107

Sababoota adabbii hidhaa salphaa gara hojii dirqamaatti jijjiiruu barbaachiseef yoo ilaallu, tokkoffaan adabbii yakkamtoota irratti fudhatamu gocha yakka isaan raawwatan wajjin madaalawaa ta'uu qaba kan jedhu dha. Kunis, namoota yakka sasalphoo raawwatan hunda gara mana amala sirreessaatti erguun yakkamtoota sirreessuu fi fooyyessuun hin danda'amu waan ta'eefi.⁴⁷ Lammaffaa, adabbii hidhaa salphaa gara adabbii hojii dirqamaatti jijjiiruun kan barbaachiseef yakkamaan hojii hawaasa tajaajilu danda'uu dalaguu isaatiin miirri ittigaafatamuummaa akka itti dhagahamu fi hawaasa keessatti iddoo kan qabu ta'uu isaa akka hubatu kan godhu ta'uu isaati. Kana malees adabbiin hidhaa kamiyyuu baasii hedduu kan gaafatu dha.⁴⁸ Haata'u malee, yakkamaan bu'ura ajaja mana murtiitiin raawwachuu yoo baate yookiin adabamaan bakka badaa irraa fageessuuf yoo yaadame yookiin namoota amala gadhee qaban irraa fageessuun yoo yaadame manni murtii adabbiin kun bilisummaa yakkammaa daangessuu waliin akka raawwatamu ajajuu ni danda'a.⁴⁹ Turtiin bilisummaa yakkamaa daangessu garuu yoo baay'ate baatii jaha caaluu hin qabu. Adabamaan murtii isa irratti kenname kana raawwachuu yoo dide adabbiin hidhaa salphaa adabbii hojii humna isaa irratti murtaa'e wajjiin wal-gituutti jijjiirame akka isaa irratti murtaa'u ni taasifama.

c) **Adabbii Bilisummaa Dhabsiisuu (Hidhaa)**

Adabbiin hidhaa goosota adabbii jiran keessaa yeroo baay'ee kan hojiirra ooludha. Manneen murtii yakkoota sasalphoo dabalatee adabbii hidhaa yoo filatan ni muldhata. Adabbiin hidhaa mirga yakkamaan iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti socho'uuf qabu daangessuu yommuu ta'u, yakkamaa hawaasaa irraa qaamaan adda baasuun tursiisuun nageenyaa fi tasgabbi haawaasichaaf barbaachisaa dha jedhame yoo amanamu kan murtaa'u dha.⁵⁰ Adabbiin yakkamaa iddoo tokkotti tursiisuun akka inni yakka biraa hin raawwanne dandeetti dhabsiisuu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u, kana malees yakkamtootni gara fuulduraatti yakka biroo raawwachuu irraa fi hawaasni adabbii yakkamtoota irratti fudhatamu irraa barumsaa argachudhaan yakka raawwachuu irraa akka of qusatan ni taasisa. Seera yakkaa Itoophiyaa jalatti ulfaatina yakkichaa

⁴⁷Ali Mohammad Ali, Problems Related with the Use of Compulsary Labour under Ethiopian Criminal Justice System, a conference paper prepared for the Justice of Organs of the Country, (1996 E.C), P.9

⁴⁸Tolasaa Damee fi Angaatu Ejjataa, Seera Yakkaa Itoophiyaa Jalatti Adabbii Fi Tarkaanfiiwwan Biroo Ga'essota Irratti Fudhataman Fi Raawwii Isaanii, Moojulii I:QSO, 2005, F.28

⁴⁹SY kwt 104

⁵⁰Tolasaa Damee fi Angaatu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.22

fi amala yakkamaan qabu irratti hundaa’uudhaan adabbiin hidhaa bakka sadiitti kan qoodamu yommuu ta’uu isaanis: adabbii hidhaa salphaa, adabbii hidhaa cimaa fi adabbii umurii guutuuti.

- i. **Adabbii Hidhaa Salphaa (Simple Imprisonment):** Adabbiin kun yakkamaa yakka ulfaatinni isaa giddugaleessa ta’e raawwatee fi hawaasaaf balaa guddaa hin taane irratti kan murtaa’u yemmuu ta’uu, adabbiin isaas hidhaa salphaa guyyaa kudhanii irraa kaasee hanga waggaa sadii gahuu ni danda’a. Haata’u malee, cimina yakkichaa irraa kan ka’e kutaa addaa seerichaa keessatti haala ifa ta’een yoo kaa’ame ykn yakkamaan yakkoota daddabalamaatiin adabbii hidhaa salphaatiin adabsiisan raawwatee yoo argame ykn yakkamaan yakka irraa deddeebii raawwatee kan argame yoo ta’e adabbiin kun hanga waggaa shanii gahuu ni danda’a.⁵¹
- ii. **Adabbii Hidhaa Cimaa (Rigorous Imprisonment):** Adabbiin kun kan murtaa’u yakkamtoota yakkaa cimaa raawwatan irratti fi keessumattuu hawaasichaaf hamaa ta’an irratti dha. Adabbiin kun galmi inni qabu yakkamaa sirreessuudhaan lammii gaarii ta’ee hawaasa keessatti akka deebi’uu gochuu irra darbee nagaa fi tasgabii hawaasichaaf jedhame yakkamaan kun to’annoo cimaa jala akka turu taasisuu dha. Adabbiin kun waggaa tokko irraa hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda’a, kutaa addaa seerichaa keessatti kan ibsame yoo ta’e hanga hidhaa umurii guutuu gahuu ni danda’a.⁵²
- iii. **Adabbii Hidhaa Umurii Guutuu (Life Imprisonment):** Adabbii hidhaa umurii guutuu jechuun yakkamaan guyyaa gocha yakkatiin balleessaa jedhamee eegalee jireenya isaa guutuu mana amala sirreessaa keessa akka turu kan itti taasifamu ta’uu argisiisa. Haata’uutii garuu namni adabbii umurii guutuutiin adabame ulaagaa koroora yoo guute mana amalaa sirreessaa keessaa bahuu ni danda’a.⁵³ Karaa biraatiin, yakkamaan ulaagaalee seerichaan kaa’aman guutee kan hin argamne yoo ta’e hanga gaafa du’a isaatti mana amala sirreessaa keessa akka turu ni dirqama jechuu dha. Dabalataan adabbii hidhaa cimaa haalota kutaa addaa seera yakkaa keessatti ibsamuun gara hidhaa umurii guutuutti akka olsiquu danda’u seeraa yakka kewwataa 108 jalatti tumamuun isaa adabbiin kun akkumaa barbaachisummaa isaatti guutummaan guutuutti fudhatamee kan raawwatamu danda’u akka ta’ee kan agarsiisu dha.

⁵¹ SY kwt 106

⁵² SY kwt 108

⁵³ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F-23.

iv. Adabbii Du'aa: Adabbiin kun adabbii ol'aanaa yakkamtoota irratti darbuu danda'u yoo ta'u, jaarraa hedduun dura hawaasa adda addaa keessatti yakkamtoota irratti raawwatamaa tureera. Haa ta'u malee, yeroo ammaa barbaachisummaan adabbii kana falmitoota mirga namoota adda addaa biratti fudhatama hin qabu jechuun falmiin cimaa waan dhufeef biyyoonni heddu gosa adabbii kana seera yakkaa isaanii keessaa haquun hafa taasisaa jiru. Seera yakkaa biyya keenyaa keessatti adabbiin du'aa nagaa fi tasgabbii hawaasaa eeguudhaaf barbaachisaa akka ta'ee seera baastuudhaan itti amanamee kan fudhatame dha. Adabbiin kun lubbuu namaa irratti kan raawwatamu waan ta'eef suukanneessaa fi yeroo tokko erga raawwatamee booda bakka jirutti deebisuun kan hin danda'amne waan ta'eef murtaa'uun dura sababa gahaan jiraachuu isaa mirkaneessuun barbaachisaa dha.

Bu'ura seera yakka Itoophiyaatiin yakkamaa irratti adabbiin du'aa murtaa'uun dura ulaagaleen armaan gadii guutuu qabu. Kunis, yakki yakkamaan raawwate xumura kan argatee yoo ta'e; yakkii raawwatame baay'ee cimaa yoo ta'e fi keessattuu yakkamaan hamaa ta'uu isaa irraa kan ka'e kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin kun kaa'amee yoo argamee fi sababootni adabbii salphisaa gama yakkamaatiin dhiyaachuu danda'an kan hin jirre yoo ta'ee qofa dha. Gama biraatiin, seerri yakkaa Itiyoophiyaa haalota adabbiin du'aa yakkamaa irratti murtaa'uu hin dandeenye tumeera:⁵⁴ Isaanis, yakkamtichi yeroo gocha yakkaa sana raawwatu umuriin isaa waggaa 18 gadi ta'uu; gochi yakkaa yakkamaan raawwate xumura kan hin arganne ta'uu; kana jechuun gocha yakkamaan itti himatame sadarkaa yaaliitti kan hafe taanaan adabbiin kun isaa irratti murtaa'uu hin qabu. Akkasumas, yakkamaan sababa adabbii salphisuuf tokkollee kan hin qabne ta'uu qaba.

2.1.2. Adabiilee Dabalataa

Adabbiin dabalataa adabbii ijoo guutuudhaaf yookiin isa irratti dabalataan mana murtiitiin kan kennamaniidha. Manni murtii kutaa waliigalaa seerichaa keessatti dhimmootni kaa'aman guutamanii yoo argaman, adabiilee kana murteessuuf adabiileen kun dirqamatti kutaa addaa seerichaa keessatti tumamuun barbaachisa miti.

⁵⁴SY kwt 117(1)

Manni murtii adabbii kana yoo murteessu kaayyoo adabbiin kun qabu fi keessattuu adabamaa dandeettii dhabsiisuu fi sirreessuudhaaf faayidaa isaan qaban hubannoo keessaa galchuudhaan ta'uu qaba.⁵⁵ Qajeeltoon kun kan muli'su abbaan seeraa adabbii dabalataa tokko filatee murteessuudhaaf amala yakkamaan qabu gadi fageenyaan xiinxaluun maaltu yoo irratti murtaa'e yakka biraa raawwachuu irraa akka of qusatu fi gochaa isaatirraa barachu akka danda'u isa taasisa kan jedhu hubannoo keessa galchu qaba. Kaayyoo moojuulii kanaaf jecha, adabbilee dabalataa seera yakkaa keenya keessa jiran bakka lamatti qodanii ilaaluun ni danda'ama.

a) Akeekkachisaa, Qeeqa, Ceephoo Fi Dhiifama Balleessichi Gaafatu

Manni murtii yakkamaa irratti yookiin hawaasa biratti bu'aa gaarii ni fida jedhe yoo amane adabbii kana adabbii ijootti dabalee murteessuu ni danda'a.⁵⁶ Adabbiin kun kayyoo lama qaba. Isaanis; tokkoffaa yakkamaa adabuudhaan gocha isaa irraa akka of-qusatu yaadamee kan murtaa'u yoo ta'u; lammaffaa immoo namoota gocha yakkamaadhaan miidhaman bakkatti deebisuuf kan gargaaru dha. Gama biraatiin, adabbiin kun sababa adda addaa irraa kan ka'e adabbii ijoo bakka bu'uudhaan murtaa'uu ni danda'a.⁵⁷ Kun ta'uu kan danda'u jalqabaa yakki raawwatame baay'ee salphaa akka ta'e seeraan haala ifa ta'een yoo tumame yommuu ta'uu, yakka baay'ee salphaa jechuun yakkoota adabbii hidhaa salphaa baatii sadii yookiin adabbii qarshii kuma tokko hin caalleen adabsiisan akka ta'an seera yakka keewwata 89 jalatti ibsameera. Sababni biraa manni murtii adabbii kana akka adabbii ijootti fudhate murteessuu isa dandeessisu adabbiin yakkamaa irratti murtaa'e yoo daangeffame dha. Adabbiin murtaa'ee daanga'ee hafe tokko daangaan kaa'amee sun bakka hin kaafaminitti haala kamiinuu yakkamaa irratti raawwatamuu hin danda'u. Kanaafuu manni murtii yeroof yakkamaa akeekkachisuu, ifachuu ykn gocha isaa balaaleffachuun, dhiifama gaafachiisuu fi k.k.f akka adabbii ijootti murteessu ni danda'a.

Kana malees manni murtii sababoota waliigalaa adabbii salphisaa kan seera yakka keewwata 82 jalatti kaa'aman yookiin seera yakka keewwata 83 jalatti manni murtii akka itti fakkaatetti adabbii salphisuu ni danda'a jedhame seerichaan iddoo tumamee jirutti, seera yakka kew-180(sababoota addaa adabbii salphisaa) yoo argate adabbii dabalataa kan akka akeekkachiisaa fi

⁵⁵ SY kwt 121

⁵⁶ SY kwt 122(1)

⁵⁷ SY kwt 122(2)

ifannaa akka adabbii ijootti fudhachuun murteessuu ni danda'a. Haa ta'u malee, ulaagaan seera kanaaf taa'e ifaa miti. Sababni isaas yaada keewwatichaa akkumaa jirutti kan fudhannu yoo ta'e, yakkamtoota yakka adabbii hidhaa cimaatiin adabsiisu danda'u raawwatanii argaman ykn yakkamtoota adabbii hidhaa salphaa baatii sadii ol adabsiisu danda'u raawwatanii argaman, sababoota adabbii salphisan waan qabaniif qofa gara adabbii dabalataatti ni jijjiiramaaf jechuu dha.⁵⁸ Kun immoo kaayyoo adabbii seera yakkaa waliin kan deemuu miti. Yaadni seera baastoonni qaban namootni yakka adabbii hidhaa cimaa fi adabbii hidhaa salphaa baatii sadii ol ta'een adabsiisu raawwatan irratti adabbiin dabalataa bu'ura keewwata kanaan akka isaan irratti murtaa'u barbaadamee osoo hin ta'in dogoggora irraa kan madde fakkaata.⁵⁹

Kanaafuu, manni murtii bu'ura sababoota waliigalaa fi addaa adabbii salphisanitiin adabbii dabalataa kan akka ifachuu, akeekkachiisuu fi kkf adabbii ijoo bakka buusuudhaan murteessuu kan danda'u gochi yakkamaan itti adabame bu'ura sababoota kanaatiin adabbiin yoo salphatu gochichi adabbii hidhaa salphaa baatii sadii yookiin adabbii qarshii kuma tokko hin caalleen kan yakkamaa adabsiisu yoo ta'e qofa malee sababoota kanaan fayyadamuun yakkoota hundaaf adabbii ijoo adabbii dabalataan bakka buusuun ni danda'ama jechuu miti.⁶⁰

b) Mirga Irraa Mulqamuu

Adabbiin kun mirgoota siiviilii kanneen akka filuu fi filatamuu, ittigaafatamummaa adda addaatti kadhimamuu, ragaa ogeessaa, sanadootaa fi waliigalteewwan adda addaa irratti ragaa ykn wabii ta'uurraa kan dhorku dha. Dabalataan mirga irraa mulqamuun kun mirga maatii bulchuu, hayyamaa ogummaa ykn daldaala fi kkf kan ilaallatu dha.⁶¹ Manni murtii balleessa yakkamaan raawwatee fi haala raawwii isaa yommuu ilaaluu yakkamaan mirgoota kanaan fayyadamuu kan hin qabne ta'uu isaa yoo itti amane adabbii kana adabbii ijoo irratti dabalee murteessuu ni danda'a. Haata'u malee, yakkamaan adabbii hidhaa cimaatiin ykn adabbii du'aatiin kan adabame yoo ta'e manni murtii adabbii ijoo irratti dabalataan, adabbii mirgoota siiviilii dhabsiisan murteessuuf dirqama qaba.⁶² Haa ta'u malee, qabatamaan bu'uura tumaa seera kanaatiin adabbiilee ijoo kennaman waliin adabbiin mirga irraa haquu yommuu murtaa'an hin mul'atu.

⁵⁸ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.39.

⁵⁹ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.40

⁶⁰ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, 40

⁶¹ SY kwt 123

⁶² SY kwt 124(2)

Kun immoo kaayyoo adabbii seerichaan kaa'ame galmaan gahuu irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabu akka ta'e ifa dha.⁶³

2.1.3. Tarkaanffiiwwan Biroo

Tarkaanffiiwwan biroo jechuun of-eegannoo barbaachisaa ta'e gochuudhaaf yakkamaan gara fuulduraatti yakka akka hin raawwanne ittisuudhaaf, nagaa fi tasgabbii hawaasaa eeguudhaaf yookiin yakkamtoota sirreessuu fi fooyyessuudhaaf tarkaanffii mana murtiitiin fudhatatamaniidha.⁶⁴ Tarkaanffiiwwan biroo kunneen faayidaa yakkamaan gara fuulduraatti yakka akka hin raawwanne taasisuuf, nagaa fi tasgabbii hawaasaa eegsisuuf akkasumas yakkamtoota sirreessuu fi fooyyessuudhaaf qabu irratti hundaa'udhaan tarkaanffii fudhatamu dha. Murtiin tarkaanffiiwwan biroo kan ajajamu akka murtii adabbii kan biroo cimina yakkichaa irratti hundaa'uun osoo hin taane barbaachisummaan isaanii xiinxalameetu dha. Kana malees, tarkaanffiiwwan biroo namoota balleessummaan isaanii hin mirkanaa'in irrattis haalli itti ajajamuu danda'u ni jiraata.⁶⁵

Haala raawwii isaanii irratti hundaa'uun tarkaanffiiwwan biroo seera yakka keenya keessatti tumaman iddoo lamatti qodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis:

- Tarkaanffiiwwan biroo yakkamtoota guutummaan guutuutti itti gaafatamumaa yakkaa hin qabne fi ittigaafatamummaa yakka gar-tokkeen qaban irratti fudhatamuu; fi
- Tarkaanffiiwwan biroo yakka ittisuu fi dhorkuudhaaf jecha fudhatamanii dha.

Yakkamaa iddoo murtaa'e tokkotti tursiisuu fi yaalchisuun tarkaanffiiwwan yakkamtoota guutummaan guutuutti ittigaafatamummaa yakkaa hin qabnee fi ittigaafatamummaa yakkaa gartokkeen qaban irratti kan murtaa'u dha.

a) Iddoo Murtaa'e Tokko Tursiisuu fi Yaalchisuu:

Manni murtii yakkamaan iddoo tokkoo akka hin sochoone kan ajaju haalli yakkamaan irra jiru nageenya ykn tasgabbii hawaasaa ykn nama isa waliin jiraatu irratti rakkoo ni uuma jedhee yoo itti amane dha.⁶⁶ Yakkamaan haala kanaan iddoo tokko irraa akka hin sochoone taasifame tokko yaalamuun kan isa barbaachisu yoo ta'e bakka jirutti yookiin bakka yaaliin kennamuufitti

⁶³ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.43

⁶⁴ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.45

⁶⁵ SY kwt 131

⁶⁶ SY kwt 130

geeffamee akka yaalamu ni taasifama. Haata'uu malee, yakkamaan kopha isaa iddoo tokkotti akka turu kan irratti murtaa'u yoo ta'ee yakkamaan dhukkubsataa sammuu ykn dhagahuu fi dubbachuu kan hin dandeenye ykn dhukkuba gaggabdoo kan qabu yoo ta'e ykn araada dhugaatii ykn qoricha ykn baala sammuu namaa hadoochuu danda'an irraa kan ka'e sammuu isaa kan tuqame yoo ta'ee fi kana irraa ka'uudhaan yaalamuun ykn gargaarsi biraa kan isa barbaachisuu yoo ta'e, Manni Murtii mana yaala ykn dhaabbata dhukkuba isaa wajjiin rogummaa qabu keessatti akka yaalamu ajaju ni danda'a.⁶⁷

Turtiin tarkaanfii kanaa haala fayyummaa namichaa irratti kan hundaa'u ta'ee Manni murtii murtee isaa waggaa lama lamaan irraa deebi'ee ilaalu qaba. Sababni murtiin kun akka kennamu taasise dhabamuu isaa ogeessa addaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'e; manni murtichaa tarkaanfiiwwan biroon adabamaa irratti akka raawwataman ajajamanii turan akka ka'an murtii ni kenna.⁶⁸ Biyyaa keenyaa keessatti dhaabbileen yakkamtoota rakkoo akkanaa qaban yaaluudhaaf gahumsaa gahaa qaban jiraachu dhabuu fi bakka yakkamtoota kana addaan baasanii itti tursiisan jiraachuu dhaabuun haalli tarkaanfiiwwan kun hojii irra itti oolu irratti dhiibbaa cimaa geessissaa jira.⁶⁹

b) Ittisuu fi Dhorkuu

Tarkaanffiiwwan yakka ittisuu fi dhorkuu seera yakkaa keenya keessatti kaa'amuun isaanii kaayyoo seerichaa galmaan gahuudhaaf yaadamanii. Tarkaanffiiwwan kun namootni yakka raawwachuu irraa akka of qusatan yookiin hawaasni gocha yakkaatiin akka hin miidhamne gochudhaaf kan gargaarani dha. Kana malees, yakka raawwachuuf carraa jiru hanbiisuudhaaf kan tajaajilani dha. Tarkaanffiiwwan kun namoota itti gaafatamummaa yakkaa qaban irratti kan raawwatamu yemmuu ta'u, bakka sadiitti qoodanii ilaaluun ni danda'ama.

i. Tarkaanffiiwwan Qabeenya Bu'ura Godhatan(Amala yakkamaa Bu'ura Godhatan):

Yakkamaan tokko yakka haara ni raawwata jedhamee kan shakkamee yoo ta'ee fi gocha sana akka hin raawwanne taasisuudhaaf ykn gocha sana akka hin raawwanne mirkaneessuudhaaf

⁶⁷ SY kwt 131

⁶⁸ SY kwt 132

⁶⁹ Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa, Moojulii, 2005, F.87

manni murtii yakkamaan wabii amala gaarii akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.⁷⁰ Manni murtii turtii yeroo wabiin kun barbaachisuu fi hanga wabii inni qabsiisuu qabu yemmuu murteessu haala qabatamaa namichaa fi ulfaatina sodaa inni uumaa jiru tilmaama keessa galchuudhaani.

ii. Tarkaanfiwwan Sochii Hojii Daangessuu Ilaallatan:

Hojiin hojjetamu tokko ykn dhaabbatni tokko yakka ni raawwata jedhamee mana murtii biratti kan irratti mirkanaa'e yoo ta'e, hojii sana gaggeessuudhaaf heyyamni hojicha gaggeessuu yeroo murtaa'eef ykn guutummaan guutuutti haqamuu ni danda'a. Yookaan ammoo dhaabbatichi iddoo isaaf murtaa'e tokkotti hojii isaa akka gaggeessuu ykn ammoo guutummaan guutuutti hojii isaa akka hin gaggeessine ajaju ni danda'a.⁷¹

iii. Tarkaanfiwwan Bilisummaa Namaa Daangessuu Ilaallatan:

Adabbiin kun gochoota yakkamaan ni raawwataa jedhamee tilmaamama keessa galchuudhaan iddoo murtaa'e tokko ykn magaalaa tokko keessa akka hin jiraanne ykn akka hin sochoone ykn iddoo murtaa'e tokko qofa akka jiraatu kan ittiin taasifamu dha. Tarkaanfiin kunis iddoo bashanannaa, mana dhugaatii, hoteela, gabaa ykn iddoo uummataaf banaa ta'e kamiyyuu keessatti akka hin argamne ta'uu ni danda'a.⁷²

Tarkaanffii biroo mirga bilisummaa yakkamaa irratti fudhatamu inni biraa biyya irraa ari'uu dha.⁷³ Yakkamaan lammii biyyaa alaa ta'ee daangaa biyyatti keessaa yoo ture yakka biraa raawwachuu ni danda'a jedhame kan tilmaamau yoo ta'e, biyyattii gad-lakkisee akka bahu manni murtii ajajuu ni danda'a. Kana malees, namni tokko ragaalee bakka tokko irraa gara bakka birootti ittiin socho'uu akka dabarsee kennu mana murtiidhaan gaafatamu ni danda'a. Manni murtii tarkaanfiwwan kana adabbii ijoo waliin yookiin adabbiin ijoo erga raawwatamee booda akka raawwataman ajajuu ni danda'a. Tarkaanfiwwan kun kutaa addaa seerichaa keessatti akka tarkaanfiitti tumamuu baatanis manni murtii ajaju akka danda'an tumameera.⁷⁴

Gaaffilee Marii

⁷⁰ SY kwt 135

⁷¹ SY kwt 142 fi 144

⁷² SY kwt 14

⁷³ SY kwt 150

⁷⁴ SY kwt 134

1. Kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin kaa'ame adabbii hidhaa qofa yoo ta'ee fi adabamaan dhabbata seeraan namummaa argate yoo ta'e adabbiin hidhaa gara adabbii qarshiitti hallii itti jijjiiruun danda'amu seera yakka kew-90(3) jalatti kaa'ameera. Haata'u malee, kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin kaa'ame adabbii hidhaa fi adabbii qarshii yoo ta'e ykn adabbii hidhaa ykn qarshii, adabbii umurii guutuu yoo ta'e, adabbii du'aa yoo ta'e manni murtii adabbiilee kana haala kamiin shallagee murteessuu danda'a jettu?
2. Adabbiin hidhaa umurii guutuu gosa adabbii hidhaa cimaatti moo adabbii of danda'ee ilaalamu qabu dha jettu? Maaliif?
3. Mirgootni siiviilii yakkamaa adabbii hidhaa cimaan adabamee akka mulqanu seerichi akka dirqamaatti waan kaa'e fakkaata. Haala dhimmichaa irraa ka'uun abbootiin murtii ofuma isaaniitiin mirga mulqamuu qabu irraa kaasuutu irra jira moo mirgoota kana daangessuuf gaaffiin abbaa alangaa jiraachuu qaba jettuu?
4. Adabbiin hojii dirqii seeraa yakkaa fi qajeelfamaa adabbii Itoophiyaa jalatti kan tumame yoo ta'ellee, yeroo baay'ee Manneen Murtii naannoo keenyaa keessattis yemmuu itti gargaaraman hin mul'atu. Rakkoon gama kanaan jiru maali? Muxxannoo gama kanaan qabdan yoo jiraatee kaasaatii irratti mari'adhaa.
5. Sirreeffamtootni seeraa adabbii hidhaa cimaatiin adabaman mirgoonni siiviilii kanneen biroo seerichaan akka mulqaman tumaman mana murtiitiin yoo kan hin dhorkamne ta'e, namoonni kun mirgoota kana fayyadamuuf yoo gaaffii kaasan wanti isaan dangeessu jiraa?
6. Seera yakkaa keenya keessatti namoota yakka raawwachuun isaanii mirkanaa'ee murtiin balleessummaa itti kenname irratti akaakuwwan adabbii manneen murtiitiin murtaa'uu danda'a adda baasa! Gosootni adabbiilee seera yakkaa keessatti tumamaan kun kaayyoowwaan adabbii keessaa isa kamtu kaayyoo kam galmaan gahuuf akka kaayyeffate xiinxaluun irratti mari'adhaa!
7. Garaagarummaa adabbiiwwaan yakkaa fi tarkaanfilee eegannoo gidduu jiru adda baasaa irratti mari'adhaa!
8. Wal-fakkeenyummaa fi garaagarummaa bu'uuraa adabbii hidhaa cimaa fi adabbii hidhaa salphaa gidduu jiru xiinxalaa irratti mari'aadhaa!

BOQONNAA SADII

ADEEMSA MURTEESSA ADABBII YAKKOOTAA SADARKAA FI GULANTAAN BAHEEFI FI HINBAHINIIFII

Kaayyoon qajeelfama adabbii haala iftoominaa fi ittigafaatumummaa qaama abbaa seerummaa mirkaneesseen adabbii bu'a-qabeessaa fi tilmaamawaa kennuuf sirna dandeessisu diriirsuudha. Kanarraa ka'uun qajeelfamni Adabbii keenya galma baheef lama qaba. Isaanis: dhimmoota yakkaa walitti dhiyaatanii fi walfakkaatan jidduutti adabbiin walitti dhiyeenya qabu akka murtaa'u dandeessisuu fi akkuma ulfaatinaa fi balaafamummaa yakkichaatiin madaalawummaa adabbii mirkaneessuudha.⁷⁵

Qajeelfamichi yakkoota muraasaaf gabatee sadarkaa fi gulantaa isaanii agarsisu kan teechise yoo ta'u, yakkoota kaaniif immoo qajeeltoowwan sadarkaa fi gulantaan isaanii itti bahu teechiseera. Kanaaf yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheefi hin baaneef ilaalchisee murtii adabbii kennuuf adeemsi hordofamu garaagarummaa qaba. Itti aansuun yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheefi hin baaneef ilaalchisee adeemsa hordofamu duraa duubaan kan ilaallu ta'a.

Bu'uuruma kanaan xumura boqonnaa kanaatti, leenjifamtootni yakkoota sadarkaan bahee fi hin baaneef ilaalchisee:

- Sadarkaa yakkaa adda baasuu ni danda'u;
- Gulantaa adabbii yakki tokko jalatti kufu adda baafachuu ni shaakalu;
- Akkaataa adabbiin ka'uumsaa itti murtaa'u ni hubatu;
- Akkaataa sababoota adabbii cimsanii fi salphisani waliigalaa fi addaa itti gargaaraman ni beeku;
- Duraa duuba murteessa adabbii keessatti hordofamuu qabu ni agarsiisu;

1.1. Yaadrimeewwan Ijoo Murteessa Adabbii Keessatti Hubatamuu Qaban

a) **Sadarkaa Yakkaa Baasuu**

Qajeelfama adabbii keewwata 2(2) jalatti 'sadarkaan yakkaa' safartuulee gochaa yakkaa, haala raawwii fi ulfaatina yakkichaa giddu galeessa godhachuudhaan adabbii murteessuuf gargaaru

⁷⁵ Qajeelfama Adabbii, Lak. 2/2006, keewwata 3 fi 4.

akka ta'e ibsameera. Innis haala raawwii fi ulfaatina yakkichaa keessattuu hanga fayidaa argame, miidhaa qaqqabe, kkf ilaalcha keessa galchuun yakka tokko yakka walfakkaataa biroo irraa kan adda baasu dha.

b) Gulantaa Adabbii

Gulantaa adabbii jechuun gulantaa ka'uumsaa fi baaxii qabu kan adabbiin keessatti murtaa'u jechuu akka ta'e Qajeelfama Adabbii keewwata 2(3) jalatti ibsameera.

c) Adabbii Ka'uumsaa

Qajeelfama adabbii keewwata 2(5) irraa akka hubatamutti adabbii ka'uumsaa jechuun sababoota adabbii cimsanii fi salphisan kan waliigalaa fi addaa osoo yaada keessa hin galchiin gulantaa adabbii bu'uura godhachuun adabbii murtaa'u dha. Qajeelfamicha keewwata 4(1) irraa akka hubatamutti adabbii ka'uumsaa kana qabachuudhaaf manni murtii amala yakkichaa tumaa SY keewwata 88 (2) jalatti ibsaman bu'uureffachuu qaba. Haaluma kanaan manni murtii adabbii ka'uumsaa yeroo qabatu qabxiilee xiinxaluu qabu keessaa gurguddoon:

- Hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa
- Seenaa jireenya yakkamaa kan darbe
- Sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasanii fi kaayyoo yaada isaa
- Haala jireenya dhunfaa isaa
- Sadarkaa barumsa isaa
- Cimina yakkichaa fi haalawwan raawwii yakkichaa fa'a caqasuun ni danda'ama.

1.2. Adeemsa Murteessa Adabbii Yakkoota Sadarkaa Fi Gulantaan Baheefi

Qajeelfamni adabbii Lak. 2/2006 yakkoota gosa gara garaa saddetii fi tumaalee seera yakkaa lakkoofsaan 36 ta'aniif sadarkaa fi gulantaa baaseera. Isaan kunis kanneen armaan gadiitti ibsamani dha.

1. Yakkoota biyya irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 241, 257, 258, 259)
2. Yakkoota Maallaqaa fi sanadoota daddarboo irratti raawwataman (356-359, 361)
3. Yakka hojii mootummaa irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 407)

4. Yakkoota lubbuu namaa irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 539-541, 543)
5. Yakkoota qaamaa fi fayyaa namaa irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 555-560)
6. Yakka seeraan ala biyya alaatti nama erguu (Seera Yakkaa keewwata 598)
7. Yakkoota amala gaarii fi firooma irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 620-628)
8. Yakkoota qabeenya irratti raawwataman
 - Hanna (Seera Yakkaa keewwata 665, 669)
 - Wanbadummaa (Seera Yakkaa keewwata 670, 671)
 - Gowwomsuu (Seera Yakkaa keewwata 692, 693)

Yakkoota kanneen keessaa yakkootni lama erga qajeelfamni adabbii kun bahe booda Seera Yakkaa keessaa kan haqamani dha. Isaanis: 1) Yakka hojii mootummaa irratti raawwataman (Seera Yakkaa keewwata 407) fi yakka seeraan ala biyya alaatti nama erguu (Seera Yakkaa keewwata 598) ilaallatani dha. Kanaaf yeroo kanatti yakkootni sadarkaa fi gulantaan isaanii qajeelfama adabbiitiin baheefi jiru yakkoota tumaalee SY 34 darbuun raawwataman irratti dha.

Gaaffii Marii

- Ogeessotni tokko tokko yakkoota lamaan erga qajeelfamni adabbii bahe booda seera birootiin haqamaniif (yakka hojii mootummaa irratti raawwatamu (Seera Yakkaa keewwata 407) fi yakka seeraan ala biyya alaatti nama erguu (Seera Yakkaa keewwata 598) sadarkaa fi gulantaan yeroo bahu qabiyyee tumaalee qajeelfamichaa hojiirra oolchuu waanti dhorku hin jiru jedhu. Isin yaada kana irratti waliigaltuu?

Yakkoota sadarkaan baheef ilaalchisee adeemsi adabbiin isaa ittiin shallagamuu qabu Qajeelfamicha keewwata 26(1) jalatti agarsiifameera. Isaanis akka armaan gadiitti duraa duubaan kan dhiyaatani dha.

1.2.1. Sadarkaa Yakkaa Baasuu

“Sadarkaan yakkaa” maal akka ta’e qajeelfama adabbii keewwata 2(2) jalatti hiikkoon kennameefi jira. Akka tumaa kana irraa hubatamutti ‘Sadarkaan yakkaa’ safartuulee gochaa yakkaa, haala raawwii fi ulfaatina yakkichaa giddu galeessa godhachuudhaan adabbii murteessuuf gargaarani dha. Innis haala raawwii fi ulfaatina (hanga fayidaa argame, miidhaa

qaqqabe, kkf) isaa bu'uureffachuun yakka tokko yakka keewwata walfakkaataa jalatti raawwatame irraa kan adda baasu dha. Kunis adabbiin ka'uumsaa akka olguddatu/gadi bu'u taasisuu keessatti gahee kan qabu dha.

Qajeelfama adabbii keewwata 4 (2) fi (3) irraas akka hubatamutti 'sadarkaan yakkaa' gochoota yakkaa walfakkaataa fi walitti dhiyeenya qaban jidduutti adabbii walitti dhiyaataa murteessuuf kan kaayyeffate dha. Kana gochuufis amaloota bu'uura gochaawwan yakkaa sadarkaa walfakkaataa irratti akka argamu taasisan adda baasuuni dha. Fakkeenyaan ibsuuf yakki raawwatame tokko yakka qaama namaa hir'isuu Seera Yakkaa keewwata 555 (b) jalatti raawwatamedha haa jennu. Firiin dubbii yakka kana hundeessuuf barbaachisu "qaama miiraa namaa hir'isuu" kan jedhu waan ta'eef yakkamaan qaama miiraa tokko hir'ises ta'e kan qaama miiraa miidhamaa dhuunfaa 3 hir'ise haaluma walfakkaataan tumaa kana jalatti balleessaa akka taasifaman ni beekama. Haa ta'u malee, balaafamummaan yakkamaa fi sadarkaan miidhaa dhaqqabee garaagarummaa qaba. Sadarkaa yakkaa baasuunis kan barbaachisu garaagarummaa jiru kana haala ilaalcha keessa galcheen adabbii madaalawaa murteessuuf akka danda'amuufi dha.

Yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef ilaalchisee sadarkaan yakkaa kan bahu gabateewwan qajeelfamicha kutaa 3ffaa jala jiran bu'uureffachuun ta'a. Fakkeenya olitti fudhanne kanatti deebinee yoo ilaalle, nama qaama miiraa 1 fi 3 hir'iseef sadarkaa yakkichaa baasuuf firii dubbii kana qabachuun qajeelfamicha keewwata 13 jalatti gabatee jiru bira deemna jechuu dha. Gabateen kun yakka tumaa seera yakkaa keewwata 555 darbuun raawwatamu sadarkaa 6tti qoodeera. Sadarkaaleen jahan kunis firiiwwan dubbii keewwaticha jalatti haammataman (qaama miidhaan irra gahe, gosaa fi ulfaatina miidhaa fi lakkoofsa miidhaa gahe) bu'uureffachuun kan adda bahani dha. Bu'uuruma kanaan gabatee kana keessatti 'qaamni miiraa tokko kan hir'ate yoo ta'e sadarkaan yakkichaa 1ffaa, qaamni miiraa hir'ate tokkoo ol yoo ta'e immoo sadarkaan yakkichaa 2ffaa akka ta'e adda baheera. Kanas firiiwwan dubbii gabaticha tarree gadee (column) 3ffaa keessatti barreeffaman ilaaluudhaan, firii dubbii dhimma qabanne waliin walfakkaatu erga adda baafanne booda sadarkaa isaa tarree gadee (column) 2ffaa keessa qixa isaatiin jiru ilaaluun kan adda baafannu dha.

1.2.2. Gulantaa Ka'uumsa Adabbii Adda Baasuu

Gulantaan adabbii gulantaa baaxii gadi aanaa fi olaanaa qabu kan adabbiin ka'uumsaa keessatti murtaa'u akka ta'e qajeelfamni adabbii keewwata 2(3) jalatti ni ibsa. Yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef ilaalchisee gulantaa ka'uumsa adabbii kan baasnu sadarkaa yakkichaa erga adda baafanne booda qixa sadarkaa sanaan gulantaa adabbii ka'uumsaa tarree gadee (column) dhumaa (4ffaa) gabatichaa keessa taa'e fudhachuudhaan ta'a.

Mee ammas fakkeenya armaan olitti fudhanne kana fudhachuun nama yakka miidhaa qaamaa cimaa dhaqqabsiisuun qaama miiraa 1 hir'isee fi qaama miiraa 3 hir'iseef gulantaa ka'uumsa adabbii haa baasnu. Akkuma sadarkaa yeroo baasnu goone, gulantaa adabbii yakkoota kana lamaanii baasuuf firii dubbii kana qabachuun qajeelfamicha keewwata 13 jalatti gabatee jiru bira deemna. Gabateen kun yakka tumaa seera yakkaa keewwata 555 darbuun raawwatamu sadarkaa 6tti kan qoode ta'uu olittis ilaalleerra. Kanaaf firii dubbii 'qaama miiraa tokko yoo hir'ise kan jedhuuf gabatichi sadarkaa yakkaa 1ffaa jalatti kan kuffisu yoo ta'u, qixa sadarkaa 1ffaa kanaan immoo tarree gadee (column) gabaticha irratti gulantaan adabbii isaa 16ffaa akka ta'e ibsameera. Qaamni miiraa tokkoo ol kan hir'ate yoo ta'e immoo sadarkaan yakkichaa 2ffaa waan ta'eef qixa sadarkaa 2ffaatiin tarree gadee (column) 4ffaa keessatti gulantaan adabbii taa'e 19ffaadha. Kanaaf sadarkaan yakkaa erga adda bahe booda qixa sadarkaa sanaan gulantaa adabbii ka'uumsaa tarree gadee (column) dhumaa (4ffaa) gabatichaa keessa taa'e fudhachuudhaan haala olitti fakkeenyaan ilaalle kanaan salphumatti gulantaa adabbii adda baafachu dandeenya.

1.2.3. Hidhaa Salphaa Fi Hidhaa Cimaa Keessaa Filachuu

Sadarkaa fi gulantaan ka'uumsa adabbii yakkaa erga adda bahe booda adeemsi itti aanu yakki himatamaan jalatti balleessaa jedhame filannoo adabbii hidhaa cimaa fi salphaa kan qabu yoo ta'e gosoota adabbii kanneen keessaa tokko filachuu dha. Tumaan kutaa addaa seera yakkaa adabbii hidhaa cimaa fi salphaa akka filannootti mana murtiif yeroo teechisu, manni murtii gosoota adabbii lamaan keessaa isa tokko filachuuf ulaagaa maal bu'uureffata? gaaffiin jedhu qabxii ilaallamuu qabu dha. Gaaffii kana deebisuuf SY keenya keewwata 106 fi 108 jalatti hiikkoo hidhaa salphaa fi cimaaf teechifame hubachuun murteessaa dha. Hidhaa salphaan nama yakka ciminni isaa giddu-galeessa ta'e raawwateefi balleessichis hawaasichaaf baay'ee

balaafamaa fakkaatee yeroo hin mul'annetti adabbii bilisummaa dhabsiisuuf murtaa'uu dha. Gama biraatiin adabbiin hidhaa cimaa kan murtaa'u, kanneen yakka cimaa raawwataniifi keessumattuu yakkamtoota hawaasichaaf balaafamoo ta'an irratti dha. Kanaaf manni murtii haalli raawwii yakkichaa hiikkoowwan kanneen keessaa irra caala isa kam waliin akka walsimu ilaaluun adabbii hidhaa salphaa yookin cimaa filachuu danda'a.

Gaaffii Marii

- Tumaan seera yakkaa himatamaan jalatti badii taasifame adabbii hidhaa fi maallaqaa filannoon kan kaa'e yoo ta'e hoo, manni murtii ulaagaa maaliitiin tokko keessaa filata?

Tumaan kutaa addaa seera yakkaa adabbii hidhaa fi maallaqaa akka filannootti yeroo teechisu, manneen murtii adabbiiwwan kanneen keessaa filachuuf maal bu'uureffachuu qabu kan jedhu qabxii murteessaa dha. Bu'uura SY keewwata 88/3/'tiin haalli raawwii yakkichaa salphaa fi himatamaan adabbii maallaqaarraa ni barata jedhamee kan yaadamu yoo ta'e manni murtichaa adabbii isa salphaa (maallaqa) murteessuu akka qabu kan hubatamu dha. Kana jechuun haalli raawwii yakkichaa cimaa ta'uu irraa kan ka'e manni murtii himatamaan adabbii hidhaatiin yoo adabame malee hin baratu jedhee kan amane yoo ta'e malee, adabbiin murtaa'uu qabu adabbii maallaqaati jechuu dha. Kanaaf, manni murtii adabbii maallaqaa dhiisee adabbii hidhaa kan filatu yoo ta'e sababa gahaan deeggaruu akka qabus kan hubatamu dha.

1.2.4. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu

Manni murtii adabbii hidhaa cimaa fi salphaa keessaa tokko erga filate booda adeemsi itti aanu adabbii ka'uumsaa murteessuu dha. Ta'us Qajeelfamicha keewwata 26(1)(d) jalatti sababni adabbii cimsu yookiin salphisu kan manni murtichaa fudhate yoo jiraate, adabbii ka'uumsaa murteessuun osoo hin barbaachisiin kallattumaan sababoota kanneen bu'uureffachuun adabbii cimsuu fi/yookiin salphisuu akka danda'u ibsameera.

Qajeelfama adabbii lakk.2/2006 keewwata 2(5) jalatti adabbii ka'uumsaa jechuun sababoota adabbii cimsanii fi salphisu kan waliigalaa fi addaa osoo yaada keessa hin galchiin gulantaa adabbii bu'uura godhachuun adabbii murtaa'u akka ta'e ibsameera. Qajeelfamicha keewwata 4(1) jalatti yaada teechifame irraa akka hubatamuttis adabbii ka'uumsaa kana qabachuudhaaf manni murtii kan bu'uura godhachuu qabu amala yakkichaa ti. Kun immoo qabxiilee tumaa SY

keewwata 88/2/ jalatti teechifaman waliin kan walqabatu dha. Kana yeroo jennu manni murtii adabbii ka'uumsaa yeroo qabatu qabxiilee xiinxaluu qabu keessaa gurguddoon 'hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhuunfaa isaa, sadarkaa baruumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaafi haalawwan raawwii isaa madaaluun ta'a.

Kanaaf, akka qajeeltootti manni murtii ka'uumsa adabbii kan qabatu kutaa addaa seera yakkaa keessatti yakkichaaf adabbii isa xiqqaa teechifame yoo ta'u, haala dhimma dhiyaateefi ilaaluun garuu adabbiin ka'uumsaa tumaa sana irra taa'e madaalawaa miti yookin yakkamaa hin barsiisu jedhee yoo yaade daangaa keewwatichi teechisu keessatti adabbii ka'uumsaa ol-siqee qabachuu danda'a.⁷⁶

Gaaffii Marii

- Abbootiin seera tokko tokko yeroo hunda adabbii ka'uumsaa fudhachuun dirqama akka ta'etti hubatu. Kaan immoo manni murtii sababni adabbii cimsu yookiin salphisu kan manni murtichaa fudhate yoo jiraate adabbii ka'uumsaa murteessuun osoo hin barbaachisiin kallattumaan sababoota kanneen bu'uureffachuun adabbii cimsuu fi/yookiin salphisuutu sirriidha yaada jedhu qabu. Isin yaada kam deeggartu? Sababa keessanii fi tumaa seeraa ejjennoo keessan deeggaru ibsuun irratti mari'adhaa.

Haalli adabbiin ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa ta'aniif ittiin murtaa'u kan olitti ilaalle irraa garaagarummaa kan qabu yoo ta'u, kunis boqonnaa itti aanu jalatti ilaalameera.

1.2.5. Sababa Adabbii Cimsu Addaa Gargaaramuun Gulantaa Irra Gahu

Murteessuu

Qajeelfama adabbii keewwata 22 jalatti sababootni addaa adabbii cimsan gosa lama akka qaban teechifameera. Isaanis: yakkamaan yakka daddabalamaadhaan balleessaa taasifamuu fi yakkamaa irra deddeebi'aa ta'uu dha. Sababootni addaa adabbii cimsan kun tumaa SY keewwata 85 jalatti akkasumas haalli adabbiin isaanii ittiin kennamu immoo SY keewwata 184-188 jalatti tumamameera.

⁷⁶ Qajeelfama Adabbii, kwt 4/2/ fi SY 88(2),(3).

Yakkootni daddabalamaan bifa sadi kan qaban yoo ta’u, isaanis daddabalama qabatamaa (SY keewwata 60/A/), daddabalama goch-tokkee (60/B/), fi daddabalamaa gochaa tokkoon keewwata tokko cabsuu fi nama 2 fi isaa ol miidhuu (60 /C/ kanneen jedhamani dha. Daddabalamaa qabatamaa (keewwata 60/A/) fi daddabalamaa gochaa tokkoon keewwata tokko cabsuu fi nama 2 fi isaa ol miidhuu (60 /C/) kanneen jennu raawwatamanii yeroo argaman haalli adabbiin ka’uumsaa isaanii ittiin qabatamu SY keewwata 184 fi qaj. adabbii keewwata 22(1, A) jalatti teecheffameera. Kunis tokkoon tokkoon yakka daddabalamaa raawwatameef adabbii ka’uumsaa baasuudhaan walitti ida’uudhaan kan raawwatamu dha. Ida’amni argame adabbii ka’uumsaa ta’ee fudhatamuun hanga argame sun gabatee miiltoo lffaa qajeelfama adabbii keessaa gulantaa isa kam jalatti akka kufu adda baasuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa kan ka’uumsa arganna jechuu dha. Itti aansuun immoo yaada adabbii cimsuu fi salphisu duraa duubaan ilaalcha keessaa galchuun gulantaa adabbiin inni dhumaa jalatti kufu adda baafanna jechuu dha. Daangaan adabbii inni olaanaan bu’uura kanaan manni murtii murteessuu danda’u baaxii olaanaa tumaa SY keewwata 106,108 fi 90(1) jala taa’e ta’a.

Adabbiin yakka daddabalamaa goch-tokkee immoo bifa lamaan ilaalamuu kan danda’u dha. Yakkoota daddabalamaa raawwataman keessaa yakkamaan itti yaadee karoofatee yakka yoo raawwate ykn amala badaa kan agarsiise yoo ta’e adabbiin ka’uumsa yakkoota daddabalamaa kanneennii kan qabamu bu’uura SY keewwata 184 fi qaj. Adabbii keewwata 22(1)(A)’tiin adabbii ka’uumsaa tokkoon tokkoo yakkoota kanneennii walitti ida’uudhaan ta’a. Yakkamaan amala badaadhaan yakkicha kan hin raawwanne yoo ta’e yookin yakkootni daddabalamaa kunneen marti dagannoon kan raawwataman yoo ta’e garuu adabbiin ka’uumsaa kan qabamu bu’uura tumaa SY keewwata 187 fi qaj. adabbii keewwata 22(1)(B)’tiin yakka irra cimaadhaaf adabbii ka’uumsaa fi gulantaa inni jalatti kufu qabachuun yakkoota daddabalamaa hafaniif mata mataan gulantaa lama lama dabaluuudhaan kan shallagamu dha. Kunis adabbii olaanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin ta’a.

Sababni adabbii cimsu addaa inni lammataa yakkamaa irra deddeebii (recidivist) ta’anii argamuudha. SY keewwata 67 jalatti akka tumametti namni tokko yakkamaa irra deddeebii jedhamee adabbiin itti cimee kan murtaa’u ulaagaaleen 4 yoo guuttamani dha. Isaanis: 1) kanaan dura yakka raawwatee adabbiin hidhaa itti murtaa’ee kan ture yoo ta’e; 2) adabbii hidhaa yakka dura raawwatee guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee

yeroo waggaa shanii keessatti yakka haaraa kan raawwate yoo ta'e; 3) yakki haaraa raawwatame kunis ka'uumsa adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jaha ta'een kan adabsiisuu danda'u yoo ta'ee fi; 4) yakkaa haaraa sana itti yaadee kan raawwate yoo ta'edha. Haalli adabbiin yakkamaa irra deddeebii itti cimu qajeelfama Adabbii Lakk 2/2006, kwt 22(2) fi SY keewwata 188 jalatti ibsameera. Adabbiin yakkamaa irra deddeebii ka'uumsa adabbii adda bahe irraa ka'uun gulantaa tokkoo kaasee olguddachuu danda'a (SY kwt 188). Hangi adabbii kunis yakka haaraaf ykn yakkootni haaraan daddabalamaa ta'anii yeroo dhiyaatan isaan keessaa yakka cimaa ta'eef kutaa addaa seerichaa keessatti adabbii fiixee tumame hamma dachaa ta'utti olka'uu danda'a. Haalotni yakkamaan amaleeffataa (persistent recidivist) ta'uu agarsiisan yoo jiraatan immoo hanga adabbii olitti teechifamellee darbuu danda'a. Garuu, daangaa baaxii adabbii gosa yakkichaaf kutaa waliigalaa SY keessatti taa'e darbuu hin danda'u.

1.2.6. Sababa Adabbii Cimsu Waliigalaa Gargaaramuun Adabbii Murteessuu

Sababootni waliigalaa adabbii cimsan sababoota haalli yakkamaa balaafamaa ta'uu agarsiisan ta'anii; kaayyoo yakkicha raawwatee fi kutaa yaada sammuu yakkamaa akkasumas haala addaa miidhamaan dhuunfaa qabu irraa kan maddu dha. Qajeelfamni adabbii keewwata 21 jalatti manni murtii sababoota adabbii cimsan waliigalaa shan hin caalle fudhachuu akka danda'uu fi tokkoon tokkoon sababa adabbii cimsu waliigalaatiif gulantaa tokko dabaluu akka qabu teechiseera. Keewwatni kun sababootni adabbii cimsan shan hanga hin caalletti qubee tokko jalatti (fakkeenyaaf, SY keewwata 84/1/a/) sababoota tokkoo ol fudhachuun akka danda'amu ni kaa'a Sababootni adabbii cimsan SY keewwata 84(1) /a-e/ jalatti tarreeffamanii jiru. Isaan kunis: yakkichi ofittummaan, gantummaan yookin nama miidhuuf fedhii guutuu qabaachuun yookin gara jabina addaatiin yoo raawwatame; yakkamtichi aangoo isaa yookin ittigaafatamummaa argatettii gargaaramuun yakka kan raawwate yoo ta'e; yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa godhatee qabachuun isaa yookin haalli raawwii isaa balaafamaa addaa ta'uu isaa kan agarsiise yoo ta'e; yakka raawwachuuf waliigaltee uumuun yookin kanneen biroo waliin ta'uun yakka yoo raawwate; yookin yakkicha kan raawwate nama eegumsa addaa isa barbaachisu irratti yoo ta'e dha. Keewwata kana jalatti qabxiileen ofeeggannoon ilaalamuu qaban keessaa inni tokko yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa godhatee qabachuu kan jedhu dha. Sababni kun akka haala adabbii cimsuutti fudhatamuudhaaf yakki armaan dura yookin haaraa raawwatame himatamaa sana akka

yakkamaa irra deddeebiitti ittigaafatamummaa isaa cimsuuf ulaagaan barbaachisu kan hin guuttamne yoo ta'e dha. Ogummaa isaa godhachuudhaan yakki armaan dura raawwate akkaataa seeraatiin yakkamaa irra deddeebii kan isa taasisu yoo ta'e sababa kana bu'uura keewwata 84 tiin adabbii cimsuuf itti fayyadamuun ni hafa jechuu dha.⁷⁷ Qabxiin inni biraa ilaallamuu qabu 'kanneen biroo' waliin ta'uun yakka yoo raawwate sababa jedhu dha. sababa adabbii cimsu kanaan walqabatee falmiif saaxilamaa kan ta'e gaalee 'kanneen biroo' jedhu yoo ta'u, gaaleen kun himatamaa namoota biroo 2 fi isaa ol ta'an waliin yakka raawwateef malee nama biraa tokko waliin waliigalatti nama 2 ta'uun yakka raawwatameef raawwatiinsa hin qabu yaadni jedhu bal'inaan ni ka'a.⁷⁸

Sababootni waliigalaa adabbii cimsan biraa kan SY keewwata 84 jalatti hin ibsamne yeroo argamuu fi manni murtiis sababa kana yeroo itti amanu bu'uura SY keewwata 86'tiin akka sababa adabbii cimsuutti fudhachuu danda'a. Qajeelfamni adabbii keewwata 25 jalatti manni murtii sababoota kanneen yeroo fayyadamu sababootni waliigalaa adabbii cimsan yeroo jiraatan adeemsa hordofamuun kan walfakkaatu hordofuu akka qabu ni teechisa.

Sababoota adabbii cimsan ilaalchisee qabxiin biraa ilaalamuu qabu sababootni adabbii cimsan lamaa fi isaa ol ta'anii fi uumama walfakkaataa qaban akka yaada adabbii cimsu tokkootti qofa kan fudhataman ta'uu isaati. Fakkeenyaaf daa'ima umuriin hin geenye irratti yakki kan raawwatame abbaa isaatiin osoo ta'ee, yakkamaan nama daa'ima kana bulchuuf ittigaafatamummaa qabu ta'uun isaa fi daa'imni sun sababa umurii isaatiin eegumsa addaa kan barbaadu ta'uu fi kkf yoo jiraatanillee akka sababa adabbii cimsu tokkootti qofa fudhatamu.⁷⁹

1.2.7. Sababa Adabbii Salphisu Waliigalaa Gargaaramuun Adabbii Murteessuu

Sababootni Waliigalaa adabbii salphisu SY keewwata-82(1(A-E)) jalatti tarreeffamaniiru. Manni murtii tokkoon tokkoon sababoota adabbii salphisaniif gulantaa adabbii ka'uumsaa argamurraa gulantaa tokko gadi bu'uun ni murteessa. Keewwata xiqqaa tokko jalatti sababootni adabbii salphisu daddabalamanii kan argaman yoo ta'e, Manni Murtii sababa isaa barreeffamaan ibsuun adabbicha akkuma barbaachisummaa isaatti salphisuu ni danda'a. Ta'us sababootni kunneen hedduu yoo ta'anillee manni murtii sababoota shan caalaa fudhatee adabbii

⁷⁷ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, 2009:76

⁷⁸ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, 2009:76

⁷⁹ Dejene Girma & Mekonnen Feleke, 2009:78

salphisuu hin danda’u. Kana malees, adabbiin bu’uura kanaan yeroo salphatu adabbii seeraan tumame irraa osoo gadi hin bu’iin ta’a /keewwata 179/. Tumaa SY keewwata 82(2) irraa akkuma hubatamu kutaa addaa seera yakkaa keessatti haalawwan yookiin sababootni waliigalaa adabbii salphisuun kunneen haammatamanii yeroo argaman manni murtichaa sababootuma kana adabbii salphisuuf irraa deebi’uun itti fayyadamuu hin danda’u.

Sababootni waliigalaa adabbii salphisuun biraa kan SY keewwata 82 jalatti hin ibsamne yeroo argamuu fi manni murtiis sababa kana yeroo itti amanu bu’uura SY keewwata 86’tiin akka sababa adabbii salphisu waliigalaatti fudhachuu danda’a. Qajeelfamni adabbii keewwata 25 jalatti manni murtii sababootni waliigalaa adabbii salphisuun bu’uura SY keewwata 86 tiin yeroo fudhatu Sababoota Waliigalaa adabbii salphisuun SY keewwata-82(1(A-E)) jalatti hordofamuun kan walfakkaatu hordofuu akka qabu ni teechisa.

1.2.8. Sababoota Addaa Adabbii Salphisuun Gargaaramuun Adabbii Salphisuu

Sababootni manni murtii akka itti fakkaatetti adabbii akka salphisu dandeessisan garagaraa kutaa addaa fi waliigalaa seera yakkaa keessatti teechifamaniiru. Isaan kunis: haalotni tumaa SY 28/2/, 29, 49; 72; 74(2); 75; 76; 77; 79; 81, 371, 372, 453,561, 550; 454; 544; 652(2), 806 jalatti teechifaman yeroo guuttamanii argamani dha. Sababootni addaa adabbii salphisuun kunneen yeroo jiraatan manni murtii akka itti fakkaatetti adabbii salphisuu ykn akaakuu adabbii ykn daanga adabbii gadi aanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakkiichaaf kaa’ameen otoo hin daanga’iin adabbii salphisuu yookin hanga yakkamaa adabbii irraa bilisaan gaggeessuutti gahuu (kew- 83(2)) ni danda’a. Ta’us, adabbii gadi aanaa kutaa waliigalaa seerichaa keessatti kaa’amee gadi ta’uu hin danda’u.

Sababootni adabbii salphisuun addaa yeroo jiraatan manni murtii duraa duuba olitti agarsiifamanii fi qajeelfama adabbiitiin ibsaman kanneen hordofuun irraa eeggama moo miti? qabxiin jedhu ijoo falmisiisaa dha. Qabatama gama kanaan jiru hubachuuf dhimmoota itti aanan haa ilaallu.

Dhimmoota Yakkoota Sadarkaan Baheef Ilaallatan

Dhimma 1^{ffaa}

Dhimma Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Giddu-galeessaatti ilaalame tokko keessatti⁸⁰ himatamaan mana murtii jalaatti badii kan taasifame SY keewwata 555 jalatti ture. Manni murtii kun garuu dhimmicha oliyyannoon erga ilaale booda himatamaan adabamuu kan qabu Seera Yakkaa keewwata 557 jalatti ta'uu osoo qabuu SY keewwata 555 jalatti adabamuun isaa sirrii miti jechuun murtii jalaa diigeera. Sababni caqasames “yakkichi kan raawwatame osoo namni yakka raawwate kun oyiruu jimaa isaa eegaa jiruu miidhamtootni dhuunfaa (haadha manaa isaa duraanii kan turtee fi obbolaa ishii) oyiruu jimaa isaa kanatti deemanii jimaa guuruuf yeroo yaalan lolli kan uumame ta'uun isaa sababni lolichaa miidhamtoota dhuunfaa waan ta'aniif, manni murtii jalaa bu'uura SY keewwata 557(1)(b) tiin adabbii salphisuu osoo qabuu akka sababa adabbii salphisu waliigalaa tokkootti qofa bu'uura SY keewwata 82(1)(d) tiin fudhatee darbuun dogoggora” jedheera.

- Isin murtii armaan olii adabbiin walqabatee kenname akkamitti ilaaltu?
- Tumaan seera yakkaa keewwatni 557(1)(b)n “*sababa tuttuqaa garmalee nama aarsuun, sababa tasaa sammuu jeequun inni hin eegneen, yookiin miira olaanaa yookiin miiraa ho'aa onnee tuqurraa maddeen ta'ee, haalawwan isaa tilmaama sammuu tiin gochicha raawwachuun kan nama geessaniifi gartokkeen dhiifama kan kennisiisan yoo ta'an*” jedha. Firiin dubbi dhimma kana keessatti mirkanaa'ee fi olitti ibsame ulaagaa tumaa seeraa kanaan ibsame kana ni guutaa?

Dhimma 2^{ffaa}

Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin murtaa'e tokko keessatti⁸¹ himatamaan balleessaa kan taasifame himannaa 3 jalatti yoo ta'u isaanis: SY keewwata 539(1)(A), 556(2,a) fi 559(1) jalatti dha. Himatamaan kun miidhamtuu dhuunfaa (duutuu) kan taate haadha isaa sababa “sanyiin keessan nama ajjeesa, abbaan kees nama ajjeeseera jettee na arrabsite” jedhuun akkasumas qarshii na dhoowwate sababoota jedhaniin haaloo itti qabatee halkan keessaa sa'aatii 6 tti yeroo ishiin hirriba irra jirtutti cuupheedhaan laphee irra, cinaacha irra, harma jalaa fi bakka adda adda gara jabinaa fi hammeenyummaan waraanuun battalumatti ajjeesuun isaa mirkanaa'eera. Kana malees, miidhamtootni dhuunfaa 2ffaa fi 3ffaan obbolaa isaa umuriin isaanii gaa'ilaaf hin geenye

⁸⁰ Dhimma MMWODhGG, LG 402678 ta'e irratti gaafa 07/10/2014 kan murtaa'e.

⁸¹ Dhimma MMO GAONF, LG 73544 keessatti gaafa 25/06/2014 murtaa'e

yeroo haadha isaanii irraa dhoowwuuf yaalan miidhaa qaama salphaa waan irraan gaheef akkaatuma himannaatiin badii taasifameera.

Manni murtii kun adabbii yeroo murteessu tumaan jalqabaa himatamaan jalatti badii taasifame adabbii hidhaa umurii guutuu yookiin du'aan kan adabsiisu waan ta'eef, bu'uura SY keewwata 184(1A) tiin himannaa 2ffaa fi 3ffaan himannaa 1ffaa jalatti haguugamu jedheera. Himannaa 1ffaa jalatti himatamaan yakkicha halkan raawwachuu fi haadha isaa irratti raawwachuu fi meeshaa qara qabu fayyadamuun isaa sababootni adabbii cimsan 3 waan guutamaniif yakkichi sadarkaa 2ffaa gulantaa 39ffaa jalatti kan kufu dha jedheera. Sababni adabbii salphisu 1 innis kuusaa yakkaa kan hin qabne ta'uun akka armaan dura amala gaarii qabuutti fudhatameefi gulantaa 38ffaa jalatti adabbii hidhaa umurii guutuutiin akka adabamu itti murtaa'eera.

- Adabbii ilaalchisee murtiin manni murtii kun kenne hanqinaalee inni qabu ibsaa.

Dhimma 3^{ffaa}

Dhimma kana keessatti⁸² himatamaan balleessaa kan taasifame Seera Yakkaa keewwata 541(a) darbuunidha. Yaadni adabbii yeroo kennamu abbaan alangaa tumaan seeraa himatamaan jalatti balleessaa jedhame sadarkaa fi gulantaan kan baheef waan hin taaneefi yakkichi cuubee fayyadamuun waan raawwatameef yakkichaaf sadarkaan olaanaan qabamee halkan waan raawwatameef adabbiin gulantaa tokkoon cimee nuuf haa murtaa'u jedheera. Abukaatoon himatamaa immoo himatamaan yakkicha kan raawwate kaka'uumsa du'aatiin waan ta'eef sadarkaan yakkichaa gadi aanaan akka qabamu gaafate. Manni murtichaas yakkichaaf sadarkaan kan hin baaneef ta'uu ibsuun haalli raawwii isaas du'aan osoo haadha manaa himatamaa waliin sagaagaluu suuraa adda addaa ka'uun himatamaan miira aarii keessa akka galu erga taasisse booda himatamaan kunis eeruu kan kenne ta'uu fi sababa kanaanis du'aan karaa irratti eeggatee lola itti kaasuu fi himatamaan cuuphee inni ittiin waraanuuf yaale harkaa fuudhee kan ittiin waraane ajjeese ta'uu ibseera. Himatamaan kunis miidhaa qaqqabuuf ture ittisuuf gocha barbaachisuu ol darbee hamma ofirraa ittisuu seera qabeessa ta'e waan darbeef bu'uura seera yakkaa keewwata 79 fi 180 tiin akka itti fakkaatetti adabbii salphisuun adabbii hidhaa wagga 2 murteesseera.

- Yaada adabbii abbaan alangaa kenne akkamitti ilaaltu?

⁸² Dhimma MMO GAONF tti murtaa'e, LG 73681, gaafa 25/06/2014 murtaa'e

- Manni murtii dhimma kana irratti adabbii akka itti fakkaatetti salphisee murtii kennuun isaa sirriidhaa?

Dhimma 4^{ffaa}

Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin murtaa’e tokko keessatti⁸³ himatamaan SY keewwata 356 jalatti balleessaa taasifameera. Tumaan kunis adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneen kan adabsiisu dha. Manni murtichaa adabbii yeroo murteessu yakkichi sadarkaa fi gulantaan kan baheef ta’uu ibsuun hanga qarshii sobaa himatamaan qopheesse qarshii 2200 waan ta’eef kunis sadarkaa 1ffaa gulantaa 21ffaa jalatti kufa jedheera. Sababni adabbii cimsu fudhatame kan hin jirre yoo ta’u, sababni adabbii salphisu 1 fudhatameera. Kanaaf manni murtichaa gulantaa 20ffaa jalatti adabbii wagga 4 fi baatii 5 murteesseera.

- Sadarkaa fi gulantaan yakka kanaaf Manni Murtii kun baase sirriidhaa? Adabbii xumura irratti mana murtii kanaan kenname hoo akkamitti ilaaltu?

Dhimma 5^{ffaa}

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWF tiin murtaa’e tokko keessatti⁸⁴ himatamaan balleessaa kan jedhame seera yakkaa keewwata 543(2) jalatti dha. Manni murtichaa murtii adabbii yeroo murteessu jalqaba irratti yakkichi yeroo raawwatamu bakkaa fi sa’aatii yakki kun raawwatetti daa’imman karicha fayyadaman hedduu akka turanii fi konkolaataan biraas bakka sana kan ture ta’uu waan mirkanaa’eef himatamaan kunis iddoo fi yeroo akkasiitti ofeeggannoo gochuu qabu madaaluu dhabuudhaan yookiin balaan hin uumamu tilmaama jedhu fudhachuun malee balaan akka uumamuu malu beekuu dhabee waan hin taaneef dagannoo beekamaa akka qabu xiinxaleera. Itti aansuun miidhamtuu karaa ce’uuf yaaluun ishii raawwii gochichaa keessatti gumaacha qabaachuu kan agarsiisu miti jechuun sadarkaa 4ffaa jalatti gulantaa adabbii hidhaa 16ffaa kan adabbii maallaqaa gulantaa 4ffaa qabateera.

- Isin haala manni murtichaa dagannoo beekamaa fi hin beekamne akkasumas gumaacha qabaachuu fi dhabuu miidhamtuu dhuunfaa adda baasuuf itti yaale akkamitti ilaaltu?

Dhimma 6^{ffaa}

⁸³ Dhimma MMO GAONF tiin LG 73547 keessatti gaafa 28/6/2014 murtaa’e

⁸⁴ Dhimma DhIMMWF tiin murtaa’e, LG 230508, 30/12/2014 (kan hin maxxanfamne).

Dhimma Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Kaabaatti ilaalamee murtii argate tokko keessatti⁸⁵ himatamaan abbaa isaa ajjeese jedhamee SY kwt 49/1/ fi 540 jalatti balleessaa taasifameera. Ragaan Hospitaala Amaanu'eel irraa argame akka agarsiisutti “himatamaan guyyaa gochaa kana raawwatetti dhibee sammuu cimaa jala jira jechuun hin danda'amu” kan jedhu dha. Manni murtiis gulantaa ka'uumsaa 31ffaa qabachuun, itti aansuun ragaan mana yaalaa dhiyaate himatamaan itti-gaafatamummaa gartokkee qabaachuu ni hubachiisa jechuun adabbii himatamaa bu'uura SY kwt 180'tiin salphisuun hidhaa waggaa shaniitiin adabeera. Murtii kana keessatti manni murtichaa bu'uura SY kwt 180'tiin hir'isneerra jechuun alatti sababa itti-gaafatamummaa gartokkee jedhame kanaaf adabbii hidhaa waggaa 5 murteesse hin ibsine.

- Isin manneen murtii bu'uura SY kwt 180'tiin yeroo adabbii hir'isan adabbii ka'uumsaa qabachuu fi sababa addaa adabbii salphisu bu'uureffachuun gulantaa meeqa akka hir'isan ibsuun isaanirraa eeggama moo isaanirraa hin eeggamu jettu?

1.3. Adeemsa Murteessa Adabbii Yakkoota Sadarkaa fi Gulantaan Hin Baaneefi

Yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef ilaalchisees duraa duuba adabbii murteessuuf hordofamuu qabu qajeelfamicha keewwata 26(2) tarreeffameera. Itti aansuun qabxiilee kanneen ilaalla.

1.3.1. Adabbiin Hidhaa Salphaafi Cimaa Yeroo Jiraatu Keessaa Tokko Filachuu

Tumaan kutaa addaa seera yakkaa himatamaan jalatti badii taasifame adabbii hidhaa cimaa fi salphaa akka filannootti mana murtiif kan dhiise yoo ta'e, manni murtii gosoota adabbii lamaan keessaa isa tokko filachuuf tumaa seera yakkaa keenya keewwata 106 fi 108 jalatti hiikkoo hidhaa salphaa fi cimaaf kenname bu'uureffachuun gosa adabbii isa tokko filachuu qaba. Tumaan qajeelfama adabbii keewwatni 26 (2, a) n olitti ibsame yeroo adabbiin hidhaa salphaa fi cimaan akka filannootti taa'e raawwatiinsa akka qabaatu hin ibsu. Ta'us gosti adabbii seerichaan filannoodhaan kan teecheffame yeroo ta'utti sadarkuma kanatti adda bahuu akka qabu kan hubatamudha.

⁸⁵ Dhimma MMO Go/Shawaa Kaabaatti, Lakk G 43308 tiin murtaa'e.

Rakkoo qabatamaan gama kanaan mul'atu manneen murtii yeroo hedduu adabbii hidhaa salphaa fi cimaa keessaa isa tokko filanne jechuun alatti sababa gosa adabbii hidhaa sana filataniif murtii keessatti hin ibsani. Dhimma Dhaddacha Yakkaa (Giddu-galeessaa) Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin murtaa'e keessatti⁸⁶ himatamaan SY keewwata 689 jalatti balleessaa kan taasifamee ture yoo ta'u, keewwatichis adabbii hidhaa salphaa yookiin maallaqaan kan adabsiisu dha. Manni murtichaa “adabbii seerichi filannoodhaan teechise keessaa himatamaa kana adabbiin hidhaa caalaatti barsiisuu danda'a jennee adabbii hidhaa filanneerra” jedheera. Manni murtii kun maaliif adabbiin hidhaa caalaatti himatamaa kana akka barsiisuuf filatame garuu hin ibsine. Bu'uura qajeeltoo tumaa seera yakkaa keewwata 88(3)tti jalatti ibsameetiin adabbiin yeroo murtaa'u adabbii isa xiqqaa irraa gara isa cimaatti adeemamuu qaba. Kana jechuun adabbiin inni salphaan akka filannootti yeroo seeraan taa'ee jirutti, adabbi isa caala cimaa ta'e filachuuf sababa (justification) qabaachuu qabna. Kanaaf qajeeltoo irraa maquun adabbii cimaa filachuun murtiiwwan kennaman akka kanaa keessatti sababa gosti adabbii sun filatameef ibsuu dhabuun murtichi iftoomina akka hin qabaanne kan taasisu qofa osoo hin taane seeras kan faallessu (seera yakkaa keewwata 88/3/) dha. Tumaan seera yakkaa himatamaan jalatti badii taasifame adabbii hidhaa fi maallaqaa filannoon kan kaa'e yeroo ta'us haaluma walfakkaataan ilaalamuu akka qabus kan hubatamu dha.

1.3.2. Sadarkaa Yakkichaa Murteessuu

Sadarkaa yakkaa baasuuf qajeelfama adabbii keewwata 19(5) bu'uura godhachuun haala raawwii yakkichaa, akaakuufi hamma miidhaa dhaqqabee, faayidaa argame, yakkichi durfamee itti yaadamee raawwatamuu fi dhabuu isaa fi yakkichi dagannoon gocha raawwatame yoo ta'e dagannoon kun dagannoo beekamaa ykn dagannoo hin beekamne ta'uu isaa fi k.k.f ilaalcha keessa galchuun yakkicha gadi-aanaa, giddu-galeessa yookin cimaa jechuun sadarkeessuu dha. Sadarkaa yakkichaa haala kanaan yeroo baasu sababa isaa murticha irratti ibsuu qaba.

Bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 19(2) fi 19(5) tiin sadarkaan yakkichaa erga adda bahe booda gulantaa adabbii yakkichaa murteessuuf reenjiin baaxii adabbii isa xiqqaa fi olaanaa (keewwata badii taasifame jalatti ibsame) jidduu jiru bakka afuritti qoodama. Itti aansuun manni

⁸⁶ Dhimma MMWODhGG tti, LG 352962, 29/07/2014 tiin murtaa'e.

murtii sadarkaa yakkichaa gadaanaa jedhee kan ramade yoo ta'e gulantaa adabbii yakkichaa 1ffaa jechuun qabata. Sadarkaa yakkichaa giddu-galeessa jalatti yoo ramade gulantaa adabbii 2ffaa, sadarkaa isaa ol'aanaa jechuun yoo ramade gulantaa adabbii isaa 3ffaa jechuun gulantaa adabbii yakkichaa adda ni baasa. Manni murtii yakki raawwatame baay'ee cimaadha jedhee yoo amane qofa adabbii yakkichaa gulantaa 4ffaa keessatti kan murteessu ta'a.

Dhimma tokko akka fakkeenyaatti fudhannee ilaaluudhaaf, namni tokko yakka gubiinsa abiddaa geessisuun Seera Yakkaa keewwata 494(1) jalatti badii taasifame haa jennu. Tumaan kun hidhaa cimaa Waggaa 10 hin caalle adabsiisa. Tumaan seera yakkaa kun baaxii olaanaa waggaa 10 ibsuun alatti baaxii adabbii isa xiqqaa hin keenye. Kanaaf bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 108 tiin baaxii inni xiqqaa adabbii hidhaa cimaa (waggaa 1) kan fudhatamu ta'a jechuudha. Adabbiin ka'uumsaa tumaa yakkaa kanaa waggaa tokko ta'a jechuudha. Kanaaf tumaa yakkaa kana jalatti adabbiin hidhaa cimaa waggaa 1 hanga 10 jidduutti kan murtaa'u ta'a jechuudha. Reenjii isaa yeroo baasnu wagga 10 hir'isuu waggaa 1, innis wagga sagal ta'a jechuudha. Reenjii kana bakka afuritti yeroo hirru (9/4) waggaa 2.25 ta'a. Kunis waggaa 2 fi baatii 3 jechuu dha.

Kana jechuun ulfaatina yakkichaa, miidhaa dhaqqabee fi kkf bu'uureffachuun sadarkaa yakkicha jalatti ramadnu irratti hundaa'ee adabbiin isaa akka armaan gadiitti murtaa'uu danda'a:

- Gulantaa 1ffaa jalatti kan ramadne yoo ta'e Waggaa 1 hanga wagga 3 fi ji'a 3 (Waggaa 1 + Waggaa 2 fi baatii 3)
- Gulantaa 2ffaa jalatti kan ramadne yoo ta'e Waggaa 3 fi ji'a 3 hanga wagga 5 baatii 6 (Waggaa 3 fi ji'a 3 + Waggaa 2 fi baatii 3)
- Gulantaa 3ffaa jalatti kan ramadne yoo ta'e, waggaa 5 fi ji'a 6 hanga wagga 7 fi ji'a 9 (Waggaa 5 fi ji'a 6 + Waggaa lamaa fi ji'a 3)
- Gulantaa 4ffaa jalatti kan ramadne yoo ta'e, Waggaa 7 fi ji'a 9 hanga wagga 10 (Waggaa 7 fi ji'a 9 + Waggaa 2 fi ji'a 3) jidduutti adabbii ka'uumsaa murteessa jechuu dha.

1.3.3. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu

Sadarkaa fi gulantaan yakkichaa fi baaxiin adabbii inni xiqqaa fi olaanaan sadarkaa yakkichaatiif malu erga adda bahe booda reenji jiru keessatti adabbiin ka'uumsaa akka murtaa'u qajeelfamni adabbii keewwata 19(8-12) jalatti ni ibsa. Adabbii ka'uumsaa reenji kana keessatti murteessuuf

qabxiilee tumaa SY keewwata 88/2/ jalatti teechifaman (hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa barumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaafi haalawwan raawwii isaa) madaaluu qaba.

Rakkoo qabatamaan gama kanaan manneen murtii biratti yeroo hedduu mul'atu 'adabbii ka'uumsaa hanga kana qabanne' jechuun alatti sababa hanga adabbii ka'uumsaa sun qabameef ibsuu dhabuu fi adabbiin ka'uumsaa qabamus sababaawaa ta'uu dhabuufi firii dubbii galmee keessatti mirkanaa'e waliin ilaaluu irrattis hanqinni ni mul'ata.

1.3.4. Gulantaa Ka'uumsaa Yakkichaa Miiltoo 1ffaa Irraa Adda Baasuu

Haalota olitti ibsaman bu'uureffachuun hanga adabbii ka'uumsaa erga murteessine booda hanga adabbii sun gabatee Miiltoo 1ffaa jalatti gulantaa meeqaffaa jalatti akka kufu ilalla. Adabbiin ka'uumsaa murtaa'e gulantaa walitti aanan lama keessatti kan kufu yoo ta'e, gulantaa isa xiqqaa akka gulantaa ka'uumsaatti akka qabatu Qajeelfamni adabbii keewwata 19(11) jalatti ibsameera.

1.3.5. Sababoota Adabbii Cimsanii Fi Salphisani Fayyadamuu

Gulantaan ka'uumsaa yakkichaa erga adda bahe booda manni murtii hojiin itti aansuun hojjetu sababoota adabbii cimsanii fi salphisani fayyadamuun adabbii cimsuu fi salphisuu dha. Kunis ulaagaalee fi duraa duuba tumaalee seera yakkaa keewwata 82-86tti jiran fayyadamuun kan raawwatamuu fi yakkoota sadarkaan baheef ilaalchisee qabxiilee olitti mata duree 3.1.5 hanga 3.1.8 jalatti kan ibsameen haala walfakkaataan kan raawwatamu dha. Qabatama gama kanaan jiru hubachuuf dhimmoota itti aanan haa ilaallu.

Dhimmoota Yakkoota Sadarkaan Hinbaaneef Ilaallatan

Dhimma 7^{ffaa}

Dhimma qabatamaa MMO G/O/N/F tti ilaalame keessatti⁸⁷ himatamaan balleessaa kan taasifame Seera Yakkaa keewwata 481(1)A darbuun yoo ta'u keewwatichi adabbii maallaqaa fi hidhaa cimaa waggaa 5 hin caalleen yookiin haalli isaa ulfaataa yommuu ta'utti hidhaa cimaa wagga 10

⁸⁷ Dhimma MMO GAONF tiin LG 73493 ta'een gaafa 27/07/2014 murtaa'e.

hin caalleen kan adabsiisu dha. Manni murtichaas meeshaan waraanaa himatamtoota harkatti qabame rasaasa qofa waan ta'eef sadarkaa yakkichaa gadi-aanaa qabateera. Itti aansuunis ka'uumsa adabbii hidhaa wagga 1 fi baatii 6 qabanne jedheera. Kunis gulantaa adabbii ka'uumsaa 8ffaa jalatti kufuu ibsuun himatamaa 1ffaaf sababoota adaabbii salphisan waliigalaa 3 fudhachuun gulantaa 5ffaa jalatti hidhaa baatii 9tiin, himatamtoota 2ffaa fi 3ffaaf sababa adabbii salphisu waliigalaa 2 fudhachuun gulantaa 6ffaa jalatti hidhaa baatii 8 fi adabbii maallaqaa qarshii 3000tiin akka adabamu murteesseera.

- Murtii adabbii hidhaa ilaalchisee dhimma kana irratti kenname akkamitti ilaaltu?
- Manni murtii kun bu'uura tumaalee Seera Yakkaa himatamaan jalatti badii jedhameefi tumaa kutaa waliigalaa keewwata 108 tiin adabbii hidhaa cimaa waggaa 1 gadii murteessuu ni danda'aa?

Dhimma 8^{ffaa}

Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin oliyyannoon ilaalame tokko keessatti⁸⁸ himatamaan balleessaa kan taasifame SY keewwata 572(1) fi dambii to'annoo tiraafikaa lak. 194/2009 keewwata 18(1,2) darbuun konkolaataa uummataa oofaa ture sababa ariitiitiin daandii gadi lakkisee konkolaataa miidhamtoota dhuunfaa gara garaa 2 irraan miidhaa qabeenyaa qarshii kuma 30 fi kuma 5 waan geessiseef duraa duubaan himannaa 1ffaa fi 2ffaa irratti dhiyaate jalatti badii jedhameera. MMO xiinxala isaa keessatti Manni murtii jalaa yakka kanaan miidhaan dhaqqabe cimaa ta'uu ibsuun adabbii hidhaa filachuun dogoggora bu'uura ta'ee argameera jedhe. Kana malees, oliyyataan dhukkubsataa onnee ta'uu ragaa mana yaalaas kan dhiyeesse ta'uufi kanaafis nama hordoffiin yaalaa barbaachisuuf ta'uu isaa hubatee osoo jiruu adabbii hidhaa filachuun isaa deeggarsa seeraa kan qabu miti jechuun yakkoota lamaaniifuu adabbii maallaqaa filateera. Sadarkaa yakkichaa gadi aanaa erga qabate booda himannaa 1ffaa jalatti adabbii qarshii 3300; himannaa 2ffaa jalatti adabbii qarshii 2000 qabachuun walitti ida'uun qarshiin 6300 gulantaa 5ffaa miiltoo 2ffaa jalatti waan kufuuf sababni adabbii salphisu 2 waan fudhatameef gulantaa 3ffaa jalatti adabbii qarshii 3000 tiin adabeera.

- Adabbii ilaalchisee murtii mana murtii olaanaatiin kennamee fi sababoota caqase akkamitti ilaaltu?

⁸⁸ Dhimma MMO GAONF tiin LG 73638 keessatti gaafa 04/05/2014 murtaa'e.

Dhimma 9^{ffaa}

Dhimma Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Giddu-Galeessaatti ilaalame tokko irratti⁸⁹ himatamaan balleessaa qaba kan jedhame seera yakkaa keewwata 590(1)(B) fi 2(c) jalatti dha. Manni murtichaa adabbiin keewwaticha jala taa'e hidhaa cimaa waggaa 5 hanga wagga 15 kan adabsiisu ta'uu ibsuun yakkichaaf sadarkaa baasuuf reenji kana bakka saditti qooduun, sadarkaa gadi aanaaf waggaa 5 hanga wagga 8 fi ji'a 4; sadarkaa jiddu-galeessaaf wagga 8 fi ji'a 4 hanga wagga 11 fi ji'a 8; sadarkaa olaanaaf wagga 11 fi ji'a 8 hanga wagga 15 kan adabsiisu ta'uu qabateera. Itti aansuunis manni murtii kun "miidhaan himatamaan dhaqqabsiise kan hin jirre waan ta'eef adabbii ka'uumsaa hidhaa cimaa wagga 5 qabanneerra" jedheera. Adabbiin ka'uumsaa kunis gulantaa 20ffaa jalatti kan kufuu fi himatamaan sababoota adabbii salphisan 2 qabaachuu ibsuun gulantaa 18ffaa jalatti adabbii hidhaa cimaa wagga 3 fi ji'a 7 tiin akka adabamu murteesseera.

- Manni Murtii kun yakkichaaf sadarkaa baasuuf reenji adabbii yakkichaaf taa'e isa olaanaa fi isa xiqqaa jidduu jiru bakka saditti qooduun isaa sirrii dhaa?
- Manni Murtii kun sadarkaa yakkichaa osoo 'gadi aanaa', giddu galeessa, kkf jedhee osoo hin ibsiin "adabbii ka'uumsaa hidhaa cimaa wagga 5 qabanneerra" jechuun darbuu isaa fi sababa adabbii ka'uumsaa baaxii isa xiqqaa qabachuuf gargaarame akkamitti ilaaltu?

Dhimma 10^{ffaa}

Dhimma tokko keessatti⁹⁰ himatamaan balleessaa kan jedhame Labsii 1177/2012 keewwata 22/(3) jalattidha. Manni murtichaa ulfina yakkichaa ilaalchisee "rasaasni shugguxii bu'aa yakkaati jedhamee mana himatamaatti argame baay'inni isaa 55 waan ta'eef sadarkaa yakkichaa gadi-aanaa fudhanneerra" jedheera.

- Sadarkaa yakkaa ilaalchisee sababa manni murtii kun ibse akkamitti ilaaltu?

Dhimma 11^{ffaa}

⁸⁹ Dhimma MMWODhGG tti, LG 353444, gaafa 11/09/2014 murtaa'e

⁹⁰ Dhimma MMO GAONF tti, L.G 73662, gaafa 20/08/2014 murtaa'e.

Dhimma Mana Murtii Olaanaatiin ilaalamee murtaa'e tokko keessatti⁹¹ himatamaan Labsii 1177/2012 keewwata 4(1) fi 22(3) jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtichaa gochaan himatamaa gulantaa adabbii ka'uumsaa 29ffaa jalatti kan kufu ta'uu ibseera. Himatamaa kanaaf sababni adabbii salphisu 3 qabameefi gulantaa 26ffaa jalatti kuffisuun adabbii hidhaa cimaa waggaa 8 fi adabbii maallaqaa qarshii 4000tiin akka adabamu murteessee jira.

- Dhimma kana irratti manni muutichaa gulantaa 29ffaa jalatti kufa jechuu malee sadarkaa yakkichaa hin baasne. Adabbiin ka'uumsaa gulantaa 29ffaa jalatti kufes adda bahee murticha keessatti hin ibsamne. Isin kana akkamitti ilaaltu?

Dhimma 12^{ffaa}

Dhimma Dhaddacha Yakkaa (Giddu-galeessaa) Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin murtaa'e tokko keessatti⁹² himatamaan SY keewwata 689 jalatti balleessaa kan taasifame yoo ta'u, manni murtichaa adabbii hidhaa salphaa filateera. Itti aansuunis manni murtichaa “haalli raawwii yakkichaa yeroo ilaalamu himatamaan dallaa irraa qorqoorroo 8 buqqisee aachumatti dhiisee kan deeme waan ta'eef miidhaan geessise xiqqaa ta'uu fi fayidaan argate waan hin jirreef sadarkaa yakkichaa gadi aanaa qabanne” jedheera. Xumura irrattis manni murtichaa “sadarkaa gadi aanaan himatamaa kana hidhaa guyyaa 10 hanga ji'a 9 fi guyyaa 22 kan adabsiisuu danda'u yoo ta'u, kana keessaa ka'uumsa adabbii hidhaa ji'a 9 fudhanneerra” jedheera.

- Sadarkaa yakkichaa gadi-aanaa erga qabate booda manni murtichaa ka'uumsa adabbii ji'a sagalii qabachuun isaa hammam madaalawaadha jettu?

1.4. Adabbii Bu'uura Seera Yakkaa Keewwata 179 tiin Salphisuu

Tumaan seera yakkaa keewwatni 179 mata duree “Dambii Idilee Adabbii Salphisu” jedhu kan qabu yoo ta'u, tumaaleen seera yakkaa tokko tokko adabbiin bu'uura keewwata kanaatiin akka hir'atu ibsuun gara tumaa kanaatti qajeelchu. Isaan keessaa ijoon tumaalee seera yakkaa *Sababoota Waliigalaa Adabbii Salphisu* ilaallatani (keewwata 82 fi 86) dha. Tumaan Seera Yakkaa keewwatni 82 sababoota adabbii salphisuuf gargaaran qubee a-e jalatti tarreessee jira. Keewwatni 86 immoo sababoota walfakkaatoo biroo keewwata 82 jalatti hin ibsamne manni

⁹¹ Dhimma MMO GAONF tti, L.G 73517 ta'e irratti gaafa 07/06/2014 murtaa'e.

⁹² Dhimma MMWODhGG, Lak. G 352962, gaafa 29/07/2014 murtaa'e

murtii akka sababa adabbii salphisu waliigalaatti akka fudhatu kan aangessu dha. Qajeelfamni adabbiis sababootni waliigalaa adabbii salphisan Seera Yakkaa keewwata 82 (a-e) jalatti tarreeffamanii fi sababootni bu’uura keewwata 86 tiin fudhataman mataa mataadhaan gulantaa tokko tokko akka hir’isan tumeera. Sababoota adabbii salphisuuf gargaaran kanneen gargaaramuun adabbiin hanga gulantaa 5 tti hir’achuu akka danda’us qajeelfamichi ni ibsa.

Bu’uura sababoota waliigalaa adabbii salphisan kanaatiin adabbiin hanga gulantaa 5 yeroo hir’atu, adabbiin murtaa’u tumaa himatamaan jalatti balleessaa jedhame irraa haalli itti gadi bu’u uumamuu mala. Yeroo kana daangaa tumaan seera yakkaa keewwatni 179 kaa’e keessatti gadi bu’uun adabbii murteessuun ni danda’ama jechuu dha. Haala kana dhimma qabatamaa fudhachuudhaan ibsuun ni danda’ama. Dhimma tokko keessatti himatamaan balleessaa kan jedhame seera yakkaa keewwata 556/2/A jalatti dha.⁹³ Adabbiin ka’umsaa yakkichaaf taa’e gulantaa 5ffaa jalatti kan kufu yoo ta’u; manni murtichaa sababa adabbii salphisu tokko waan fudhateef gulantaa 4ffaatti gadi bu’eera. Miiltoo 1ffaa qajeelfama adabbii jalatti gulantaa kanaaf adabbiin taa’e hidhaa baatii 4 hanga baatii 10ti. Bu’uuruma kanaan manni murtichaa tumaa seera yakkaa keewwata 179 gargaaramuudhaan hidhaa salphaa baatii afurii murteesseera. Adabbiin hidhaa baatii 4 kun adabbii keewwata himatamaan badii jalatti taasifame, 556/2/A (ji’a 6 hanga waggaa 3’tti) irraa kan gadi bu’u yoo ta’ellee, bu’uura Seera yakkaa keewwata 179 (e) tiin adabbii hidhaa salphaa baaxiin isaa olka’ee qabame ilaalchisee sababni adabbi salphisu yeroo argamu hanga adabbii hidhaa salphaa guyyaa 10tti gadi bu’uun akka danda’amu ibsameera.

Sababoota Waliigalaa Adabbii Salphisan (keewwata 82 fi 86) malees tumaaleen seera yakkaa biroo adabbiin bu’uura “Dambii Idilee Adabbii Salphisu” keewwata 179 tiin akka hir’atu gamas qajeelchan ni jiru. Tumaaleen seera yakkaa kunneenis keewwata 27(3), 28, 36, 37, 56, 373 (363-371 kan haammatu), 617 (613 fi 615) dha. Sababootni keewwatoota kanneen jala jiran guutamanii yeroo argaman adabbiin gulantaa hagamiin akka salphatu qajeelfamni adabbii waan jedhe hin qabu. Seerichi qabxii kana irratti hanga callisetti, daangaa seera yakkaa keewwata 179n taa’e keessatti manni murtii akka itti fakkaatetti (firii dubbii mirkanaa’e irraa ka’uudhaan) adabbii akka hin murteessine waanti dhoorku hin jiru. Kunis mana murtiif aangoo bal’aa kan kennu akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Itti aansuun qabiyyee tumaalee kanneenii fi qabatama jiru ilaaluuf yaalla.

⁹³ Dhimma MMA Magaalaa Naqamtee, LG 00112 tiin murtii argate.

1.4.1. Raawwattoota Yakkaa Dargaggoota Waggaa 15 ol Waggaa 18 Gadi Ta'anii

Seera Yakkaa keewwata 176 jalatti *“raawwataan yakkaa dargaggoo waggaa kudha shanii ol, waggaa kudha saddeetii gadi ta’e yommuu yakka raawwate manni murtichaa bu’uura tumaalee seeraa idileetiin /keewwata 56/ yommuu murteessu haalli naannoo dubbichaa sababa gahaa kan argamsiisu tahuu isaa kan tilmaame yoo ta’e, bu’uura seerichi hayyamuun /keewwata 179/ adabbii salphisuufii ni danda’a”* jechuun tumameera. Qabatama jiru yeroo ilaallu manneen murtii tokko tokko sababa umurii yakkamaa kana bu’uureffachuun gulantaa adabbii ka’uumsaa irraa gulantaa 1 hir’isu. Kaan immoo gulantaa daangaa seerri yakkaa keewwatni 179 seera himatamaan jalatti balleessaa taasifameef adabbiin akka hir’atu hayyamu keessatti akka feeteen adabbii salphisu.

1.4.2. Yakki Sadarkaa Yaalii Irratti Hafuu

Qabatama jiruun manneen murtii keenya yeroo hedduu yakkoota sadarkaa yaalii irratti hafaniif qajeelfama adabiittin ala bahuun murtii adabbii kennu. Kaan isaanii immoo yaalii irratti hafuu akka sababa bu’uura SY keewwata 179 tiin adabbii salphisuutti fudhachuun bu’uura keewwatichaatiin adabbii hir’isuuf itti fayyadamu. Darbee darbee immoo manneen murtii yaalii akka sababa adabbii salphisu addaatti fudhachuun bu’uura SY keewwata 180 tiin adabbii akka itti fakkaatetti yeroon hir’isan ni jira. Adeemsi kunneen sadaniyyuu haala isaa irratti hundaa’uun sirrii ta’uu danda’u. Kunis sababa raawwiin yakkichaa yaalii irratti akka hafu taasissee fi bu’aa (miidhaa) yakki yaalii sun hordofsiiseen kan murtaa’uu danda’u dha.

Manneen Murtii jalqaba yaalii bu’uura S/Y kwt 179 tiin adabbii idileedhaan salphisuuf sababni gahaan jira moo? hin jiru? jechuun xiinxaluu qabu. (S/Y kwt 27(3) fi 179). Manneen Murtii raawwiin yakkichaa yaalii irratti waan hafeef qofa qajeelfama adabiitin ala bahuun murtii adabbii kennu hin qabani. Yoo sababni gahaan jira ta’e qofa sababicha ibsuun bu’uura qajeelfamicha kwt 27 tiin qajeelfama ala bahun ulaagaale qajeelfamichaa fi adeemsoota kaa’aman eeguun murtii kennu qabu. Kana malees, sababa adda citiinsa gochaa yaalii sana irratti hundaa’uun sababa addaatiin (SY kwt 28, 29, 30, 31) yaaliin osoo hin milkaa’iin kan hafe yoo ta’e, akka sababa adabbii salphisu addaatti fudhachuun bu’uura qajeelfamicha kwt 24 tiin akka itti fakkaateetti adabicha bu’uura S/Y kwt 180 tiin murtii kennu qabu.

Seerri Yakkaa keewwatni 27(3) yakkoota yaaliitiif haala adabbiin itti murtaa’u ibsu, himatamaan tokko gocha yakkaa tokko kan yaale yoo ta’e, akka qajeeltootti, yakka raawwachuu barbaadeef adabbii tumameen akka adabamu ni ibsa. Haata’u malee haalawwan dubbichaa sababoota gahaa ta’an yommuu argamsiisan manni murtichaa bu’uura dambii adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbicha salphisuu ni danda’a jechuun tumeera. Raawwiin yakkaa sadarkaa yaaliitti hafuun isaa adabbii hir’isuu kan danda’u yoo ta’u, adabbicha hangamiin hir’isa isa jedhu irratti yaadni walfakkaataan hin jiru. Hayyootni tokko tokko, sababni kun akka sababa adabbii salphisu waliigalaatti kan ilaallamuu fi bu’uura SY keewwata 86 tiin fudhatamee gulantaa tokko qofa adabbii kan hir’isu dha yaada jedhu qabu.⁹⁴ Yaadni qabatamaan bal’inaan itti hojjetamu immoo yakki tokko yaalii irratti yoo hafe daangaa tumaa SY keewwata 179 n taa’e keessatti adabbiin hir’ifamuufi qaba kan jedhu dha.

Haata’u malee, yakki tokko sadarkaa yaaliitti hafuun isaa yeroo hundumaa bu’uura SY keewwata 179 tiin adabbii kan hir’isiisu akka hin taane tumaalee SY keewwata 28-31 tti argaman irraa hubatamuu ni danda’a. Yakkichi sadarkaa yaaliitti kan hafe sababoota addaa tumaalee kana jala jiraniin yeroo ta’u manni murtii bu’uura SY keewwata 180 tiin adabbii akka itti fakkaatetti haalli hir’isuu danda’u ni jira. Tumaa kanneen keessaa Seera Yakkaa keewwata 31 akka fakkeenyaatti yoo fudhanne manni murtii ‘yaalii irratti hafuu yakkaatiin’ walqabatee haala itti adabbii murteessu yeroo filatu ‘hanga tarkaanfii yaalii yakkichaa, sadarkaa cimina balaa yaaliin yakkichaa qaqqabsiisuu danda’u, sababa yaaliin yakkichaa xumura osoo hin argatiin hafe, akkasumas seenaa jireenyaa balleessichaa yeroo darbeefi balaafamummaa amala isaa’ ilaalcha keessa galchuun himatamaa akkaataa SY keewwata 180 tiin addabbii akka itti fakkaatetti hir’isuu akka danda’u ni hubatama.

1.4.3. Dhiisuu fi Gaabbuu, Kakaasuu fi Miiltummaa

Seerri yakkaa keewwatni 28 nama tokko gocha yakkaa raawwachuu jalqabee kan dhiisee fi gaabbe yoo ta’e adabbii ilaalchisee filannoo gosa sadi manneen murtiif kenneera. Inni tokko

⁹⁴ ስሜኑህ ኪሮስ እና ቸርነት ሆርዶፋ፣ የወንጀል ምርመራ፣ የክርክር አመራርና ቅጣት አወሳሰን፣ 220.

adabbii irraa bilisa gochuu, inni 2ffaan bu'uura SY keewwata 180 tiin adabbii hir'isuu yoo ta'u inni 3ffaan immoo dambii idileetiin /SY 179n/ adabbii hir'isuu dha.

Himni lammaffaa SY keewwata 28(1) adabbii irraa bilisa taasisuuf ulaagaa barbaadamu akka itti aanutti kaa'eera. "Raawwataan gocha yakkichaa kan dhiise haqummaan yookiin sababa qalbii miira olaanaa ta'een kaka'uun yoo ta'e" jedha. Firiin dubbii galmicha keessatti mirkanaa'e sababa himatamaan yakkicha dhiiseef sadarkaa kanatti yoo mirkanaa'e manni murtichaa adabbii murteessuu dhiisa jechuu dha.

Seera yakkaa keewwata 28(1) jalatti *'raawwataan yakkaa tokko gocha yakkaa raawwachuuf ture fedhii isaatiin kan dhiise yoo ta'e; haalawwan dubbichaa sababoota gahaa kan argamsiisan yoo ta'e manni murtichaa bu'uura daangaa seeraan hayyamameen /keewwata 179/ yookiin akka isatti fakkaatetti /Keewwata 180/ adabbicha ni salphisaaf'* jechuun tumee jira. Keewwata kana irraa akka hubatamutti raawwataan yakkaa sun gocha yakkaa raawwachuuf ture fedhii isaatiin kan dhiise ta'uu manni murtii yoo hubate filannoo lama qaba. Inni tokko dambii adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbii salphisuu dha. Inni lammataa immoo akka isatti fakkaatetti /Keewwata 180/ adabbii salphisuu dha. Manni murtii filannoowwan lamaan adabbii hir'isuuf hordofuu danda'u kanneen keessaa tokko filachuuf maal bu'uureffata kan jedhu qabxii xiyyeeffannoon ilaalamuu qabu dha. Manni murtii firii dubbii galmicha keessatti mirkanaa'u irraa sababni (haalawwan) gahaan adabbicha bu'uura SY keewwata 180 tiin hir'isuuf dandeessisu ni jira jedhee yoo itti amane (if circumstances so justify) akka itti fakkaatetti adabbii salphisa jechuu dha. Haalawwan argaman bu'uura SY keewwata 180 tiin adabbii salphisuuf gahaa miti jedhee yoo yaade bu'uura dambii adabbii salphisuu idileetiin daangaa keewwata 179n taa'e keessatti adabbii salphisa jechuu dha.

Ogeessotni tokko tokko haalawwan gahaan bu'uura SY keewwata 180 tiin adabbii salphisuuf dandeessisan seericha keewwata 28(2) irratti kan ibsame yoo guute qofaa dha yaada jedhu qabu. SY keewwatni 28(2) "raawwatichi gocha yakkichaa hanga dhumaatti raawwatee fedhii isaatiin bu'aan akka hin argamne kan dhorke yookiin gumaachi inni taasise bu'aa gaarii kan argamsiise yoo ta'e manni murtichaa akka isatti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf" jechuun ibseera. Kana irraa ka'uudhaan bu'uura keewwata 28 tiin dhiisuu fi gaabbiidhaaf adabbiin daangaa SY keewwata 179n taa'e keessatti kan hir'atu raawwatichi gocha yakkichaa *hanga dhumaatti osoo hin raawwatiin* kan dhiisee fi gaabbe yoo ta'edha yaada jedhu dha.

Haata'u malee, tumaa Seera Yakkaa keewwata 31 irraa kan hubatamu manni murtii filannoowwan adabbii kana keessaa tokko fudhachuudhaaf ulaagaaleen biroo dabalataan ilaaluu qabu akka jiran hubachuun ni danda'ama. Isaan kunis 'sadarkaa cimina balaa yaaliin yakkichaa qaqqabsiisuu danda'u, seenaa jireenyaa balleessichaa yeroo darbeefi balaafamummaa amala isaa ilaalcha keessa galchuun akka irraa eegamu kan agarsiisu dha.

Tumaan seera yakkaa inni biraa adabbiin yakkamaa bu'uura SY keewwata 179 tiin akka hir'atu qajeelchu tumaa SY Keewwata 36 yakka 'kakaasuu' ilaallatu dha. Akka qajeeltootti namni yakkamaa kakaase yakkichi kan yaalame yoo ta'e adabbii hanga adabbii yakka raawwatamuuf yaadameef seerichi tumeen wal qixa ta'een adabama. Haalawwan dubbichaa sababoota gahaa ta'an yoo argamsiisan garuu hanga seeraan tumameen adabbichi salphachuu ni danda'a /keewwata 179/ jechuun SY keewwata 36(2) fi (3) jalattitti ibsameera. Tumaan seera yakkaa inni biraa adabbiin yakkamaa bu'uura danbii adabbii hir'isuu idilee (SY keewwata 179) tiin akka hir'atu qajeelchu tumaa SY Keewwata 37 'miiltummaa' kan ilaallatu dha. Keewwata 37(4) jalatti adabbiin miiltoo irratti murtaa'u adabbii yakka raawwatamuuf yaadameef adabbii seeraan tumameen wal qixa ta'uu kan ibsame yoo ta'u, manni murtichaa haala dubbichaa madaaluun daangaa murtii seeraan tumame osoo hin darbiin miilticha ilaalchisee adabbicha bu'uura SY keewwata 179tiin salphisuufii akka danda'u tumameera.

Tumaalee kakaasuu fi miiltummaa (SY keewwata 36 fi 37) kanneen jalattis akkuma tumaalee olitti ilaallee (27 fi 28) adabbiin yakkamaa kan salphatuuf 'haalawwan dubbichaa sababoota gahaa ta'an yoo argamsiisan' yoo ta'e akka ta'e ibsameera. Kanaaf tumaalee kanneen jalattis adabbii yakkamaa salphisuuf sababootni gahaa jedhamanii fudhatamuu danda'an 'sadarkaa cimina balaa yakkichi (yakki yaalame) qaqqabsiise/qaqqabsiisuu danda'u, seenaa jireenyaa balleessichaa yeroo darbeefi balaafamummaa amala isaa' kkf ta'uu akka danda'an hubachuun ni danda'ama.

1.4.4. Chaappawwan, Tambeerota, Mallattoolee, Madaalotaafi Safartuulee

Beekamoo Sobatti Jijjiiruu Baay'ee Salphaa Ta'e

Tumaan seera yakkaa keenya inni biraa danbiin adabbii salphisuu idilee akka hojiirra oolu hayyamu keewwata 372 dha. Tumaan kun yakkootni wanta sobaa hojjechuu, sobatti jijjiiruu, gatii isaa gadi buusuu yookiin maallaqa sobaa hojjechuu baay'ee salphaa ta'an yeroo

raawwataman yookiin faayidaa mootummaa irra balaan olaanaan kan hin geenye ta'uu manni murtii yoo tilmaame bu'uura dambii adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbii akka salphisu ni ibsa. Tumaa kana irraa kan hubatamu yakkootni kunneen (Seera Yakkaa keewwata 363-371 jala jiran) ulfaatina kan hin qabnee fi miidhaan gahe xiqqaa yeroo ta'u manni murtii daangaa Seera Yakkaa keewwata 179 jalatti ibsame keessatti adabbii akka hir'isuu danda'u aangeffameera jechuu dha.

Yakkoota qabeenya irratti yookiin dantaa mootummaa irratti raawwataman birootiif fayidaan yakkamaan argate yookiin miidhaan gahe salphaa ta'uun isaa sadarkaa yakkichaa murteessuu keessatti kan gargaaru dha. Tumaalee seera yakkaa olitti ibsaman kanaaf garuu (Seera Yakkaa keewwata 363-371 jala jiraniif) fayidaan yakkamaan argate yookiin miidhaan gahe salphaa ta'uun isaa manni murtii bu'uura adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbii akka salphisu kan aangessu dha.

1.4.5. Yakkoota Kabajaa Tuquu Keessatti Jecha Kaasuufi Gaabbuu

Tumaan seera yakkaa keenya inni biraa danbiin adabbii salphisuu idilee akka hojiirra oolu hayyamu keewwata 617 dha. Tumaan kun dhimmichi mana murtiitti ilaalamaa yommuu jirutti namni yakkoota maqaa balleessuu fi hamii sobaa (613) fi arrabsoofi salphisuun (615) himatame gochicha kanan raawwadhe seeraa ala jechuun gaabbii isaa barreeffamaan yookiin jechaan mana murtichaaf kan ibse yoo ta'e manni murtichaa bu'uura keewwata 179 tiin adabbicha salphisuu akka danda'u ibsa. Keewwata kana irraa immoo akka hubatamutti manni murtii daangaa keewwata 179 tiin taa'e keessatti adabbii salphisuudhaaf sababa gahaa ta'uu kan danda'u yakkamaan gochicha seeraan ala raawwachuu amanuu fi gaabbuu isaa ibsuu dha.

Dhimmoota Adabbii Bu'uura Seera Yakkaa Keewwata 179 tiin Salphisuu Ilaallatan

Dhimma 13^{ffaa}

Dhimma qabatamaa tokko irratti⁹⁵ yakka gudeeddii kan raawwate dargaggoo umuriin isaa wagga 15-18 ta'e yoo ta'u, yakkichi kan raawwatame immoo daa'ima umuriin ishii wagga 8-9 ta'e irratti dha. Manni murtichaa adabbii murteessuuf tumaa himatamaan badii jalatti taasifame tumaalee SY keewwata 56, 168, 179(c) waliin ilaaluun yakki himatamaan raawwate wagga 10 fi

⁹⁵ Dhimma MMWODhGG tti, LG 327568 ta'een gaafa 8/3/2013 murtaa'e.

isaa oliin kan adabsiisu waan ta'eef adabbiin akkaataa idileetti raawwatamuu danda'a yaada jedhu qabateera. Itti aansuunis hanga adabbii murteessuuf bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 27 tiin qajeelfamicha keessaa bahuun himatamaa kana adabbii wagga 8tiin akka adabamu murteessineerra jedheera.

- Isin murtii manni murtii kun kenneefi sababoota inni ibse akkamitti ilaaltu? Haalii adabbii himatamaa kanaaf itt salphate tumaalee SY keewwata 56, 168, 179(c) yaada keessa kan galchedha jettuu?

Dhimma 14^{ffaa}

Dhimma qabatamaa MMO G/A/O/N/F tti ilaallame tokko keessatti⁹⁶ himatamaan SY keewwata 540 jalatti ajjeechaa Dasiibaa raawwachuun balleessaa taasifameera. Ka'uumsi lolichaa du'aan himatamaa kana karaatti eeggatee kan lola itti kaase ta'uu fi himatamaan yakkicha kan raawwate ulee mukaatiin ta'uu ragaadhaan kan qulqullaa'e dha. Abbaan alangaa yaada adabbii yeroo ibsu himatamaan sadarkaa 6ffaa gulantaa 33ffaa jalatti akka adabamu gaafateera. Manni murtii adabbicha yeroo murteessu ka'uumsi lolaa du'aa ta'uu ibsuun sadarkaa 2ffaa gulantaa 23ffaa jalatti kufuu ibseera. Himatamaan kuusaa yakkaa kan hin qabnee fi ofii isaatii poolisiitti harka kan kennate ta'uu akka sababa adabbii salphisu 2tti fudhachuun gulantaa 21ffaa jalatti qabateera. Kana malees, himatamaan gaa'ila kan hin geenye daa'ima umuriin isaa waggaa 17 ta'uu ilaalcha keessa galchuun adabbii hidhaa wagga 5tiin akka adabamu murteesseera.

- Adabbii dhimma kana irratti kenname akkamitti ilaaltu? Haala Manni Murtichaa sababa umuriin himatamaa gaa'ilaaf hin geenyeen adabbii itti hir'ise akkamitti ilaaltu?

Dhimma 15^{ffaa}

Dhimma qabatamaa Dhaddacha Ijibbaataa MMWF tiin ilaalamee murtii argate tokko irratti⁹⁷ himatamtuun SY keewwata 27 fi 363/1/ jalatti himatamtee badii jedhamteetti. Firiin dubbii dhimma kana keessatti mirkanaa'e akka agarsiisutti himatamtuun kun ergamtuu Baankii (CBE) Damee tokkoo nama taate tokkoof qarshii 1000 kanfaluun Chaappaa Baankichaa akka kennituuf gootee erga irraa fuutee booda eeruu hojjettuu baankichaa kan biraatiin kennameen waan

⁹⁶ Dhimma MMO GAONF tti LG 73459 ta'een gaafa 08/06/2014 murtaa'e.

⁹⁷ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 20ffaa, L.G. 119500.

qabamteef Chaappaa Baankichaatti seeraan ala tajaajilamuuf yaaluudhaan himatamtee badii jedhamteerti. Dhaddachi Ijibbaataa MMWF yakki himatamtuun kun raawwate miidhaa tokkollee kan hin geessisne ta'uu fi yaalii irratti kan hafe ta'uu ibsuudhaan adabbiin ishii bu'uura SY keewwata 27, 31 fi 363/1/ fi qajeelfama adabbii kew. 24 tiin kennamuu akka qabu caqasuun bu'uura SY keewwata 180'tiin adabbii akka itti fakkaatetti hir'iseefi hidhaa waggaa 1 fi baatii 6n adabee jira.

- Isin murtii adabbii ilaalchisee Dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhimma kana irratti kenne akkamitti ilaaltu?

Dhimma 16^{ffaa}

Dhimma qabatamaa tokko keessatti⁹⁸ himatamaan balleessaa kan taasifame tumaa seera yakkaa keewwata 27(1) fi 540 darbuudhaani. Manni Murtii adabbi yeroo murteessu keewwatni himatamaan jalatti badii jedhame sadarkaa fi gulantaan kan baheef ta'uu ibsuun ka'uumsi lolaa himatamtoota waan ta'eefi yakkichis kan raawwatame meeshaa qara qabu qottoo fayyadamuun waan ta'eef balleessaan himatamtootaa sadarkaa 6ffaa fi gulantaa 33ffaa jalatti akka kufu adda baaseera. Itti aansuunis “bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 24 tiin qajeelfamicha keessaa baanee bu'uura SY keewwata 27(3) fi 179(C) tiin adabbii salphisneefi himatamaan adabbii hidhaa cimaa wagga sadiitiin akka adabaman murteessineerra” jedheera.

- Isin adeemsa manni murtichaa murtii adabbii kenne irratti yaada akkamii qabdu?

Dhimma 17^{ffaa}

Dhimma qabatamaa Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Bahaatti murtii argate tokko keessatti⁹⁹ himatamaan yakka yaalii ajjeechaatiin SY kwt 27 fi 540 jalatti badii taasifameera. Himatamaan kun yakka yaalii kana kan raawwate meeshaa waraanaa (shugguxii) fayyadamuuni dha. Manni murtii kun murtii kenne keessatti “himatamaan balleessaa kan jedhame gocha yakkaa sadarkaa yaalii irratti hafe raawwachuun waan ta'eef bu'uura SY kwt 27/3/ buufata 2ffaatiin bu'aa gaarii ni argamsiisa jennee waan tilmaamneef yeroo dhimmootni akkanaa mudatan qajeelfama adabbiitiin osoo hin daanga'iin murtii kennuun akka danda'amu qaj.adabbii kwt 24 irraa waan hubatamuuf, bu'uura SY kwt 179/c/'tiin adabbii salphisneefi bu'uura Qajeelfama Adabbii Lak.

⁹⁸ Dhimma MMO GAONF tti murtaa'e, Lak G 73706, 12/07/2014

⁹⁹ Dhimma MMO Go/Sh/Bahaatti murtii argate, Lakk G 45120.

2/2006 tiin sadarkaa fi gulantaa yakkichaa baasuun osoo hin barbaachisiin adabbii hidhaa waggaa 2'tiin adabneerra" jedheera.

- Isin adeemsa manni murtichaa murtii adabbii kenne irratti yaada akkamii qabdu?

Dhimma 18^{ffaa}

Dhimma qabatamaa kan biraa Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Bahaatiin murtii argate tokko keessatti¹⁰⁰ himatamaan yakka yaalii ajjeechaatiin SY kwt 27 fi 540 jalatti badii jedhameera. Himatamaan kun yakka yaalii kana qoncoraadhaan raawwachuu itti mirkanaa'eera. Manni Murtichaa bu'uura Qajeelfama Adabbii Lak. 2/2006 tiin sadarkaa fi gulantaa yakkichaa kan baase yoo ta'u adabbii ka'uumsa hidhaa sad.6ffaa, gul.33ffaa jalatti qabateera. Yakkichi sadarkaa yaaliitti hafuu isaatiin gulantaa 3 kan hir'iseef yoo ta'u, kuusaa dhabuu himatamaatiin immoo gulantaa 1 waliigalatti gulantaa 4 hir'iseefi gulantaa 29ffaa jalatti adabbii hidhaa waggaa 9'tiin adabeera.

- Isin adeemsa manni murtichaa murtii adabbii kenne irratti yaada akkamii qabdu?

Dhimma 19^{ffaa}

Dhimma qabatamaa kan biraa Mana Murtii Olaanaa Go/Wallaga Bahaatiin murtii argate tokko keessatti¹⁰¹ himatamaan yakka yaalii ajjeechaa raawwachuun SY kwt 27 fi 540 jalatti badii taasifameera. Himatamaan yakka kana kan raawwate eeboon himatamaa lapheerra waraanee yoo ta'u himatamaanis gargaarsa yaalaa argateen du'a ooleera. Manni murtii kunis bu'uura Qajeelfama Adabbii Lak. 2/2006 tiin sadarkaa fi gulantaa yakkichaa baasuun himatamaa hidhaa cimaa waggaa 12'tiin adabeera. Manni murtii kun yaaliirratti hafuu yakkichaa akka sababa waliigalaa adabbii hir'isu tokkootti ilaaluun /gulantaa tokko hir'iseefi/ murtii adabbichaa kan kennedha.

- Isin adeemsa manni murtichaa murtii adabbii kenne irratti yaada akkamii qabdu?

Dhimma 20^{ffaa}

¹⁰⁰ Dhimma MMO Go/Sh/Bahaatiin, LG 45150 irratti murtii argate.

¹⁰¹ Dhimma MMO GO/ Wallaga Bahaa, Lakk G 39764 irratti murtii argate.

Dhimma tokko irratti¹⁰² himatamaan nama 8 seeraan ala biyya alaatti erguuf yaale jedhamuun tumaa labsii 909/2007 kwt 3/1/C jalatti balleessaa kan jedhame yoo ta'u, manni murtii adabbii ka'uumsaa tokkoon tokkoo yakkoota saddeettanii hidhaa waggaa 15 qabachuudhaan yeroo bu'uura SY kwt 184/1/B'tiin walitti ida'amu waggaa 25 ol ta'a jechuun adabbii ka'uumsaa waggaa 25 qabateera. Innis bu'uura Qajeelfama Adabbii Lak. 2/2006 tiin gul.37ffaa jalatti kan kufu ta'uu ibsuun yaadni adabbii salphisu waliigalaa 2 fudhatamee gulantaa 35ffaa jalatti kufeera. Itti aansuunis manni murtichaa yakkichi sadarkaa yaaliirratti waan hafeef jechuudhaan gulantaa 10 hir'iseefi gulantaa 25ffaa jalatti hidhaa waggaa 8 fi adabbii maallaqaa qa.1,000'tiin adabeera.

- Isin adeemsa manni murtichaa murtii adabbii kenne irratti yaada akkamii qabdu?

1.5. Adabbii Maallaqaa Murteessuu

Adabbiin maallaqaa yoom, akkamitti akka murtaa'uu fi akkamitti akka raawwatamu seerri yakkaa keewwata 90-97 jalatti teechiseera. Hangi adabbii maallaqaa murtaa'u ulfaatina yakkichaa, hanga balaafamummaa himatamaa, qabeenya, galii, hojii ogummaa himatamaa, umurii, fayyaa, fi maatii himatamaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu akka qabu seerri yakkaa keewwatni 90/2/ ni teechisa.

Yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef ilaalchisee adeemsi adabbiin maallaqaa ittiin murtaa'u akkaataa duraa duuba itti aanee ibsameen kan raawwatamu ta'a:

- Jalqabarratti adeemsuma adabbii hidhaa murteessuuf hordofamu gargaaramuun sadarkaa fi gulantaan yakkichi jalatti kufu adda ni baha. Kunis gabateewwan qajeelfamicha kutaa 3ffaa jala jiran bu'uureffachuun ta'a.
- Itti aansuun gulantaa yakkaa adda bahe qabachuun gara Miiltoo 2ffaa qajeelfamichaa adeemuun miiltoo kana jalatti gulantaan qabanne adabbii maallaqaatiin hangam akka adabsiisu ilaaluun akka baaxii olaanaatti qabanna. Baaxii gadaanaa adabbii maallaqaa adda baasuuf immoo tumaa seera yakkaa himatamaan jalatti badii taasifame irratti adabbiin qarshii xiqqaan meeqa akka ta'e adda baasna.
- Dhuma irratti renjicha jidduutti bu'uura SY keewwata 90 /2/tiin adabbii murteessina.

¹⁰² Dhimma MMO Go/Sh/Kaabaa tti LG 44841tiin murtii argate.

Yakka sadarkaa fi gulantaan hin baaneef yeroo ta’u, adeemsi adabbiin maallaqaa ittiin murtaa’u qajeelfamicha keewwata 19 (12) fi 26 (1/c/) jalatti agarsiifameera. Bu’uura kanaan, Manni Murtii akkuma yeroo adabbiin hidhaa murtaa’uu:

- Jalqaba sadarkaa yakkichaa baasuu qaba.
- Itti aansuun sadarkaa yakkichaa olaanaa kan qabate yoo ta’e, adabbii maallaqaatiif hanga baaxii olaanaa adabbii tumaa badii jalatti taasifame keessa jiruutti adabuu ni danda’a. Sadarkaa yakkichaa Giddugaleessa kan qabate yoo ta’e, baaxii adabbii maallaqaa tumaa himatamaan badii jalatti taasifame keessa jiru irraa 1/3ffaa hir’isuun hanga argame sana akka baaxii olaanaatti qabata. Sadarkaa yakkichaa gadi aanaa jalatti kan ramade yoo ta’e, baaxii adabbii maallaqaa tumaa himatamaan badii jalatti taasifame keessa jiru irraa 2/3ffaa hir’isuun hanga argame sana akka baaxii olaanaatti qabata.
- Baaxii adabbii maallaqaa isa xiqqaa ilaalchisee hanga adabbii maallaqaa isa xiqqaa kutaa addaa Seera Yakkaatiin ibsame (yoo jiraate) ilaaluun adda baafata. Yoo tumaa himatamaan badii taasifame jalatti kuni kan hin ibsamne ta’e, baaxii xiqqaan adabbii maallaqaa kan kutaa waliigalaa seera yakkaa (keewwata 90) jalatti ibsame qarshii 10 ta’a jechuudha.
- Dhumarratti reenjicha jidduutti bu’uura SY keewwata 90 /2/tiin adabbiin ni murtaa’a jechuu dha.

Adabbii maallaqaa murteessuun walqabatee qabxiin ijoon ka’u tokko adabbii maallaqaa sababoota adabbii cimsanii fi salphisaa gargaaramuun cimsuu fi salphisuun sirriidha moo miti kan jedhudha. Adabbii maallaqaa ilaalchisee ijoo falmisiisaan inni biraa “adabbii maallaqaa akka baaxii gadi aanaatti tumame irraa gadi bu’uun haalli itti danda’amu ni jiraa?” kan jedhu dha. Dhimmoota qabatamaa itti aansuun dhiyaatan keessatti manneen murtii tokko tokko baaxiin adabbii maallaqaa inni xiqqaan yeroo hundumaa qarshii 10 akka ta’etti tilmaama fudhachuudhaan baaxii adabbii maallaqaa keewwata himatamaan badii taasifame keessatti ibsame irraa gadi bu’uun yeroon murteessan ni mul’ata.

Dhimmootni qabatamaan itti aanuun dhiyaatan rakkoolee ijoo murteessa adabbii maallaqaatin walqabatee jiru ni agarsiisu.

Dhimmoota Murteessa Adabbii Maallaqaa Ilaallatan

Dhimma 21^{ffaa}

Dhimma Mana Murtii Olaanaa G/A/O/N/F tiin murtaa'e tokko keessatti¹⁰³ himatamaan balleessaa kan taasifame SY keewwata 572(1) darbuun yoo ta'u, miidhaan yakkichaan dhaqqabe qarshii 35,000 dha. Manni Murtichaa “sababa miidhaan kun salphaa ta'eefi akkasumas himatamaan dhukkubsataa dhibee onnee ta'uu ragaa mana yaalaa dhiyeeffatee waan jiruuf adabbii maallaqaa filanneerra” jedheera. Keewwatni himatamaan badii jalatti taasifame adabbii maallaqaa qarshii 100 gadi hin taane waan jedhuuf baaxiin olaanaan isaa bu'uura SY keewwata 90(1) tiin qarshii 10,000 ta'a. Kanaaf sadarkaa gadi aanaaf qarshii 100 hanga 3333.33; sadarkaa giddu-galeessaaf qarshii 3433.33 hanga qarshii 6666.66; olaanaaf 6866.66 hanga qarshii 10,000 adabsiisa jedheera. Manni murtichaa miidhaa dhaqqabee fi haala raawwii yakkichaa ilaaluun sadarkaa gadi-aanaa qabachuun adabbii qarshii 3000n adabeera.

- Haala manni murtii kun reenji adabbii maallaqaa sadarkaalee yakkaa gadi aanaa, giddu galeessaa fi olaanaaf baase akkamitti ilaaltu?

Dhimma 22^{ffaa}

Dhimma qabatamaa tokko keessatti¹⁰⁴ himatamaan balleessaa kan taasifame Labsii Galmeessaa fi Hayyama Daldalaa Lak. 980/2008 keewwata 49/2/ cabsuun yoo ta'u, tumaan kunis adabbii maallaqaa qarshii 150,000 hanga 300,000 fi adabbii hidhaa cimaa wagga 7 hanga 15 tiin akka adabsiisu tumeera. Manni murtichaa yakkicha sadarkaa gadi-aanaa jalatti kuffisuun adabbii ka'uumsaa hidhaa cimaa waggaa 7 fi adabbii maallaqaa qarshii 150,000 qabachuun kunis walduraa duubaan miiltoo 1ffaa fi 2ffaa qajeelfamichaa jalatti gulantaa 23ffaa fi 14ffaa jalatti akka kufan ibsameera. Yaadotni adabbii salphisaa 2 fudhatamaniifi kanumaan gulantaan lama lama hir'ifameefi adabbii hidhaatiif gulantaa 21ffaa jalatti hidhaa cimaan wagga 5 hanga 6, adabbii maallaqaatiif gulantaa 12ffaa jalatti hanga qarshii 100,000 kan nama adabsiisu ta'uu ibsuun adabbii hidhaa cimaa wagga 5 fi qarshii 20,000 tiin akka adabamu itti murtaa'eera.

- Dhimma kana irratti murtii kenname keessatti adabbii maallaqaa ilaalchisee sababa adabbii salphisu gargaaramuun adabbii maallaqaatiif gulantaa 2 hir'isuun sirriidha jettuu?

¹⁰³ Dhimma MMO GAONFtti LG 73638 keessatti gaafa 04/5/2014 murtaa'e.

¹⁰⁴ Dhimma MMWODhG tiin, LG 353654, gaafa 7/10/2014 murtaa'e.

- Adabbii maallaqaa ilaalchisee baaxii xiqqaa keewwata himatamaan balleessaa itti taasifame irraa gadi bu'ee murtiin kenname sirriidha jettuu?

Dhimma 23^{ffaa}

Dhimma tokko keessatti himatamaan yakkoota daddabalamaan kan balleessaa taasifame yoo ta'u, himata 1ffaadhaan tumaa labsii 881/2007 keewwata 23(2) jalatti, himata 2ffaa jalatti immoo SY keewwata 692(1) jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtichaa himata 1ffaadhaaf sadarkaa yakkichaa gadi-aanaa erga qabate booda adabbii ka'uumsaa hidhaa wagga 5, adabbii maallaqaatiif qarshii 5000 qabateera. Himatni 2ffaan himatamaan jalatti balleessaa taasifame adabbii hidhaa cimaa yookiin salphaa akka filannootti kan teeche yoo ta'u, manni murtichaa adabbii hidhaa cimaa filateera. Sababa adabbii hidhaa cimaa filateefis yeroo ibsu "himatamaan ta'e jedhee itti yaadee mana qabeenyummaan isaa kan isaa hin taane miidhamaatti gurguruu isaa" caqaseera. Himannaa 2ffaa kana jalatti adabbiin maallaqaas dabalataan seerichaan taa'eera. Bu'uuruma kanaan himata 2ffaa jalatti adabbiin ka'uumsaa hidhaa cimaa wagga 3 fi adabbiin maallaqaa qarshii 5000 fudhatameera. Itti aansuunis adabbiin yakkoota lamaanii bu'uura SY keewwata 184 (1) (b fi d) tiin kan walitti ida'amu waan ta'eef adabbii hidhaa cimaa wagga 8 fi adabbiin maallaqaa immoo qarshii 10,000 ta'a jechuudhaan adabbiin hidhaa gulantaa 25ffaa jalatti, kan maallaqaa immoo gulantaa 6ffaa jalatti kuffiseera. Sababa adabbii salphisu lama waan fudhateef himatamaa kana adabbii lameeniifuu gulantaa lama lama hir'isuun adabeera.

- Haala dhimma kana keessatti manni murtichaa adabbii maallaqaa itti murteesse isin akkamitti ilaaltu?

Dhimma 24^{ffaa}

Dhimma MMO G/A/N/F tti ilaalamee murtii argate tokko keessatti¹⁰⁵ himatamaan badii kan taasifame Labsii 881/2007 keewwata 31(2) jalatti yoo ta'u fayidaan himatamaan sababa yakka kanaatiin argate 815,904.96 dha. Kana irraa ka'uudhaan manni murtichaa sadarkaa yakkichaa giddu-galeessa qabateera. Sadarkaa kanaafis adabbii hidhaa wagga 11.6 hanga wagga 16 ta'uu fi adabbii maallaqaatiif qarshii 66,666.67 ta'uu ibseera. Kunis adabbii hidhaatiif gulantaa 29ffaa fi maallaqaaf 11ffaa jalatti kufa jechuun sababoota adabbii salphisu 3 fudhachuun adabbii hidhaa

¹⁰⁵ Dhimma MMO GAONF tti LG 73435 irratti gaafa 22/07/2014 murtaa'e

gulantaa 26ffaa jalatti hidhaa cimaa waggaa 7 fi ji'a 8 adabeera. Adabbii maallaqaa yeroo murteessu garuu sababa adabbii salphisu fayyadamuun osoo hin barbaachisiin 'qarshii 20,000 adabneerra' jedheera.

- Murtiin adabbii manni murtii kun kenne sirriidha jettuu?

Dhimma 25^{ffaa}

Dhimma DhIMMWF tiin murtaa'e tokko keessatti¹⁰⁶ himatamaan balleessaa kan jedhame seera yakkaa keewwata 543(2) jalatti dha. Manni murtichaa murtii adabbii yeroo murteessu jalqaba irratti yakkichi yeroo raawwatamu bakkaa fi sa'aatii yakki kun raawwatetti daa'imman karicha fayyadaman hedduu akka turanii fi konkolaataan biraas turuu waan mirkanaa'eef himatamaan ofeeggannoo gochuu qabu madaaluu dhabuudhaan yookiin balaan hin uumamu tilmaama jedhu fudhachuun malee balaan akka uumamuu malu beekuu dhabee waan hin taaneef dagannoo beekamaa akka qabu xiinxaleera. Itti aansuun miidhamtuun karaa ce'uuf yaaluu ishiitiin ala raawwii gochichaa keessatti gumaacha qabaachuu waanti mirkanaa'e kan hin jirre ta'uu fudhatameera. Kanaafis sadarkaan yakkichaa 4ffaa yoo ta'u adabbii hidhaatiif gulantaa 16ffaa adabbii maallaqaatiif gulantaa 4 jalatti akka kufu adda baheera. Itti aansuunis sababni adabbii cimsu kan hin dhiyaatne yeroo ta'u sababootni adabbii salphisu 2 fudhatamaniiru. Kanaafis gulantaan adabbii hidhaa 13tti kan adabbii maallaqaa immoo gulantaa 1ffaatti gadi bu'a jechuun adabbii hidhaa wagga 2 fi baatii 3 fi adabbii maallaqaa qarshii 1000 murteesseera.

- Isin haala manni murtichaa adabbii maallaqaa ilaalchisee sababoota adabbii salphisu itti fayyadame hanqina qaba jettuu?

Dhimma 26^{ffaa}

Murtii Dhaddachi Ijibbaataa MMWF Jiildii 20ffaa keessatti kenne irratti¹⁰⁷ himatamaan Labsii 686/2002 keewwata 60(1) darbuun hayyama daldalaa osoo hin qabaatiin sukkaara kuntaala 1 konkolaataan fe'ee gara magaalaa biraatti osoo deemuu qabame jechuun himatamee innis yakkicha amaneera. Manneen Murtii jalaas adabbii hidhaa fi adabbii maallaqaa qarshii 150,000 himatamaatti murteessaniiru. Dhaddachi Ijibbaataa MMWF adabbii maallaqaa ilaalchisee murtii

¹⁰⁶ Dhimma DhIMMWF tiin murtaa'e, LG 230508, 30/12/2014 (kan hin maxxanfamne).

¹⁰⁷ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 20ffaa, LG 88542 keessatti murtaa'e.

Manneen Murtii jalaa kan diige yoo ta’u, sababa isaas akka itti aanutti ibseera. Adabbiin maallaqaa manneen murtii jalaa murteessan ulaagaalee seera yakkaa keewwata 90(2) jalatti ibsaman ilaalcha keessa kan galche miti jedheera. Yakkamaan qotee bulaa fi bulchaa maatii ta’uu isaarraas kan hubatamu adabbichi haala galii himatamaa fi ulfaatina yakka raawwatamee waliinis kan ilaalame miti jedheera. Kanaaf adabbii seera himatamaan jalatti badii jedhame irratti baaxii xiqqaa taa’e irraa bu’uunillee adabbii maallaqaa murteessuu waanti dhorku hin jiru jedheera. Kanuma bu’uura godhachuunis manni murtii aanaa dhimmicha jalqaba ilaale galmicha sochoosuun bitaa fi mirga erga falmisiise booda adabbii maallaqaa seera jiru waliin ilaaluun irra deebi’ee akka murteessu ajajeera.

- Ejjennoon Dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhimma kana irratti calaqqisiise bu’uura seeraa ni qaba jettuu?

1.6. Qajeelfama Adabbiin Ala Bahuun Haala Adabbiin Itti Murtaa’u

Akka qajeeltootti Manneen Murtii murtii adabbii kennuu kan qaban qajeelfama adabbii bu’uureffachuuni dha. Qajeelfamicha keessaa bahuun murtii adabbii kennuun kan danda’amu haaldureewwan armaan gadii yoo uumaman qofa akka ta’e qajeelfamicha keewwata 27 jalatti tumameera. Isaanis:

- Haalli raawwannaa yakkaa fi amalli yakkichaa sadarkaa qajeelfama adabbii keessatti taa’eef waliin kan wal hin simne yookin
- Haala qajeelfamicha keessa taa’een murtiin adabbii kennamu kaayyoo seera yakkaa galmaan kan gahu ta’ee yeroo hin argamne dha.

Manneen Murtii sababoota kanaan qajeelfama adabbii keessaa bahuun yeroo murtii kennan sababicha ifatti ibsuu fi murtichi (gama Mana Murtii Waliigala Naannootiin) Mana Murtii Waliigala Federaalaatiif akka ergamu ajaja ifa ta’e kennuu fi yeroo murtiin kennamerra guyyaa 60 keessattis dabarsuu qaba.¹⁰⁸ Dhimma qabatamaa manni murtii tokko qajeelfama adabbii keessaa bahuun murtii kenne akka fakkeenyaatti haa ilaallu.

¹⁰⁸ Qajeelfama adabbii, kwt 27.

Dhimma 27^{ffaa}

Yakki dhimma kana keessatti himatamaan balleessaa kan taasifame Seera Yakkaa keewwata 620(2)(d) cabsuuni dha. Tumaan kunis adabbii hidhaa cimaa wagga 5-20 kan adabsiisu dha. Akkaataa qajeelfama adabbiitiin murtii adabbii kennuuf ulaagaan adabbicha ulfeessu 1 qofti (subjecting the victim to act of cruelty) waan guuttameef gulantaa 27ffaa jalatti akka kufu manni murtichaa ilaaleera. Kunis hidhaa Waggaa 8 fi Ji'a 5 hanga hidhaa Waggaa 10 kan adabsiisu ta'uu qajeelfamicha irraa kan hubatamu dha. Ta'us, manni murtichaa “ulfaatinni gochaa fi suukkanneessaa ta'uun haala raawwii yakkichaa hanga adabbii qajeelfama adabbii keessatti ibsameen kan walgitu miti, kaayyoo fi galma adabbii fi seera yakkaas galmaan hin gahu” sababa jedhu ibsuun bu'uura qajeelfamicha keewwata 27 tiin qajeelfama adabbii keessaa bahuu ibsuun himatamaa hidhaa wagga 20 tiin (baaxii adabbii tumaa himatamaan jalatti badii taasifameef taa'e) adabeera.¹⁰⁹ Ulfaatina gochaa himatamtootaa fi suukkanneessummaa raawwii yakkichaa agarsiisa jechuun firiin dubbii manni murtichaa xiinxalle kan itti aanuun ibsame dha.

“አመልካቾች ድርጊቱን የፈጸሙት የግል ተባብሮች አልባሳት በሙሉ በመቅደድ፤ በድንጋይ የተለያዩ አካላትን ደጋግመው በመምታት፤ በድንጋይ ዓይኑን ጭንቅላትን እንገትን እጁን በመምታት፤ ድንግልናን ከደፈሩ በኋላም እንደ አባብ ሲቀጠቅጧት ያደሩ እና በጀርባ ወድቃ እያለ በእግራቸው ሆድን ረግጠው ከእግር ስለነገሩ ጸጉርን ድረስ የሽንባት፣ ምራቃቸውን የተፋባት በመሆኑ የአመልካቾች ድርጊት አፈጻጸም አጸያፊ እና በቅጣት አወሳሰን መመሪያው ለወንጀሉ በወጣው ደረጃ መሠረት ሊወከል የማይችል እና ቅጣቱ በቅጣት አወሳሰን መመሪያው መሠረት ሊወሰን የወንጀል ሕጉን የቅጣት ዓላማ እና ግብ የማያሳካ በመሆኑ ቅጣቱ በቅጣት አወሳሰን መመሪያው ቁጥር 02/2006 አንቀጽ 27/1 መሠረት ከቅጣት አወሳሰን መመሪያ ውጪ ሊወሰን ይገባል ብለናል፡፡” kan jedhu dha.

- Sababa manni murtii kun qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbii murteessuuf gargaarame isin akkamitti ilaaltu?

1.7. Dhagaha Yaada Adabbii

Yaadni adabbii cimsu yookiin salphisu yoom dhagahama? Kan jedhu ijoowwan ogeessota seeraa falmisiisan keessaa isa tokko dha. Murtiin balleessummaa erga kennamee booda manni murtii

¹⁰⁹ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 22ffaa, LG 137262 keessatti murtaa'e.

sababoota adabbii salphisani fi cimsan dhagaha moo adabbii ka'uumsaa (deserved punishment) murteessuu qaba? Hayyootni seeraa beekamoon kanneen akka Tsahaay Wadaa fi Masfin G/Hiwoot manni murtii sababoota adabbii cimsanii fi salphisani osoo hin dhagahiin dura adabbii yakkamaa sanaaf malu murteessuu qaba yaada jedhu qabu.¹¹⁰

Ogeessotni tokko tokko immoo yaadni adabbii cimsu yookiin salphisu dhagahamuu kan qabu akkuma murtiin balleessummaa kennameen yookiin adabbii ka'uumsaa osoo hin murteessiin ta'uu qaba yaada jedhu qabu. Ogeessotni kunneen yaada isaanii kanaaf akka bu'uuraatti Seera Deemsa Falmii Yakkaa keewwata 149/3/ gargaaramu. Tumaa kana jalatti manni murtii murtii balleessummaa erga kenne booda abbaan alangaa sababa adabbii cimsu yookin salphisu akka dhiyeessu gaafata jechuun teechifameera. Kana malees, "Qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 keewwata 26/1/d/ fi keewwata 4/1/ jalatti yaada taa'es yeroo ilaallu murtii balleessummaa kennuutti aansuun gochaan manni murtii raawwatu sababni adabbii cimsu yookin salphisu yoo jiraate dhagahuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama" yaada jedhu qabu.

Murtii adabbii murteessuuf waantotni murtichaaf galtee ta'an marti dhagahamuu fi barbaachisaa yoo ta'es ragaadhaan qulqullaa'uu qabu. Kanaaf, murtii balleessummaa (ፍርድ) tti aanee yaada adabbii fudhachuun, itti aansee murtii adabbii (ወሳኔ) kennuun gaarii dha. Adabbiin ka'uumsaas kan murtaa'u murtii adabbii (ወሳኔ) kana keessatti waan ta'uu qabuuf dhagaha adabbii dursuun barbaachisaa dha. Kana malees, sababa adabbii ni cimsa yookin ni salphisu jedhamee garee tokko irraa dhiyaatu gareen biraa mormuu danda'a. Mormii kana immoo manneen murtii yeroo gahaa kennuun qulqulleessuu akka qaban qajeelfamni adabbii keewwata 26(1)(g) jalatti ni dirqisiisa. Kunis murtii adabbii kennuutti osoo hin seeniin dura waanti qulqullaa'u qabu marti akka qulqullaa'uuf murtii balleessummaa kennuutti aanee dhagaha yaada adabbii raawwachuun filatamaadha.

Gaaffiilee Marii

1. Abbaan alangaa adeemsa falmichaa keessatti sababootni adabbii salphisani jiraachuu yoo hubate yaada adabbii salphisu dhaddachaaf kaasuuf itti gaafatamummaa ni qabaa?

¹¹⁰ Tsahaay Waadaa, Joornaalii Seera Itoophiyaa Jildii-25, Lakk-2, Fulbaana 2012 A.L.A

2. Manni murtii hoo sababa adabbii cimsu yookiin salphisu kan garee walfalmaniin hin kaane itti gargaaramuun adabbii salphisuu yookiin cimsuu ni danda'aa?
3. Manni murtii sababa adabbii cimsu yookiin salphisu kan falmiin irratti hin kaane 'ragaadhaan hin deeggaramne' jechuun kufaa gochuu danda'aa?

BOQONNAA AFUR

ADABBII YAKKOOTAA DADDABALAMAA FI IRRA DEDDEEBII MURTEESSUU

Seensa

Adabbiin yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii gosoota sababoota adabbii cimsan addaa seera yakkaa Itiyoophiyaa jalatti beekkamtii argataniidha.¹¹¹ Gosootni adabbii kunneen lameen gosa sababoota adabbii cimsan addaa jalatti kan ramadaman yoo ta'es, amaloota gargar isaan baasaan ni qabu. Adabbiin yakkoota daddabalamaa mataa isaatiin adabbiin yakkoota daddabalama qabatamaan fi kan yakkoota daddabalama goch-tokkee jechuun adda qoodama. Yakkoota daddabalamaa kanneen ilaalchisee seera yakkaa keenya keessatti adabbiin yakkoota daddabalama qabatamaa seera yakkaa keewwata 184 jalatti haguuggii kan argate yoo ta'u, kan adabbii yakkoota daddabalama goch-tokkee immoo seera yakkaa keewwata 187 jalatti tumamee argama. Gama biraatiin, haalli adabbiin yakkoota irra deddeebii itti murtaa'u seera yakkaa keewwata 188 jalatti tumameera. Nutis, boqonnaa kana jalatti haala adabbiin yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii itti murtaa'uu danda'u gosa gosaan kan ilaallu ta'a.

Kaayyoo waliigalaa kana irratti hundaa'uudhaan leenjifamtoonni xumura boqonnaa kanaan booda:

- ✓ Hubannoo sirna adabbii yakkoota irra deddeebii fi sirna adabbii yakkoota daddabalamaa irratti qaban ni gabbifatu;
- ✓ Garaagarummaa yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii akkasumas haala murteessa adabbii isaanii ni hubatu;
- ✓ Hanqinoota murteessa adabbii yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii irratti mul'atan hubachuun hojiirra oolmaa isaatiif ni tumsu;

4.1. Adabbii Yakkoota Daddabalamaa

Yakka daddabalama jechuun yakka yeroo tokko keessatti raawwataman ykn adabbii yakkaa yeroo tokkotti raawwataman kan ibsuudha.¹¹² Seera yakkaa keecha keessatti yakkoonni daddabalamaa gosoota adda addaatti kan qoodamu ta'uu tumamee argama. Isaanis:-

i. Haala Adabbiin Yakkoota Daddabalama Qabatamoo (Material Concurrence)

Ta'aniif Itti Murtaa'u

¹¹¹ SY kwt 85

¹¹² Concise Oxford Dictionary 10th Edition, Oxford University Press. 2000 Great Clarendon Street. Uk

Daddabalamni qabatamaa yakkoota qabatamaa lamaa fi lamaa ol ta'an gosa tokkos ta'e gosa garagaraa yakkamaan walitti aansuun yoo raawwate yakka daddabalama uumamuudha.¹¹³ Fakkeenyaaf, Obbo Murteessaan Mana nama obbo Gammachuu humnaan cabsee seenuun yakka saamicha erga raawwatee booda itti aansuun micayyoo obbo Gammachuu kan taate dubree Soorettii Gammachuu irratti yakka dirqisiisee gudeeduun kan raawwate osoo ta'e obbo Murteessaan yakkoota dachaa qabatamoo raawwachuutiin ni gaafatama.

Haala addaatiin gochootni yakkaa tokkoo oli ta'an garuu immoo kan akka yakka dachaatti fudhatamuu hin qabne seera yakkaa keessatti tumamaniiru. Isaan kunis tokkoffaa, yeroo keewwaanni seera yakkaa yakkoota adda addaa akka yakka tokkootti hammachiisuun tume.¹¹⁴ Yakki raawwatame tumaalee seeraa gara garaa jalatti kan kufu yoo ta'ellee tumaa seeraa tokko jalaatti yemmuu hammataman yakki uumamu yakka dachaa ta'uu hin danda'u. Kana jechuun, yakki tokkichichi raawwatame yakkoota biroo ofi keessatti hammachuu danda'a. Fakeenyaaf, yakka saamichaa raawwachuuf gochi yakkaa raawwatamu hanna, miidhaa qaamaa fi kkf ofi keessatti hammata waan ta'eef namni gocha saamichaa raawwate kan himatamuu qabu tumaa tokko S/Yakkaa kwt.670 jalatti qofaan malee tumaa seera yakkaa hanna 665 fi miidhaa qaamaa 555 tiin himatamuu hin danda'u. Akkasumaas, yakkoonni qabatamoo dachaa hariiroo qaban kan akka ajjeechaa cimaa ykn wanbadummaa cimaa kan fakkaatan adabbii kan cimsu yakka addaa tokko kan hundeessan ta'uun isaanii kutaa addaa seerichaa keessatti yoo tumame, tumaaleen yakkoota akkanaaf ibsaman raawwatamoo ni ta'u jechuun seerri yakkaa keenya ifaan tumee jira.¹¹⁵ Kanaafuu, akka qajeeltoo kanaatti gochi yakkaa raawwatame dachaas kan ta'u yoo ta'e tumaa seeraa yakkaa kutaa addaa tokko keessatti kan tumame yoo ta'e akka yakka dachaatti ilaalamuu hin qabu. Lammaffaan, yeroo himatamaan yakka haadhoo raawwachuuf yakkoota biroo hariiroo qaban raawwatu yakkuma tokkoon kan gaafatamu malee, yakkoota daddabalamaa raawwachuutiin hin gaafatamu.¹¹⁶ Bu'uura kanaan, yakkoonni baay'een tumaa seeraa adda addaa jalatti hammataman kan raawwataman yoo ta'ellee, akka yakka dachaatti ilaalamuu hin qaban. Garuu wanti xiyyeeffannoon ilaalamuu qabu, yakkoonni dabalataan raawwataman gocha yakkaa bu'uura galmaan gahuuf yoo ta'e qofaadha. Raawwatichi yakka murtaa'e tokko raawwachuuf yaada qaba jedhamee yommuu tilmaamamutti; keessumattuu badhaadhina hin

¹¹³ SY kwt 60(a)

¹¹⁴ SY kwt 61(1)

¹¹⁵ SY kwt 185(2)

¹¹⁶ SY kwt 61(3)

malleef argachuuf qabeenya irratti yakka kan raawwate yoo ta'e ykn maallaqa sobaa kan hojjete, maallaqni kun akka naanneffamu taasiseera yoo ta'e ykn sanada sobaa qopheessee itti fayyadameera yoo ta'e; kaayyoo badii isaa isa jalqabaa galmaan gahuuf jecha yakka bu'uura ta'e booda walitti aansuun gochi inni raawwate yaada isaa duraaniifi galma bira gahuuf karoorfate waliin hariiroo kan qabu ta'ee yakkicha muummee keessatti hammatamuu qaba.¹¹⁷

Yeroo kana garuu wanti ilaalamuu qabu raawwataan yakkaa gocha murtaa'e ykn yakka tokko raawwachuuf kan kaayyeffate yoo ta'ee fi, yakkoonni biroo immoo yakkuma yaadame kana galmaan gahuuf kan raawwataman yoo ta'e qofa malee yaada yakkoota garagaraa raawwachuutiin yoo ta'e akka yakka dachaatti fudhatamuu qaba. Bu'uura S/Yakkaa kwt 61(3) tiin yakka hariiroo qabu yeroo jedhamu qophii yakkicha raawwachuuf taasifamu hin himmatu.¹¹⁸ Qophiin yakka raawwachuuf taasifamu mataa isaatiin yakka kan ta'u yoo ta'e tumaa kana jalaatti hin hammatamu. Akka tumaa kanaatti wanti hammatamuu qabu yakka haadhoo booda yakkoota biroo raawwatamaniidha.¹¹⁹ Sadaffaan, gochoota yaada sammuu tokkoon kaayyoo tokkoof raawwatamaniidha. Kunis, namni yaada sammuu tokkoon, mirga seeraan eeggame tokko irratti yakkoota raawwate akka yakka dachaa raawwatetti ilaalamuu hin qabu kan jedhuudha. Yakkoonni akkanaa walitti aanuun ykn irra deddeebiin kan raawwataman yoo ta'ellee kaayyoon isaan raawwatamaniif tokko yoo ta'e qofa malee kaayyoo adda addaaf yoo ta'e akka yakka dachaatti ilaalamu. Bu'uura tumaa kanaatiin gochoonni yakkaa akka yakka dachaatti ilaalamuu dhabuudhaaf ulaagaan lama dirqama guuttamuu qaba. Isaanis:- Mirga seeraan eeggame tokko qofa irratti gocha yakkaa raawwatamuu fi yaada sammuu tokko qofaan ta'uu qaba. Akkasumas, raawwatichi yakkaa gochoota yakkaa irra deddeebi'ee ykn walitti aansee raawwachuun isaa; ykn yakka akka amaleeffannaatti ykn ogummaatti qabachuun isaa yakka salphaa ykn yakka adabbii cimsuu danda'u tokko kan hundeessu ta'uun isaa ykn gochi yakkichaa yeroo murtaa'eef dheeratee yommuu turu akka gocha yakka qeenxee raawwateetti malee yakkoota dachaa akka raawwatetti hin lakkaawamu jechuun seerri yakkaa ifaan tumee jira.¹²⁰

¹¹⁷ SY kwt 61(3)

¹¹⁸ Fedhasaa Mangashaa fi Gammachuu Nugusee, Yakkoota Bilisummaa fi Qulqullummaa Saalaa Irratti Raawwataman, Yakkoota Miidhaa Qaamaa, Yakkoota Dachaa fi Adabbiiwwan Isaanii: Seeraa fi Hojimaata Naannoo Oromiyaa: Leenjii hojii irraa yeroo gabaabaaf kan qophaa'e, (2013) irraa fudhatame. F-76

¹¹⁹ Fedhasaa Mangashaa fi Gammachuu Nugusee, Moojuulii, 2013, F.76.

¹²⁰ SY kwt 61(2)

Dhimma kanaan wal-qabatee yakkoonni tokko tokko dachaa ta'uu fi dhiisuu isaanii adda baasuun akkisaa ta'uu danda'a. Sababni isaas, yaada sammuu namaa beekuun waan hin danda'amneef akkaataa tumaa seerichaatti hojii irra oolchuuf yaada sammuu namaa beekuun hin danda'amu waan ta'eefiidha. Haa ta'u malee haala raawwii yakkichaa fi taateewwaan dhimmichaan wal-qabatan irra dhaabbatanii madaaluun yaada sammuu yakkamaa baruun ni danda'ama.¹²¹ Karaa biraatiin garuu, gochoonni yakkaa walitti aananii raawwataman yaada sammuu haarawaan ykn garagaraatiin kan raawwataman yoo ta'e, akka yakka dachaatti ilaalamuu kan qaban ta'uu seera yakkaa keessatti ifatti tumameera.¹²²

Garaagarummaa yakkoota daddabalamaa ta'anii fi kan hin taane hangana erga ilaallee booda, yakkootni daddabalamaa ta'an yoo mudatan adabbiin haala kamiin shallagama kan jedhu seera yakkaa keewwata 184 jalatti tumamee argama. Kunis, bu'uura tumaa kanaatiin sirnoonni shan adda bahanii taa'aniiru. Tokkooffaan, yakkoota qabatamaa raawwataman yakkoota dachaa bilisummaa yookiin lubbuu dhabsiisuun adabsiisan keessaa sababa isa tokkoon du'a yookiin hidhaa umurii guutuu yookiin yakkoonni kun adabbii hidhaa akaakuu wal fakkaataa kan adabsiisan ta'ee, sababa isa tokkoon adabbii olaanaan kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame (keewwata 106 fi 108) kan murtaa'u yoo ta'e, murtiin kun adabbii yakkoota dachaa biroo ilaalchisee murtaa'u hunda walitti hammatee kan qabatu ta'a.

Lammaffaa, adabbiin baaxiin gosa adabbichaa hin murtaa'u yoo ta'ee adabbiin yakkoota qabatamaa raawwataman keessaa kan isa cimaa baaxiitii gadi yoo adabsiise yakkoota daddabalamaa hafaniif immoo isa cimaarratti ida'uun cimsamee kan murtaa'u ta'a.¹²³ Haala kanaan, yakkoonni daddabalama qabatamaa adabbii hidhaa cimaatiin (salphaatiin) adabsiisaniif adabbiin kan shallagamu adabbiin tokkoon tokkoon isaanii qofaatti erga murtaa'ee booda walitti ida'amuun kan shallagamu ta'a. Kunis, ida'amni argame baaxii gosa adabbichaaf kutaa waliigalaa keessatti taa'e caaluu hin danda'u.

Sadaffaa, daddabalamni uumame gar-tokko hidhaa cimaatiin garri biroo immoo hidhaa salphaatiin kan adabsiisan yoo ta'e shallaggiin adabbii kan taasifamu tokkoon tokkoo yakkootaaf adabbiin erga murtaa'een booda adabbiin hidhaa salphaa waggaa lamaa akka adabbii cimaa waggaa tokkoo waliin wal-madaalutti fudhatamee walitti ida'amuun ta'a. Haalli ida'ama isaaniis

¹²¹ Fedhasaa Mangashaa fi Gammachuu Nugusee, Moojulii, 2013.

¹²² SY kwt 62

¹²³ SY kwt 184(1)(b)

adabbiin tokkoon tokkoon isaanii qofaatti erga murtaa'een booda walitti ida'amuun kan shallagamu ta'a.

Afraffaa, yakkoonni daddabalaman gar-tokko kan maallaqaan garri biroo immoo kan hidhaan adabsiisan yoo ta'e tokkoon tokkoo isaaniif adabbiin malu erga murtaa'ee booda kan hidhaa bu'uuruma armaan olitti eerreen walitti ida'amee kan maallaqaas walitti ida'amee dhumarratti adabbiin hidhaa fi maallaqaa walitti adabuun murtaa'a.

Shanaffaa, adabbiin maallaqaa daddabalamaas kan ida'amu tokkoon tokkoo yakkaaf adabbiin maallaqaa malu erga murtaa'een booda walitti ida'uun ta'a. Gama biraatiin, adabbiin maallaqaa yoo muramu sababa maallaqa jaalachuutiin yakka raawwatame yoo ta'e ykn seeronni biroo adabbii caalu yoo tuman malee adabbiin maallaqaa baaxii kutaa waliigala seera yakkaa jalatti taa'e caaluu hin danda'u.¹²⁴

Kanaan wal-qabatee qajeelchafama adabbii lakk.2/2006 keewwata 22(1) jalatti yakkoonni daddabalamaan qabatamoo ta'an yoo mudataan shallaggiin isaa haala kamiin shallagamuu akka qabu tumeera.Kunis, bu'uura seera yakkaa keewwata 184 jalatti ibsameen yakkamaan yakkoona daddabalamaa yoo raawwate tokko tokkoon adabbii yakkatiif ka'umsa adabbii erga kaa'een booddee kanneen walitti ida'udhaan hanga adabbii irra gahamu gulantaa adabbii gadi aanaa filachudhaan gulantaan adabbii adda bahuu kan qabu ta'uu ni kaa'a. Itti aansudhaan seera yakkaa keessatti fiixee adabbii ibsame osoo hin caalin sababoota walii galaa adabbii cimsan bu'uura godhachudhaan ni cimsa.

ii. Haala Adabbiin Yakkoona Daddabalamaa Goch-Tokkee (National Concurrence) Itti Murtaa'u

Daddabalamaan kun akaakuu lama qaba.¹²⁵ Isaanis:-

▪ Yakkoona Daddabalamaa Goch-tokkee Seera Adda Addaa Cabsan

Daddabalamaa goch-tokkee yakkamaan gocha balleessaa tokkoon yeruma tokkotti tumaalee seera yakkaa lamaa fi lamaa ol yoo darbee argame daddabalamaa uumamuudha. Akka gosa yakkaa daddabalamaa kanaatti gochi yakkaa tokko seera garagaraa cabse kan jedhamu gochi yakkaa raawwatame sun bu'aa adda addaa osoo hin geessine tumaa seeraa adda addaa cabsee

¹²⁴ SY kwt 92

¹²⁵ SY kwt 60(b)

yoo argameedha.¹²⁶ Fakkeenyaaf, namni haadha manaa qabu fira dhiigaa isaa dirqisiisee yoo gudeede gocha yakkaa tokkoon bu'aa adda addaa osoo hin hordofsiisin tumaa seeraa adda addaa cabsuutiin ni gaafatama. Kunis, yakka sagaagalummaa, fira dhiigaa waliin waliqunnamtii saalaa raawwachuu fi dirqisiisanii gudeeduu kan of keessaa qabuudha. Waliigalaatti, himatamaan gocha yakkaa dalage tokkootiin mirgoota adda addaa yoo cabsee ykn bu'aawwan qabatamaa adda addaa yoo hordofsiise keewwatni yakkoota kanneen bakka tokkotti adabsiisu yoo hin jiraanne tumaalee rogummaa qaban adda addaa jalatti yakkoota daddabalamaa raawwachuutiin kan adabamu ta'a

Adabbiin yakka daddabalama goch-tokkee ilaalchisee bu'uura seera yakkaa keewwata 187(1) tiin kan shallagamu yoo ta'u, haalli shallaggii isaas bifa lamaan kan ilaalamu ta'uu tumameera. Kunis, yakkamaan yakka dalaguuf kaayyeeffatee fi yaada seera cabsuu qabu ifaan irraa beekamuuf jedhee ykn haala hammeenyummaa isaa ibsuun yoo raawwate adabbii olaanaa ta'e bu'uura keewwata 184 tiin shallagamee kan murtaa'u ta'a.¹²⁷ Haa ta'u malee, yakkichi haala buufata lammaffaa jalatti tumameen kan raawwatame yoo ta'e garuu adabbiin kan shallagamu hanga baaxii daddabalama jiran keessaa baaxii isa cimaa hin darbiinitti qofa ta'a.

▪ **Yakka Daddabalamaa Goch-Tokkee Bu'aa Adda Addaa Hordofsiisan**

Daddabalamaan goch-tokkee gocha tokkoon yeroma tokkotti miidhaa yakkaa qabatamaa ta'e lamaa fi isaa ol ta'e qaqqabsiisuudha. Kana jechuun, sababa gocha yakkaa tokkootiin yakkoonni bu'aa qabatamaa adda addaa geessuun tumaalee seera yakkaa heddu jalatti adabsiisuu danda'an kan raawwataman yoo ta'eedha.¹²⁸ Bu'uura yakka daddabalamaa kanaan himatamaan karaa sadiin yakka raawwachuu danda'a.

- Tokkoffaa; yakkoota hundumaa gocha tokkoon ta'uus itti yaadee kan raawwate yoo ta'e;
- Lammaffaa; yakkoota daddabalamaa raawwate keessaa yoo xiqqaate tokko itti yaadee kan hafan dagannoon kan raawwate yoo ta'ee; fi
- Sadaffaa; yakkoota hundaa dagannoon kan raawwate yoo ta'eedha.

Haalota kanaan himatamaan yakkoota daddabalamaa goch-tokkee kan raawwate yoo ta'ee fi yakkoonni himatamaan raawwate tumaa seeraa tokkoon kan hin hammatemne yoo ta'e

¹²⁶ SY kwt 65

¹²⁷ SY kwt 187(1)

¹²⁸ SY kwt 65

himatamaan gochoota yakkaa daddabalamaa raawwataman hundaaf kophaa kophatti kan himatamuu ta'a.

Adabbiin daddabalamaan gosa kanaatiif murtaa'u akka sababa adabbii cimsu addaatti bifa dirqamaatiin kan tumamee argamuudha. Haa ta'u malee, sirni adabbiin itti shallagamu yaada sammuu yakkamaa fi cimina bu'aa yakkaa uumame irratti hundaa'ee bakka lamatti qoodama. Yakkoota daddabalamaa kana keessaa yoo xiqqaate tokkoo isaa itti yaadee kan raawwate yoo ta'e adabbiin bu'uura keewwata 184 tiin shallagama. Akkasumas yakkicha himatamaan kan raawwate itti yaadee ta'ee ciminni yakkichaa kan keewwata 66(2) jalatti ibsame, nageenyaa fi faayidaa uummataa kan miidhan yoo ta'es adabbiin bu'uura keewwata 184 tiin kan shallagamu ta'a.¹²⁹ Gama biraatiin, yakkoonni daddabalama goch-tokkee bu'aa qabatamaa adda addaa kan geessisan dagannootiin dalagamanii yoo ta'e yakkoota daddabalamaan raawwataman keessaa hanga baaxii yakka isa cimaa gahutti qofa cimsamee kan murtaa'u ta'a.

iii. Daddabalamaa Yaada Tokkoon Seera Yakkaa Tokko Darbuun Dantaa Namoota Baay'ee Irratti Miidhaa Qaqqabsiisu

Daddabalamaan kun gocha yakkaa yakkamaan yaada sammuu itti yaadee yookiin dagannoo tokkoon tumaa seeraa yakkaa tokko kan darbe ta'ee mirgaa fi dantaa namoota tokkoo ol ta'an irratti miidhaa gosa tokko qabu hordofsiisuun daddabalama uumamuudha.¹³⁰ Haala adabbii yakkoota daddabalamoo gosa kanaa ilaalchisee haala addaatiin yoo tumame malee adabbiin bu'uuruma keewwata 184(1) jalatti taa'een kan murtaa'u ta'uu tumameera.¹³¹ Kana jechuun daddabalamni gocha tokkoon balleessaa keewwata wal-fakkaatu jalatti kufu namoota adda addaarratti yoo raawwatame akka daddabalama qabatamaatti fudhatamuun adabbiin kan shallagamu ta'a.

Dhimma 28^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma¹³² DhIMMWF tiin lakk.Ga 96078 ta'ee irratti ilaalamee murtii argate dha. Ka'uumsi dhimmichaa himannaa Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa himatamaa

¹²⁹ SY kwt 187(2)

¹³⁰ SY kwt 60(c)

¹³¹ SY kwt 184(2)

¹³² Dhimma DhIMMWF, Jiildii 16^{ffaa} LG 96078 keessatti murtaa'e.

Gargaaraa Saj.Ahimad Laggasaa irratti Mana Murtii Olaanaa Federaalaa tti dhiyeesse yoo ta’u, himannaan dhiyaatees yakkoota daddabalamaa jaha miidhamtoota dhuunfaa nama jaha irratti raawwateera jechuun kan dhiyaatee fi yakkoota kanneen keessa shaniin balleessaa qaba jechuun kan murtaa’e yoo ta’un tarreen himannaa gabaabumatti “...himatamaan kun SY Kewt.32(1)(A), 27 fi 598(1) bira darbuudhaan eeyyama osoo hin qabaatiin miidhamtoota dhuunfaa iddoo adda addaa irraa gara magaalaa Finfinnee fiduun gara biyya alaa sin ergee hojiis siniin qabsiisa jechuun mana isaa tursiisuun maallaqa kanfalchiisee gara biyya alaa erguuf qophii irra osoo jiru poolisiidhaan to’atameera” kan jedhu dha.

Manni Olaanaa Federaalaas falmii bitaaf mirgaa erga dhagahee booda himatamaa yakkoota daddabalamaa irratti dhiyaatan jaha keessaa shaniin badii qaba jechuun murtii balleessummaa erga kennee booda adabbii tokkoo tokkoon yakkoota balleessaa ittiin jedhameef murteessuun walitti idaa’ee adabbii hidhaa cimaa waggaa 13 fi adabbii maallaqaa qarshii 2000 akka adabamu murteesseera. Himatamaanis murtii kana komachuun ol’iyyaannoo MMWF tiif kan dhiyeesse ta’us, komiin dhiyaate hin dhiyeesisu jechuun murtii jalaa cimseera. Kanumaan iyyata isaa DhIMMWF tiif kan dhiyeesse yoo ta’u, ijoon komii isaas yakka yaada sammuu tokkoon yeroo fi iddoo tokkotti raawwatameef daddabalamaadha jechuun murtiin balleessummaa fi adabbiin kennama sirrii miti kan jedhuudha.

DhIMMWF gama isaatiin komii dhiyaate erga ilaale booda himatamaan yakka daddabalamaatiin balleessaa jedhamuun isaa sirriidha jechuun adabbii qofa fooyyeessuun murtii mana murtii jalaa cimseera.

- Ejjennoo DhIMMWF kana akkamitti madaaltu?

Dhimma 29^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma¹³³ DhIMMWF tiin lakk.Ga. 92296 ta’e irratti ilaalamee murtii argate dha. Ka’uumsi dhimmichaa himannaa Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa himatamaa Andu’aalam Araagee fa’a irratti Mana Murtii Olaanaa Federaalaa tti dhiyeesse yoo ta’u, himannaan dhiyaatees yakkoota daddabalamaa gosa sadi gocha tokkoon tumaa seeraa adda

¹³³ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 17^{ffaa} LG 92296 keessatti murtaa’e.

addaa bira darbuun yakka shororkeessummaa fi biyya ganuu raawwataniiru jechuun balleessaa erga taasissee booda adabbii ilaalchisee haala naannoo gaafa qoratu yakkamtoonni amala badaa qabaachuun yakkicha feedhii guutuudhaan itti yaadanii waan raawwataniif adabbiin cimuu qaba jechuun tokkoon tokkoo yakkootatiif adabbii bu’uura Sy kewt.184(1)(b) fi 187(1) tiin walitti ida’uun ida’amni isaa waggaa 39 kan guute yoo ta’es adabbichi baaxii kutaa seera waliigalaa keessa taa’e darbuu akka hin qabne ibsuun gara waggaa 25 tti erga gadi deebisee booda sababoota waliigalaa adabbii cimsanii fi salphisaan bu’uureffachuun adabbii xumuraa murteesseera.

- Dhimma kana irratti murtii adabbii kenname akkamitti madaaltu?

Dhimma 30^{ffaa}

Dhimma¹³⁴ kana keessatti himatamaan himannaa lama SY kew. 626/1/(miidhaa saalqunnamtii ijoollee umriin waggaa 13 ta’eefi waggaa 18 hin guunne irratti raawwatamuu) fi 652/1/ (sagaagalummaa) jalatti balleessaa ta’eera.

Manni Murtii sadarkaa fi gulantaa adabbii yeroo adda baasu himannaa isa duraatiif gulantaa 17ffaa yoo qabaatu, himannaa isa 2ffaa (SY kwt 187/1/ fi qaj. adabbii kwt 22/1/ B) tiin gulantaa lama dabala jechuun gulantaa 19 jalatti kuffisuun yaada adabbii fudhachuutti ce’eera.

Gaaffii:

- Isin haala Manni Murtii kun shallaggii adabbii itti raawwate sirrii dha jettuu?

Dhimma 31^{ffaa}

Dhimma¹³⁵ kana keessatti himatamaan himannaa 1ffaa jalatti SY.kewt 692(1) bira darbuudhaan dhimmaan siif raawwachiisa jechuun waraqaa ragaa diiggaa gaa’ilaa nan hojjechiisa jechuun obboleettii miidhamaa dhuunfaa fi abbaa warraa ishee gowwoomsuun kanfaltii yeroo lamaatiin qarshii kuma afurtama erga fudhatee booda waraqaa diiggaa gaa’ilaa kan sobaa akka waan kutaa magaalaa Lidataa irraa bahe fakkeessuun kan kenne waan ta’eef; akkasumaas himannaa 2ffaa

¹³⁴ Dhimma MMA Adaamaa, Lakk G 84150 keessatti murtii argate.

¹³⁵ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 17^{ffaa} LG 104715 keessatti murtii argate.

jalatti himatamaan SY kwt. 385(1)(a) bira darbuudhaan waraqaa ragaa sobaa miidhamtuu dhuunfaadhaaf waan kenneef yakkoota daddabalamaa raawwateera jechuun himatameera.

DhIMMWF xiinxala isaa keessatti himatamaan yakkoota daddabalamaa lama yakka gowwomsuu fi sanada sobaa qopheessuun kennuun kan himatame yoo ta’u, kunis bu’uura sy kwt.699 tiin gochi gowwomsuu kan raawwatame sanada sobatti jijjirameen yoo ta’e, tumaaleen rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta’u jechuun waan tumuuf himatamaan yakkaa gowwomsuutii fi sanada sobaa qopheessuutiin yakkoota daddabalamaadhaan himatamuun isaa sirriidha jechuun adabbiis bu’uura SY kwt.184(1)(b) tiin murteessee jira.

Gaaffii

- Dhimma olii keessatti yakki raawwatame akkaataa SY kwt 61 tiin yakka tokko raawwachuuf yaada tokko irraa kan maddu jedhamee akka yakka tokkootti kan ilaalamu dha moo? Akkaataa SY kwt 60 fi 63 tiin yakka daddabalamaa kan jedhamu dha?
- Dhimmi kun daddabalamaadha yoo jettan, daddabalamaa gosa kami? Adabbiin yakkoota kanaa kan tokkoo hidhaa cimaa, kan isa lammataa hidhaa salphaa yoo ta’e, adabbiin haala kamiin shallagama?

Dhimma 32^{ffaa}

Dhimma¹³⁶ kana keessatti himatamtoonni yakkoota daddabalamaa shan jalatti himatamanii murtii kan argate yoo ta’u, ka’umsi dhimmichaa himannaa Abbaan Alanga Godina Addaa Oormiyaa Naannawa Finfinnee himatamtoota jalaa namoota afuri ta’an irratti Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti dhiyeesseen himatamaa 1ffaa jalaa fi himatamaa 2ffaa jalaa irratti baay’ina miidhamtoota dhunfaatiin himannaa shan irratti dhiyeessee jira. Qabiyyeen himannichaas himatamtoonni kun miidhamtoota dhuunfaan hojiidhaaf biyya alaatti isin ergina jechuun lakk. herregaa 1000272293159 ta’e maqaa Haalimaa Muhaammad jedhu irratti tokkon tokko isaanii hanga qarshi 30,000 akka galfatan taasisuun Fiinfinneetti yaamanii erga simatanii booda tikeetii balallii xiyyaaraa kennun miidhamtoota gara buufataa xiyyaaraatti gaggeessuun tikeetiin balallii kan sobaa akka waan itti himameef

¹³⁶ Dhimma DhIMMWO, LG 405995 irratti Gannat Ayyewu fa’a N-4 fi A/A/Waliigalaa Oromiyaa gidduutti murtii argate.

miidhamtoonni duubatti deebi'uun yoo bilbilaniif himatamtoonni miidhamtoota gara mana himatamtuu 1ffaatti geessuun ji'a tokkoo ol mana keessatti ugguruun miidhaa irraan gahaa osoo jiranii waan qabamaniif, Labsii Seeraan Ala Namoota Naannessuu fi Karaa Seeraan Alaa Daangaa Ceessisuu Dhorku fi To'achuuf Bahe lakk.1178/2012 kew.8(1,3)(c) irra darbuudhaan yakka raawwataniin himatamanii jiru kan jedhuu dha. Himanni 6ffaa hanga 10ffaa immoo himatamtoota jalaa 3ffaa hanga 5ffaa (iyyattoota ammaa 2ffaa fi 3ffaa dabalatee) baay'ina miidhamtoota shanan himannaa 1ffa-5ffaa irratti ibsamani kan dhiyaate yoo ta'u, himatamtoonni kun gocha himatamtoonni 1ffaa fi 2ffaa seeraan ala miidhamtoota mana keessatti ugguruu raawwatan kana dhoksiif jecha miidhamtoota bakka turanii gadi lakkisanii iddoo biraatti akka dhokatan fi ragaa dhoksuuf sochii waan godhaniif labsii 1178/2011 kwt. 15(2) darbuudhaan yakka raawwataniif himataman kan jedhuudha.

Himatamtoonni gocha ittiin himataman hin raawwanne jechuun waan waakkataniif Manni Murtii Ol'aanaa Godinaa Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee raga abbaa alangaa fi kan ittisaa erga dhagahee booda; himatamtoonni gocha ittiin himataman raawwachuu isaanii mirkanaa'ee jira jechuun himannaa dhiyaate jalatti balleessaa taasisuun, himatamtuu 1ffaa adabbii hidha cimaa waggaa 16 fi adabbii qarshii 150,000tiin, himatamaa 2ffaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 16 fi adabbii qarshii 10,000tiin, himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa immoo itti waan hin mirkanoofneef bilisaan akka gaggeeffamtu murteessee jira. Himatamtoonni jalaa 1ffaa hanga 4ffaa murtii mana murtii olaanaa godinichaa komachuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/Galeessaatti kan ol'iyyatan ta'us, ol'iyyannoo dhiyaate haqeera.

Iyyattoonni ammaa murtiin balleessummaa fi adabbii manneen murtii jalaatiin kenname kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuun DhIMMWO tiif kan dhiyeesse yoo ta'ellee manni murtichaa aangoo dhimmicha ijibbaataan ilaaluu hin qabu jechuun iyyata dhiyaate kufaa gidheera.

Gaaffii

- Dhimma kana keessatti himatamtoota yakkoota daddabalamaadhaan himachuun sirriidha jettuu?

Dhimma 33^{ffaa}

Dhimma¹³⁷ kana keessatti himatamaan himannaa 2'n himatame yoo ta'u, himannaan 1ffaa kwt-539(1A) jalatti nama 2 waan ajjeesseef, Himannaan 2ffaan kwt. 27 fi 539(1A) jalatti nama 1 irratti yaalii ajjeechaa raawwateera kan jedhuudha.

Manni Murtii Olaanaa keewwatoota itti himatame lachuu jalatti balleessa gochuun bu'uura s/y kw-85 fi 184(1A) himanna 2ffaa himanna 1ffaa jalatti haammachiisuudhaan gaafa harki isaa qabamee irraa eegalee hidhaa cimaa waggaa 20 tiin akka adabamuu sagalee tokkoon murteesseera.

- Murtii adabbii kenname kana isin akkamitti ilaaltu?

Dhimma 34^{ffaa}

Dhimmi¹³⁸ kun MMA Gursum irraa kan eegale yoo ta'u, himatamaan kwt. 555(B) fi 689 irra darbuudhaan yakka miidhaa qaamaa cimaa fi qabeenya balleessuu raawwatee himannaa lamaan himatame. MMA keewwata lamaan jalattiyyuu balleessaa erga jedhee booda, adabbii ilaalchisee yakka miidhaa cimaatiif sadarkaa 1ffaa gulantaa 16ffaa erga qabatee booda, sababoota adabbii salphisan waliigalaa (himatamaan naamusa qabaachuu fi kuusaa kan hin qabne ta'uu isaa ibsee) lama fudhachuun gulantaa 13ffaa jalatti hidhaa cimaa waggaa 2 fi baatii 3 dabarse.

Himannaa 2ffaa jalatti sadarkaa gadi aanaadha jechuun adabbii baatii 3 akka ka'uumsaatti fudhatee gulantaa 2ffaa jalatti kuffisuun, sababoota adabbii salphisan kan himannaa 1ffaa keessatti fayyadame ammas yakka kana irratti fayyadamuun duuchumatti hidhaa salphaa baatii 1 tiin akka adabamu jechuun murteesse. Walumaagalatti himatamaan guyyaa harki isaa qabame irraa kaasee himannaa *1ffaa fi himannaa 2ffaa hidhaa cimaa waggaa 2 fi baatii 3 fi hidhaa salphaa baatii 1* tiin akka adabamu jechuun murteesse jira. MMOGHB's ta'e MMWO DhB ol-iyyannoon ilaaluun, murtiin jalaa hanqina hin qabu hin dhiheessisu jedhaniiru.

- Murtii adabbii kenname kana isin akkamitti ilaaltu?

¹³⁷ Dhimma MMO Go/Sh/Bahaa, LG 33291 keessatti murtii argate.

¹³⁸ Dhimma MMWODhB tti, LG 301352 keessatti murtii argate.

Dhimma 35^{ffaa}

Dhimma¹³⁹ kana keessatti himatamaan konkolaataa garagalchuun himannaa 5'n himatamee balleessaa jedhame. Himannaa 1ffaan kwt 543/3/ jalatti namootni 8 du'an, himannaa 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaa jalatti kew. 559/2/ darbuun miidhamtootni garagaraa 3 miidhaan qaama hir'isuu, himannaa 5ffaatiin kew.572/1/ konkolaataa qar. 500,000 baasu fayidaan ala godhe kan jedhuu yoo ta'u, Manni murtichaa himannaa 1ffaan sadarkaa 1ffaa jalatti adabbii hidhaatiif gulantaa 21ffaa, adabbii maallaqaatiif gulantaa 6ffaa qajelfama adabbii jalatti; himannaa 2ffaa hanga 5ffaa jiraniif gulantaa lama itti dabaluun adabbii hidhaatiif gulantaa ka'uumsaa 23ffaa, adabbii maallaqaatiif gulantaa 8ffaa qabateera.

Yakkootni daddabalamaan adabbiin isaanii bu'uura qajeelfama adabbii kew. 22/1/b fi kew. 187'tiin shallagamu yeroo quunnaman tokkoon tokkoon yakka daddabalamaaf gulantaa 2, 2 akka dabalamu teechisuuf yakkoota daddabalamaa sadeeniif gulantaa 2 qofa osoo hin taane gulantaa lama lama walitti gulantaa jaha dabalammuu qaba.

- Dhimma kana irratti himannaawwan 2ffaa hanga 4ffaatti jiran (SY kwt 559/2 ilaalchisee jiran) daddabalamaa /60 (c) jala jiruudha jechuu ni dandeenyaa?

Dhimma 36^{ffaa}

Dhimma¹⁴⁰ kana keessatti himatamaan yaada dagannoo fi gocha tokkoon hanga konkolaataan fe'uuf eyyamame ol fe'uun namootni konkolaaticha keessa tura lama du'uun, namootni torba immoo miidhaan qaamaa kan isaanirra gahe waan ta'eef S/Y kewt.543(3) fi 559(2) bira darbuudhaan yakkoota daddabalamaa hanga baay'ina namoota miidhamaniitiin wal-gitu yakkoota torbaan himatameera.

DhIMMWF xiinxala isaa keessatti yakka gocha dagannoo tokkoon namootni torba yoo miidhamaanis bu'uura SY kewt.60(c) tiin akka yakka daddabalamaatti fudhachuun hafuura tumaa seera yakkaa kewt.61 fi 543(3) waliin kan wal utubu waan hin taaneef yaada dagannoo

¹³⁹ Dhimma MMO Go/Sh/Bahaa, LG 42221 keessatti murtii argate.

¹⁴⁰ Dhimma MMO Go/Sh/Bahaa, LG 42221 keessatti murtii argate.

tokkoon mirga namoota adda addaa irra midhaan kan gahe yoo ta'ellee himanaan yakkoota daddabalamaa torban badii taasisuun sirrii miti jechuun SY kewt.543(3) jalatti miidhaa du'aa namoota 2 fi akkasumaas namoota torba miidhaan dagannoon irraa gaheef SY kewt.559(2) jalatti yakkoota daddabalamaa lamaan gaafatamuu kan qabuufi tumaan kun immoo miidhaa dagannoo namoota lamaa fi sana olirraa yoo gahe adabbiin isaa haala kamiin murtaa'uu akka qabu qajeelfama adabbii keessatti ifatti waan hin teenyeef bu'uura qajeelfama adabbii kewt.27(1) tiin qajeelfamicha irraa bahuun adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa qabachuun kana booda gara hidhaa cimaa waggaa tokkootti erga jijjiiree booda adabbii hidhaa cimaa yakka sy kewt.543(3) jalatti balleessaa jedhame waliin walitti ida'uun adabbii waliigalaa hidhaa cimaa waggaa saddeetiin akka adabamu murteesse jira.

- Adeemsa murtii adabbii itti kenname isin akkamitti ilaaltu?

Dhimma 37^{ffaa}

Dhimma¹⁴¹ kana keessatti himatamaan SY kew. 572/1/ darbuun konkolaataa oofaa ture ariitii hayyamamuu ol oofuun konkolaattota garagaraa 3 qabeenya dhaabbilee (miidhamtoota dhuunfaa) garagaraa ta'an itti bu'uun tokko irra miidhaa qa. 70,000, kan lammataa irra miidhaa qar. 60,000, kan 3ffaa irra miidhaa qar. 80,000 waliigalatti qabeenya qar. 210,000 tti tilmaamame dhaqqabsiisuun himannaan sadiin himatame. Manni Murtii adabbii maallaqaa filachuun akka himannaa tokkootti yakkichaaf sadarkaa gad-aanaa qabachuun himatamaa kana qarshii 700'n adabeera.

- Isin murtii adabbii kenname akkamitti ilaaltu?

Dhimma 38^{ffaa}

Dhimma¹⁴² kana keessatti himatamaan kan himatame goyyomsaa cimaa SY 696(c) fi ragaa sobaatti gargaaramuu SY kwt 378 jalatti yoo ta'u, himatamaan(waamamaan ammaa) iyyata dhaaltummaa sobaa dhiyeessuun nama dhaalaa dhugaa hin taane akka waan nama mirga dhaaluu

¹⁴¹ Dhimma MMA Shaallaa, LG 13218 keessatti murtii argate.

¹⁴² Dhimma DhIMMWF, Jiildii 21^{ffaa} LG 104637 keessatti murtii argate.

qabu fakkeessuun waan murteesiseef gochaa iyyata sobaa dhiyeessuun qaama mootummaa murtii dogongoraa akka kennu taasisuu raawwate kan jedhu dha.

DhIMMWF xiinxala isaa keessatti yakki himatamaan kewn.378 jalatti ittiin himatame gochuma kewn. 696(c) jalatti ibsame kana galmaan gahuuf kan raawwate waan ta'eef akka yakkoota daddabalamaatti kan fudhatamu osoo hin taane bu'uura Sy kewn.61(3) tiin tumaa seera yakkaa 696(c) jalatti kan haammatamuudha jechuun murteesseera.

- Bu'uura SY kwn 61 tiin kan ilaalamu moo daddabalamaa dha?

Dhimma 39^{ffaa}

Dhimma¹⁴³ kana keessatti himatamaan yakkoota daddabalamaa lamaan 1ffaa Sy kewn 543(3) jalatti itti gaafatamummaa ogummaa isaa bira darbuun qoricha nama hadoochu kan ogeessaan qofa kennamu '*Diyazempim*' fi '*Tiramandoo*' kan jedhamaan ofuma isaatiin miidhamtuu waraanuun qaama saalaa ishee erga hodhee booda sababa qoricha waraanamteetiin miidhamtuun kan duute waan ta'eef dagannoon nama ajjeessuu kan jedhu yoo ta'u, 2ffaan Sy kewn.566(1) bira darbuun yakka nafsaa dubarii hodhuu raawwateera kan jedhuudha.

DhIMMWF xiinxala isaa keessatti yaada ykn dagannoo yakka tokkoo raawwachuutiin himatamaan mirga seeraan eegame tokko irratti gochi raawwaatame tumaa seeraa tokko jalatti kan haammatamu danda'u yoo ta'e yakkamtichi yakkoota daddabalamaan osoo hin taane tumaa yakka hammachuu danda'u jalatti ta'uu qaba jechuun bu'uura sy kewn, 61(1) tiin murteesse jira.

Dhimma 40^{ffaa}

Dhimma¹⁴⁴ kana keessatti himatamaan konkolaataa konkolaachisaa ture konkolaataa biraatti buusuun namni tokko du'ee, nama tokko irra immoo miidhaan qaama cimaan kan gahee fi qabeenya irrattiis miidhaan waan gaheef Sy kewn.543/2,559(2) fi 503 jalatti balleessaa jedhameera.

DhIMMWF adabbii ilaalchisee adabbiin kan murtaa'uu qabu bu'uura qajeelfama adabbii kewn. 2006 kewn. 22(1)(a) tiin adabbiin ka'uumsaa tokkoon tokkoon yakkootatiif erga qabamee booda

¹⁴³ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 22^{ffaa} LG 134549 keessatti murtii argate.

¹⁴⁴ Dhimma DhIMMWF, Jiildii 23^{ffaa} LG 153690 keessatti murtii argate.

walitti ida'uun gulantaa gadi aanaa irratti kufu qabachuun kan murtaa'u ta'uu fi adabbiin manneen murtii jalaatiin erga adabbii xumuraa kennanii booda walitti ida'ame sirrii miti jechuun murteesse jira.

- ✓ Dhimmoota armaan olii 39ffaa fi 40ffaa armaan olii keessatti adabbii kenname madaaluu irratti mari'adhaa!

Dhimma 41^{ffaa}

Dhimma¹⁴⁵ kana keessatti himannaa Abbaan Alangaa Mana Murtii Ol'aanaa Godiina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinneetiif barreessaanii dhiyeessaniin himannaa 1ffaa jalatti himatamaan Labsii lakk. 881/2007 keewwata 23/3/ irra darbuudhaan gaafa guyyaa 14/11/2013 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'atii 10:30 yoo ta'u konkolaataa lakk. gabatee isaa 1-20692AA ta'e qabatee Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Hoolotaatti utuu konkolaachisaa jiruu danbii tiraafikaa waan darbeef paadii lakk. 6767460 irratti qarshii 500 (dhibba Shan) adabuudhaan lakk. Herreegaa Abbaa Taayitaa Geejjibaa Aanaa walmaraa 1000208528223 ta'erratti galii akka godhu itti himamee maallaqa jedhame kana galii osoo hin taasisin akka waan qarshii kuma tokko galii taasiseetti fakkeessuudhaan siliippii baankii miiltoo wal jijjiirraa TT21168.157MW guyya 14/11/2013 barreeffame hojjechiisuudhaan nagahee sobaa kana qabatee Ejensii Geejjibaa Aanaa Walmaraa deemuudhaan sanada sobaa kana nagahee galii lakk.0180069 ta'etti jijjiirsisuudhaan herreega hin kaffalamne akka waan kaffalameetti dhiyeessuun galii mootummaaf galuu qabu qarshii haadhoo adabbii dhala isaa walumatti qarshii 2750(kuma lamaa fi dhibba torbaa fi shantama) osoo hin galchin waan hafeef, yakka sanada sobaatti tajaajilamuutiin himatamee jira kan jedhu yoo ta'u; himannaa 2ffaan Labsii lakk.881/2007 kwt.32(3) irra darbuudhaan gaafaa guyyaa 15/11/13 siliippii sobaa himannaa 1ffaa keessaatti ibsame qabatee Ejeensii Geejjibaa Aanaa Walmaraa deemuun nagahee kanaan akka waan qarshii dhibba Shan lakk. heerreegaa 1000208528223 irratti galcheetti dhiyeessuudhaan hojjettuu waajjirichaa kan ta'an Aadde Daraartuu Tashoomaatiif dhiyeessee gara nagahee lakk.0180069 akka isaaf jijjiirtu waan taasiseef akkasumas akka waan adabbii isaa kana kaffaleetti nagahee isaaf kenname kana waajjira poolisiitti geessuudhaan hayyama konkolaachisummaa akka gadhiisaniif waan taasiseef, maallaqa mootummaaf galii ta'uu qabu haadhoo, dhalaa

¹⁴⁵ Dhimma DhIMMWO, LG 420399 irratti Roobeel Raggaasaa fi A/A/Waliigalaa Oromiyaa gidduutti murtii argate.

fi adabbii walumaagalatti qarshii 2750 (kuma lamaa fi dhibba shan) osoo hin galchin waan hafeef yakka gowwoomsuu cimaa mana hojii mootummaarratti raawwateen himatamee jira kan jedhuudha.

Manni murtiichaas falmii fi ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga qulqulleesseen booda madaalee murtii kenneen himannaa 1ffaa fi 2ffaa ilaalchisee ragaan abbaa alangaa kan namaas tahee kan sanadaa haala shakkii dhama qabeessa ol taheen himatamaan kun ‘siliippii’ Baankii sobaa kan fakkeeffamee qophaaye tahuu osoo beekuu maallaqa adabbii tiraafikaa qarshii 500 /dhibba shana/ ittiin adabame osoo hin kanfalle nagahee sobaa kana fayyyadamuudhaan waajjirra geejjibaa deemee akka waan maallaqa adabame baankiitti galii taasiseetti nagahee kan fudhate tahuu isaa waan irratti mirkanaa’eef himannaa 1ffaa jalatti labsii lakk.881/2007 keewwata 23 (3) jalatti balleessaa kan qabu yoo ta’u, himannaa 2ffaa ilaalchisee immoo kan abbaan alangaa labsii kana keewwata 32 (3) jalatti dhiyeesse bu’uura SDFY kwt,113 (2) tiin gara Seera Yakkaa kwta, 692 (1) tti jijjiiruudhaan tumaa seera yakkaa keewwata 692/1/ jalatti balleessaa qaba jechuudhaan himatamaan hidhaa cimaa waggaa 3 /sadii/ fi adabbii maallaqaa qarshii 1000 (kuma tokko) tiin haa adabamu jechuudhaan murteesse jira.

Himataamaan murtii kana komaachuudhaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan ol’iyyate ta’uus, murtii mana murtii jalaa cimsuun murteesseera. Kanumaan himatamaan mana murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataaf iyyata isaa kan dhiyeesse yoo ta’u, DhIMMWO sagalee caalmadhaan himatamaan yakkoota daddabalamaa jalatti balleessaa ta’uun dogoggoora hin qabu jechuun haala shallaggii adabbii irratti qofa fooyya’iinsa taasisuun murteesseera. Fooyya’insi gama adabbiitiin taasifamees yakki daddabalama haala kanaan yeroo raawwatamu adabbiin kan shallagamu qabu yakka haadhoo raawwatameef gulantaan erga qabameefii booda gulantaan lama irratti dabalamuun ta’uu qaba jechuun murteesseera.

Gama biraatiin yaada addaa abbootiin seeraa lama qabataniin yakkii haadhoon himatamaan ittiin himatame yakka sanada sobaa fayyadamuu labsii lakk.881/2007 keewaata 23 bira darbuun , himatamaan siliippii baankii sobaatti fayyadamuun akka waan adabbi dambii tirafikaa darabuun adabame ture kaffaleetti fakkeessuun nagahee abbaa taayitaa galiwwaanii irraa akka kennamuuf ta’uun isaa gochoonni kun hundiinu kan raawwatamaan yakkuma isaa haadhoo sanadaa sobaatti fayyadamuu jedhu galmaa’aan ga’uuf gochoota waliitti aanaanii raawwatamaan waan ta’aniif yakki sanada sobaatti fayyadamuu jedhamuus siliippii baankii kana qaama aangoo qabu

fi nagahee muruutti dhiyeeffachuun yoo hin fayyadamne yakkichi xummura hin argatu. Kanaaf gochii abbaa taayiitaa fulduuratti dhiyaachuun nagahee muraachuun kun yakkuma haadhoo nagahee sobaatiin fayyadamuu jedhamu keessatti kan hammatamuu dha jechuun bu'uura Seera yakkaa keewaata 61(3)tiin yakkumaa haadhoo keessatti gocha hammatamanii dha malee of dandaa'aanii yakka biroo daddabalamaatti fudhatamuun sirrii miti waan ta'eef himatamaan yakki inni raawwate yakka sanada sobaa\ fayyadamuu qofa ta'ee osoo jiru yakka gowwoomsuu seeraa yakkaa jalatti tumamee fi labsii lakk.881/2007 haqamee jalaatti balleessaa qaba jedhamee adabamuun isaa murtii dogoongoora bu'uura seera of keessaa qabuudha jechuun yaadaan adda bahaniiru.

Gaaffii

- Murtii armaan olii keessatti yaada abbootii seeraa sagalee caalmaa moo? Kan yaadichaan adda bahantu sirriidha jettu? Maaliif?
- Murtii kana keessatti haalli shallaggii adabbii itti raawwatame hoo sirriidha jettuu?
- **Yakki Dachaana Dura Raawwatame Murtiin Booda Beekamuu (Retrospective Concurrence)**

Yakkamaan tokko yakka daddabalamaa kan raawwate yoo ta'ee fi yakka isa tokkoof adabbii itti murtaa'e raawwachaa osoo jiruu ykn erga xumuree booda yakka isa biraaf himatamee murtiin kennamuun dura kunis kan beekame yoo ta'e, Manni Murtichaa yakka boodarra himatameef murtii yeroo kennu yakkoota dachaa namni sun raawwateen yeroo tokkotti osoo itti murtaa'ee jiraatee adabbii ol'aanaa silaa itti murtaa'uu danda'u osoo hin darbiin murtii kennuu qaba.¹⁴⁶ Haala walfakkaatuun yakkoota daddabalamaa qabatamaa ykn gocha tokko yakkamaa tokkotiin raawwataman Mana Murtii ykn dhaddachoota gara garaatiin ilaalamane murtii adabbii yoo irratti kenname adabbii waliigalaa tokko bu'uura tuumaalee gubba irratti ibsamaniin kan isaan irratti murtaa'u ta'a.¹⁴⁷

Dhimma 42^{ffaa}

¹⁴⁶ SY kwt 186

¹⁴⁷ SY kwt 186

Dhimma¹⁴⁸ kana keessatti DhIMMWF xiinxala taasiseen dhimma yakkaa silaa bakka tokkotti ilaalamuu qabu manneen murtii ykn dhaddachaalee garagaraa irratti ilaalamanii adabbiin kan kenname yoo ta'e, tokkoon tokkoo yakkoota himatamaan balleessaa ittiin jedhame bifa haaraatiin irra deebi'amee adabbiin kan kennamu osoo hin taane yakkootni daddabalamaa himatamaan balleessaa ittiin jedhame yeroo tokkotti osoo kan murtaa'e ta'ee adabbii silaa murtaa'uu danda'u olaanaa isaa osoo hin darbiin adabbiin murtaa'uu qaba jedheera.

4.2. Adabbii Yakka Irra Deddeebii Murteessuu

Yakki irra deddeebii raawwatameera kan jedhamu yakkamaan adabbiin hidhaa itti murta'e guutummaan yookiin gartokkeen guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee yeroo waggaa shanii keessatti yakka haaraa ka'umsii adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jaha ta'een adabsiisuu danda'u itti yaadee kan raawwate yoo ta'edha.¹⁴⁹ Bu'uura kanaan yakki irra deddeebii raawwatameera jechuuf haal-dureewwaan dursanii guutuu qaban kan jiru ta'uu namatti argisiisa. Isaanis, jalqaba gochi haaraa kan raawwatame itti yaadame kan raawwatame ta'uu qaba. Kana jechuun yakkamaan gochaa haaraa kan raawwatee dagannoodhaan yoo ta'ee yakka irraa daddeebi'ee raawwateera kan isaa jechisiisu miti. Itti yaadamee raawwatamu gochichaa qofa otoo hin ta'in, gochi haaraa raawwatame ka'umsi isaa adabbii hidhaa salphaa baatii jaha ta'eetiin kan nama adabsiisu danda'u ta'uu qaba. Kanamalees gochii haaraa raawwatame sun erga yakkamaan yakka kanaan duraa raawwateen adabbii irratti murta'ee guutuumaan guutuutti ykn walakkaan isaa erga raawwatee ykn adabbiichaa otoo hin raawwatiin dhiifamaan guyyaa bahe irraa kaase waggaa shan keessatti kan raawwatame ta'uu qaba.

Yakkamaan tokko yakka irra deddeebii raawwachuun isa yoo irratti mirkanaa'e, Manni Murtichaa bu'uura qajeelfama adabbiitiin yakka haaraa raawwatameef ka'umsaa adabbii guulantaan irratti kufuu addaan baasuun adabbiicha bu'uura SY keewwata-188 jalatti kaa'ameen gulantaa tokko kaase hanga gahaadha jedhe itti amaneeti ol'guddisuun cimsuudhaan ni murteessa.¹⁵⁰ Akka qajeeltootti yakkii irra deddeebii yakkiicha haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame darbuun murteessuu ni danda'a. Manni murtichaa yakkiicha

¹⁴⁸ Dhimma DhIMMWF, LG 110736 keessatti murtii argate.

¹⁴⁹ SY kwt 67

¹⁵⁰ Qajeelfama Adabbii, kwt 22(2)

haaraaf yookiin yakkoota dachaa haaraa keessaa yakka cimaa ta'eef kutaa adda seerichaa keessatti adabbii fiixee tumamee hamma dachaa ta'utti adabbicha cimsuu ni danda'a. Kana jechuun garuu manni murtii daangaa baaxii ol'aanaa yakka haaraaf ta'e darbuu danda'a malee daangaa baaxii adabbii gosa yakkiichaaf kutaa waliigalaa seera yakkaa keessa taa'e garuu darbuu hin danda'u. Yakkii haaraan raawwatame yakkoota daddabalamaa yoo ta'an immoo isaan keessaa dacha adabbii yakka isa cimaa hanga gahutti adabbii cimsuun murteessuu ni danda'ama.¹⁵¹

Karaa biraatiin, akaakuu fi baay'ina yakkoota irra deddeebi'amaniin akkasumas, balleessummaa yakkamtichaa fi hanga balaafamummaa gochichaatiin yeroo ilaalu yakkii irra deddeebii raawwatame kan balaa guddaa geessisu, baay'ina kan qabu ykn hammeenyummaan yakkamaa ol'aanaa fi gosa yakkaa cimaa ta'uu isaa manni murtii yoo hubate adabbii yakka isa haaraa hanga dachaa adabbii kutaa addaa keessatti ta'ee gahutti yookan dachaa isaa caalchisee murteessuu kan danda'u ta'uu tumameera.¹⁵² Haata'umalee, adabbiin murtaa'u kun akaakuu adabbichaatiif kutaa waliigalaa seerichaatiin adabbii ol'aanaa tumame caaluu hin danda'u.¹⁵³

Sirni adabbiin irra deddeebii itti murtaa'u inni kan biraa yakkamtichi irra deddeebi'aa amaleeffataa yoo ta'e adabbii murtaa'u dha. Yoo yakkamtichi irra deddeebi'aa amaleeffataa ta'e manni murtii yakka haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame dachaa darbuun adabbicha olkaasuu murteessu akka qabu haala ifa ta'een kaa'amera. Asirratti wanti hubatamuu qabu yakkamaan amaleeffataa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e adabbiin yakkamaa irratti murtaa'u qabu yomiyyuu taanaan akaakuu adabbichaaf adabbii fiixee kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame hanga hin caaleetti dachaa adabbii ol'aanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka haaraaf kaa'ame gadi bu'u hin danda'amu. Haa ta'u malee, adabbiin bu'uura kanaan cimu hangamiin dabala kan jedhu seerichi ifatti kan hin teechisne yoo ta'ellee qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 keewwata 22(2) jalatti dhimma kanaaf furmaata itti kenneera. Bu'uura qajeelfamichaatiin namni tokko yakka irra deddeebii raawwateera yoo jedhame manni murtii adabbii kana murteessuuf jalqaba yakka haaraa raawwateef ykn yakkii haaraan daddabalama yoo ta'e immoo bu'uura yakka daddabalamaatiin adabbii ka'umsaa erga murteesse booda bu'uura keewwata

¹⁵¹SY kwt 188(1)

¹⁵²SY kwt 188(2)

¹⁵³SY kwt 188(3)

188tiin adabbii cimsuuf immoo gulantaa adabbii ka'umsaaf qabate irratti akkuma haala isaatti gulantaa tokko irraa jalqabee itti cimsuu danda'a.

Dhimma 43^{ffaa}

Dhimma¹⁵⁴ kana keessatti himatamaan hanna cimaa SY kwt 669(3)/B/ jalatti balleessaa jedhameera. A/A yaada adabbii yeroo dhiyeessu himatamaan gaafa 26/3/2004 adabbii hidhaa baatii 4'tiin, gaafa 22/1/2006 adabbii hidhaa baatii 4'tiin adabamuu isaa ibsee, adabbii cimaan isa barsiisu itti nuuf haa kennamu jedheera.

Himatamaan yakka kanaan adabamuun isaa kan mirkanaa'ee yoo ta'u, Manni murtichaa yaada abbaan alangaa dhiyeesse kana rikardii lamaan gulantaa adabbii afur itti cimsuun yakkamaa waggaa 6 tiin adabeera.

- Yakkamaan kun yakkamaa irra deddeebii jedhamee adabbiin itti cimuun irra hin turree?

Dhimma 44^{ffaa}

Dhimma¹⁵⁵ kana keessatti himatamaan yakka ajjeechaa lubbuu raawwateen murtiin adabbii hidhaa waggaa 22 itti murtaa'eera. Murtiin akka dubbifameefiin himatamaan kun dhaddacha jeeqeera. Manni murtiis himatamaan dhaddacha jeequu isaatif SY kwt 441/2/ jalatti balleessaa erga ittiin jedhee booda itti aansuun gulantaa fi sadarkaa yakkichaa baaseera. Bu'uura kanaan sadarkaa ol'aanaa qabachuun adabbii hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 4 akka adabsiisu teechiseera. Itti aansuunis adabbii ka'umsaa waggaa 3 qabachuun gulantaa 14ffaa jalatti kuffiseera.

Sababni addaa adabbii cimsu yakkamaa irra deddeebi'aa ta'uu isaa ibsuudhaan sababa kana gargaaramuun bu'uura SY kwt.188 tiin adabbiin kan cimu yoo ta'e baaxii gosa adabbichaaf kaa'ameen ol waan ta'uuf adabbii hidhaa waggaa sadiin adabneerra jedheera.

Dhimma 45^{ffaa}

¹⁵⁴Dhimma MMA Shaallaa, LG 12969 keessatti murtii argate.

¹⁵⁵Dhimma MMO Go/Booranaa, LG 11635 keessatti murtii argate.

Dhimma¹⁵⁶ kana keessatti himatamaan himannaa 1ffaa jalatti Seera yakka bara 1996 bahee kwt 628(a) bira darbuun daa'ima umriin ishee waggaa 16-18 tilmaamamtuu uukaamsee dirqamaan guddeedee waan uulfeesseef ulfii yaalaan waan baheef yakka guddeeddii raawwachuutiin kan himatame yoo ta'u, himannaa 2ffaatiin himatamaan kun S/Y kwt 654 bira darbuun daa'imma himannaa 1ffaa keessatti ibsamte intala obboolleessa abbaa isaa irrattii raawwachuun yakka fira irratti raaawwachuun himate jira.

Manni murtiis himatamaa yakkoota ittiin himatame lameenuu jalatti balleessaa taasiseera. Adabbii ilaalchisee manni murtichaa keewwatni himatamaan balleessaa ittiin jedhame S/Y 620-627 jiran irratti kan rarra'e waan ta'eef S/Y kwt 620(2)(a) bu'uura godhachuun S/Y kwt 628(a) jalatti bu'uura Qajeelfama adabbii lakk 2/2006 tiin sadarkaa 4ffa guulantaa 32ffaa jalattii kan kufu ta'uu qabateera. Akkasumaas, himannaa 2ffaa ilaalchisee sadarkaan fi guulantaan waan hin baaneef bu'uura qajeelfamicha kwt 19 tiin sadarkaa fi gulantaa baasuun adabbii ka'uumsa hidha salphaa baatii 4 erga qabatee booda gara hidhaa cimaa baatii 2(lama) jijjiiruun dhuma irratti bu'uura kwt 184(1)(b) tiin adabbii yakkoota lameenii walitti ida'uun kan himannaa 1ffaa guulantaa 32ffaa jalatti adabbii ka'uumsa waggaa 13(kudha sadii) fi kan yakka 2ffaa baatii lama walitti ida'uun adabbii waggaa 13 fi baatiin 2 guulantaa jalatti kuffisuun booda irratti sababa adabbii cimsuu fi salphisuu fayyadameera.

Dhimma 46^{ffaa}

Dhimma¹⁵⁷ kana keessatti himatamaan himannaa 1ffaa jalatti Seera yakka bara 1996 bahee kwt 627(1) bira darbuun Midhamtuu dhuunfaa daa'imma umriin waaggaa 3(sadii) fi ji'a 4(afur) taatee irratti yakka saalqunamtii raawwachuun kan himate yoo ta'u, himannaa 2ffaa jalatti immoo S/Y kwt 654 bira darbuun himatamaan yakka kana ilmoo isaa waliin saalqunamtii waan raawwateef yakkoota daddabalamaa raawwateera jechuun himateera.

Manni murtiis yakkoota himatamaan ittiin himatame lamaanuu (Sy kwt 627(1) fi 654) jalattii murtii balleessummaa itti kennee jira.

¹⁵⁶ Dhimma MMO Go/Arsii, LG 95954 keessatti murtii argate.

¹⁵⁷ Dhimma MMO Go/Arsii, LG 96163 keessatti murtii argate.

Adabbii ilaalchisee yakka 1ffaa gulantaa 37ffaa jalatti adabbii hidhaa cimaa waggaa 20 fi kan yakka 2ffaa sadarkaan fi guulantaan waan hin baaneef bu'uura qajeelfamichaatiin baasuun adabbii ka'uumsaa waggaa 1 fi baatii 6 erga qabatee booda bu'uura kwt 184(1)(b) tiin walitti ida'uun waggaa 21 fi baatii 6 erga qabatee booda sababoota adabbii cimsanii fi salphisaan fayyadamuun adabbii xumuraa kennee jira.

Gaaffilee Marii

1. Yakkoonni daddabalama goch-tokkee seera adda addaa darbu bu'uura keewwata 187 (1) buufata tokkoffaa fi 2ffaa jidduutti garaagarummaa isaanii ibsaa!
2. Adabbiin yakkoota daddabalamaa bu'uura keewwata 187(2)(b)tiin tumamaan yoo mudatan akkaataa qajeelfamichaan yoo murtaa'u akkaataa itti cimu ilaalchisee tokkoon tokkoo yakkootaarratti moo yakka isa cimaarratti gulantaan lama lama ida'ama? Maaliif?
3. Sababoonni adabbii cimsaan kan addaa fi sababoonni adabbii salphisaan kan addaa wal-irra yoo dhufaan adeemsa ittiin adabbiin murtaa'u ibsaa!
4. Yakkamaa sababoota yakka irra deddeebii raawwateef adabbii itti cimsuun murteessuu fi sababa rikardii yakkaa qabuufi adabbii itti cimsuu gidduu garaagarummaa jiru adda baasaa!

Kitaabota

1. Ali Mohammad Ali, Problems Related with the Use of Compulsary Labour under Ethiopian Criminal Justice System, a conference paper prepared for the Justice of Organs of the Country, (1996 E.C)
2. Benn and Peters, “The Utilitarian Case for Deterrence,”
3. BRYAN, A.GARNER, Black’s Law Dictionary, 9th edition, Thomson Reuters, 2009
4. Concise Oxford Dictionary 10th Edition, Oxford University Press. 2000 Great Clarendon Street. Uk
5. Cox, E. (1984 [1877]), The Principles of Punishment, London: Garland.
6. Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution, Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009
7. Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001
8. Fedhasaa Mangashaa fi Gammachuu Nugusee, Yakkoota Bilisummaa fi Qulqullummaa Saalaa Irratti Raawwataman, Yakkoota Miidhaa Qaamaa, Yakkoota Dachaa fi Adabbiiwwan Isaanii: Seeraa fi Hojimaata Naannoo Oromiyaa (Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaa), 2021
9. ILQSO (2009), Adabbii Dhimmoota Yakkaa: Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul’atan, Milkii Makuriyaatiin kan qoratame
10. Jenny E., What are the Objectives of Punishment?
11. *Kabbabaw Birhaanu & Geetuu Gaddafaa*, Yakkoota Yaalii Ajjeechaa, Miidhaa Qaamaa fi SaalQuunnamtii: Seeraa fi Hojimaata (Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaa), Muddee 2011
12. Kevin M. Carlsmith, the roles of retribution and utility in determining punishment, Department of Psychology, Colgate University, journal of experimental Psychology, 2005.
13. Legal Punishment and its Justification, available at Stanford Encyclopedia of Philosophy, 7th ed. 2004 A.L.A

14. Mike C. Materni, Criminal Punishment and the Pursuit of Justice, 2 Br. J. Am. Leg. Studies (2013)
15. Moojulii ILOQHQS, Tolasaa Damee fi Mul'isaa Ejjetaa, Qajeelfama Adabbii Itoophiyaa Fooya'ee Bahee Lakk-2/2006 Irratti Hundaa'uun Adabbii Murteessuu
16. Muller and Laufer, Criminal Justice,
17. Simeneh Kros & Cherinet Hordofa, የወንጀል ምርመራ፣ የክርክር አመራርና ቅጣት አወሳሰን፣ 220.
18. Tolasaa Damee fi Angaatuu Ejjataa. Seera Yakkaa Itoophiyaa Jalatti Adabbii Fi Tarkaanfiiwwan Biroo Ga'essota Irratti Fudhataman Fi Raawwii Isaanii, Moojulii Insititiyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaatiin Qophaa'e (2005).
19. Tsahaay Waadaa, Joornaalii Seera Itoophiyaa Jildii-25, Lakk-2, Fulbaana 2012 A.L.A

Seerota

1. Heera Mootummaa Riipaablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1987
2. International Covenant On Economic, Social And Cultural Rights (ICESCR,1966)
3. Labsii yakka Malaammaltummaa Labsii Lakk.881/2007.
4. Qajeelfama Adabbii irra deebiin fooyya'ee bahe lakk 02/2006.
5. Seera Yakka RFDI Lakk.414/1996.
6. United Nations Standard Minimum Rules for non-custodial measures, Resolution No. 45/110
7. Universal Declaration Of Human Right(1948) International Covenant On Civil And Political Rights (ICCPR,1976)

Sarara Interneetii

1. <http://legal-dictionary.thefreedictionary.com/punishment>
2. Global Prison Trends, 2015:34.Available at: <https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2015/04/PRIPrisons-global-trends-report-LR.pdf> accessed on 4/6/2023
3. Professor Hubin, The Utilitarian Theory of Punishment, P1. Available at <http://www.studymode.com/essays/The-Utilitarian-Theory-Of-Punishment-904991.html>

Dhimmoota

1. Dhimma AA vs Dabalaa Aliyyii, Dhimma Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Bahaatiin, Lakk G 45150, 15/10/2008 irratti murtii argate.

2. Dhimma AA vs Dirribaa Asaffaa, Mana Murtii Olaanaa Wallaga Bahaa, Lakk G 39764.
3. Dhimma AA vs Tacaanaa Nuguseee, MMO Go/Shawaa Kaabaa, Lakk G 43308.
4. Dhimma AA vs Xoyyib Kamaal, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44841
5. Dhimma Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa fi Mu'aaz Dastaa, DhIMMWF lakk.Ga 104637
6. Dhimma Abbabaa Tafarraa fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa fi Mu'aaz Dastaa, DhIMMWF lakk.Ga 134549
7. Dhimma Abduu Umar fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, DhIMMWF lakk.Ga 110736
8. Dhimma Anduaalam Arraagee fa'a n-3 fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, DhIMMWF lakk.Ga 92296.
9. Dhimma Dhaddacha Giddu Galeessaa MMWO tiin murtaa'e, Lak G 353654, 7/10/2014.
10. Dhimma Dhaddacha Yakkaa (Giddu-galeessaa) Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin murtaa'e, Lak. G 352962, 29/07/2014
11. Dhimma Dhaddacha Yakkaa (Giddu-galeessaa) Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin murtaa'e, Lak. G 352962, 29/07/2014
12. Dhimma DhIMMWF Jiildii 22, 137262
13. Dhimma Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Bahaatti murtii argate, Lakk G 45120.
14. Dhimma MMA Adaamaa, Lakk G 84150.
15. Dhimma MMA Ma/Naqamtee, Lakk G 00112
16. Dhimma MMA Shaallaa, Lakk G 12969
17. Dhimma MMA Shaallaa, Lakk G 13218
18. Dhimma MMO G/A/N/F tti Lak G 73435 irratti gaafa 22/07/2014 murtaa'e
19. Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin Lak G 73544 keessatti gaafa 25/06/2014 murtaa'e
20. Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin Lak G 73547 keessatti gaafa 28/6/2014 murtaa'e
21. Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin Lak G 73638 keessatti gaafa 04/05/2014 murtaa'e
22. Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin Lak G 73638 keessatti gaafa 04/5/2014 murtaa'e
23. Dhimma MMO G/A/O/N/F tiin Lak G 73638 keessatti gaafa 04/5/2014 murtaa'e
24. Dhimma MMO G/A/O/N/F tti murtii argate, L.G 73662, gaafa 20/08/2014 murtaa'e.
25. Dhimma MMO Galmee 33291
26. Dhimma MMO GAONF tti murtaa'e, Lak G 73681, 25/06/2014

27. Dhimma MMO GAONF tti murtaa'e, Lak G 73706, 12/07/2014
28. Dhimma MMO Go/Arsii, Lakk.Gal 95954
29. Dhimma MMO Go/Arsii, Lakk.Gal 96163
30. Dhimma MMO Go/Booranaa, Lakk G 11635
31. Dhimma MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221
32. Dhimma MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221
33. Dhimma MMWF Jiildii 20ffaa, L.G. 119500
34. Dhimma MMWF tiin murtaa'e, Lak G 230508, 30/12/2014 (kan hin maxxanfamne).
35. Dhimma MMWF tiin murtaa'e, Lak G 230508, 30/12/2014 (kan hin maxxanfamne).
36. Dhimma MMWO Dhaddacha Giddu galeessaatiin ilaalame, Lak G 327568, 8/3/2013
37. Dhimma MMWO DhDhB tti galmee lakk.301352
38. Dhimma qabamatamaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Giddu-Galeessaatti murtii argate, Lak. G 353444, 11/09/2014
39. Dhimma qabatamaa MMO G/A/O/N/F tti Lak G 73459 gaafa 08/06/2014 murtaa'e
40. Dhimma qabatamaa MMO G/O/N/F tiin Lak G 73493 ta'een gaafa 27/07/2014 murtaa'e
41. Dhimma Gargaaraa Saj.Ahimad Laggasaa fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, DhIMMWF lakk. Ga96078.
42. Dhimma Haabtamuu Dastaa fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa fi Mu'aaz Dastaa, DhIMMWF lakk.Ga 153690
43. Dhimma Indaashaw Yilmaa fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, DhIMMWF lakk.Ga 104715
44. Dhimma Murtii Dhaddachi Ijibbaataa MMWF Jiildii 20ffaa Lak G 88542 keessatti kenne.